# WANGEELA MAATEWOOSI

**Hidda Dhaloota Yesuus Kiristoosi**

*1:1-7Kwf ⇒ Luq 3 : 23 -38*

1 Hiddi dhaloota Yesuus Kiristoosi isa sanyii Daawiti, sanyii Abraahami ta'e sanaa kana:

2 Abrahaam Yisaaqin dhalfate[a];
Yisaaq Yaaqoobin dhalfate;
Yaaqoob Yihuudaafii obboleeyyan isaa dhalfate;
3 Yihuudaan Ti'imaar irraa Faaresii fi Zaaraa dhalfate;
Faares Hesronin dhalfate;
Hesron Araamin dhalfate;
4 Araam Amiinaadaabin dhalfate;
Amiinaadaab Nahasoonin dhalfate;
Nahasoon Salmoonin dhalfate;
5 Salmoon Ra'aab irra Bo'eezin dhalfate;
Bo'eez Ruut irraa Yoobeedin dhalfate;
Yoobeed Iseeyin dhalfate;
6 Iseey Daawit Mooticha dhalfate.
Daawit niitii Oriyooni irraa Solomoonin dhalfate;

7 Solomoon Robi'aamin dhalfate;
Robi'aam Abiyaa dhalfate;
Abiyaan Asaafin dhalfate;
8 Asaaf Yosaafixin dhalfate;
Yosaafix Yoraamin dhalfate;
Yoraam Oziyaa dhalfate;
9 Oziyaan Yo'ataamin dhalfate;
Yo'ataam Akaazin dhalfate;
Akaaz Hisqiyaasin dhalfate;
10 Hisqiyaas Minaasee dhalfate;
Minaaseen Amoonin dhalfate;
Amoon Yoosyaasin dhalfate;
11 Yoosiyaas bara boojuu Baabilooni keessa,
Ikooniyaanii fi obboleeyyan isaa dhalfate.

12 Boojuu Baabilooni booddee,[b]
Ikooniyaan Salaatiyaalin dhalfate;
Salaatiyaal Zarubaabelin dhalfate;
13 Zerubaabel Abiyuudin dhalfate;
Abiyuud Eliyaaqeemin dhalfate;
Eliyaaqeem Aazaarin dhalfate;
14 Aazaar Saadoqin dhalfate;
Saadoq Akiimin dhalfate;
Akiim Eliyuudin dhalfate;
15 Eliyuud Alaazaarin dhalfate;
Alaazaar Maataanin dhalfate;
Maataan Yaaqoobin dhalfate;
16 Yaaqoob Yooseefin dhalfate;
Yooseef kunis dhiirsa[c] Maariyaamiiti; Maariyaam immoo ishii Yesuus isa Kiristoos jedhamu deesse[d] sanaa dha.

17 Egaa walumaa galatti Abrahaamii hanga Daawitiitti dhaloota kudhanii-afuri, Daawitii hanga boojuu Baabilooniitti dhaloota kudhanii-afuri, boojuu Baabiloo niitii hanga Kiristoosiitti dhaloota kudhanii-afurtu ture.

[a] 2 ykn *dhalche /godhate /Uumate;*
[b] 12 ykn *duuba;* [c] 16 ykn *abbaa manaa/ abbaa worraa;* [d] 16 ykn *deette;*

### Dhalachuu Yesuus Kiristoosi

18Dhalachuuni Yesuus Kiris-
toosi akkana ture: Haati isaa
Maariyaam kaadhima[e] Yooseefi
turte; isiinis otoo Yooseef waj-
jiin wal-bira hin gayin hafuura
Qulqulluun ulfooftee argamte.
19Yooseef Kaadhimni[f] ishii sunis
waan nama qajeelaa tureef,
dhossaadhaan ishii dhiisuu mur-
teesse malee, uumata duratti ishii
qaanessuu hin barbaanne.
20Otoo inni waan kana yaadaa
jiruu, Maleekkaani gooftaa ab-
juun[g] itti muldhatee, akkana jed-
heen; "Yaa Yooseef ilma
Daawiti, kaadhimni tee Maari-
yaam Hafuura Qulqulluudhaan
waan ulfoofteef isii fuudhuu hin
sodaatin. 21Ishiini ilma deetti;
atis maqaa isaa Yesuus jettee
moggaafta; inni saba isaa cub-
buu isaanii irraa ni fayyisaatii."
22Kun hundinuu wonni
gooftaani karaa raajichaatiin[h]
dubbate sun akka raawwatamuuf[i]
ta'e. 23Innis, "Kunoo, dubri tokko
ni ulfoofti; ilma ni deessi; maqaa
isaas Amaanu'el jedhu" jedha.
Amaanu'el jechuunis,"Waaqayyo
nu waliin jira" jechuu dha.
24Yooseefis hirriibaa dammaqee
akkuma maleekkaani gooftaa isa
ajajetti Maariyaamin niitummaad-
haan mana isaatti fudhate. 25Ga-
ruu inni hanga ishiini ilma han-
gafa deettutti ishiitti hin buune.
Maqaa isaas, "Yesuus" jedhee
moggaase.

### Dhufaatii Beettotaa

2 Bara mooticha Herodisi keessa,
erga Yesuus kutaa biyyaa
Yihuudaa magaalaa[j] Beetaliiheemitti
dhalatee booddee[k], beettonni
tokko ba'a biiftuutii gara Yeru-
saalemi dhufan. 2Isaanis, "inni
mootii Yihuudotaa ta'uuf dhalate
sun eessa jira? Nu urjii isaa ba'a
biiftuutti arginee isaaf sagaduu
dhufneerra" jedhanii gaafatan.

3Herodis Mootichi yommuu
waan kana dhagayetti ni rifate;
Yerusaalemis guutummaatti isa
wajjiin rifatte. 4Innis luboota
hangafootaa[l] fi barsiistota seeraa
hunda saba keessaa walitti qa-
bee, Kiristoos eessatti akka dha-
latu isaan gaafate. 5Isaanis ak-
kana jedhanii deebisaniif; "kutaa
biyya Yihuudaa, magaalaa Bee-
taliheemiitti dhalata; kunis dubbii
raagichi,[m]

6"'Yaa Beetaliheem ishii biyya
Yihuudaa,
ati matumaa[n] bulchitoota
Yihuudaatii gadii miti;
Saba koo Israa'elin kan bulchu
si keessaa ni ba'aatii' "
jedhee barreesse sanaa dha.
7Kana booddee Herodis beet-
tota sana dhossaatti waamee yeroo
itti urjiini sun muldhate isaani

[e]18 ykn *intala kadhatan;* [f]19 ykn *gurbaa dubra kadhatu;* [g]20 ykn *oobjuun/ eebjuun;* [h]22 ykn *raagaatiin;* [i]22 ykn *guutamtuuf;* [j]1 ykn *dira;* [k]1 ykn *duubatti;* [l]4 ykn *qaallolee gugurdoo;* [m]5 ykn *raajichi;* [n]6 ykn *diqqumallee*

irraa hubate. 8Innis, "dhaqaatii jabeessaa mucicha barbaadaa; yeroo argitanitti immoo akka anis dhufee isaaf sagaduuf koottaa natti himaa" jedhee Beetaliheemitti isaan erge.

9Isaanis eegii waan mootichi jedhe sana dhagahanii booddee adeemsa isaanii itti fufan; urjiini isaani ba'a biiftuutti argan sunis hanga bakka[o] mucichi ture ga'ee dhaabatutti isaani dura deeme.
10Isaanis yeroo urjii sana arganitti akka malee gammadan.11Akkuma gara manaatti ol-seenaniinis muc icha, haadha isaa Maariyaam waliin argan; jilbiinfataniis sagadaniif; qorxii[p] isaaniis bananii kennaa warqii, hixaanaa fi qumbii dhiyeessaniif. 12Beettoonnis akka gara Herodisitti hindeebineef waan abjuudhaan[q] uf eegachiisni isaaniif kennameef karaa biraatiin[r] biyya isaaniitti deebi'an.

### Gibxitti Baqachuu Isaanii

13Erga beettonni sun deemanii booddee, Maleekkaani gooftaa abjuudhaan Yooseefitti muldhatee, “sababii Herodis mucicha ajjeesuu barbaaduuf, ka'i! Hanga ani Yeroo ati itti deebitu sitti himutti mucichaa fi haadha isaa fudhadhuutii gara Gibxitti baqadhu; achumas turi" jedheen.
14Yooseefis ka'ee mucichaa fi haadha mucichaa fudhatee halkaniin gara Gibxitti sokke. 15Hanga du'a Herodisiittis achi jiraate. Kunis akka wanni gooftaani karaa raajichaatiin, "Ani biyya Gibxii irraa ilma kiyya waameera" jedhe sun raawwatamuuf ta'e.

16Herodis, yommuu akka beettonni sun isa gowwoomsan hubatetti akka malee aare. Innis akka yeroo beettota sana irraa bareetti, ijoollee dhiiraa warra umuriini isaanii waggaa lamaa fi hagasii gadi ta'e kanneen Beetaliheemii fi naannoo isii mara keessa jiraatan nama itti ergee ficcisiise. 17Kanaanis raajiini Ermiyaasi dubbate ni raawwatame. Innis akkana jedha:

18"Sagaleeni[s] boo'ichaa fi waw
waannaa[t] guddaani tokko
Raamaa keessaa dhaga'ame;
sababii ijoolleeni ishii hinjirreef,
Raahel ni boosse;
Jajjabaachuus hindandeenne."

### Naazireetitti Deebi'uu isaanii

19Eega Herodis du'ee booddee, maleekkaani gooftaa tokko Gibxitti abjuudhaan Yooseefitti muldhatee, 20"Warri lubbuu mucichaa barbaadan waan du'aniif, ka'i!;mucicha haadha isaa waliin fudhadhuutii biyya Israa'eli dhaqi" jedheen.
21Kanaaf Yooseef ka'ee mucichaa fi haadha mucichaa fudhatee biyya

[o]9 ykn *fulaa;* [p]11 ykn *subba;* [q]12 ykn *oobjuun;* [r]12 ykn *dhibiin;* [s]18 ykn *qoonqoon/qoonqii;* [t]18 ykn *oo'insaa*

Israa'eli dhaqe. 22Garuu yommuu
akka Arkelawoos bakka abbaa
isaa, bakka Herodisi Yihuudaa
irratti moo'e dhaga'etti achi dhaquu
sodaate; Abjuudhaanis waan of-
eegachiisni isaaf kennameef gara
kutaa biyya Galiilaa deeme. 23Achis
dhaqee Magaalaa Naazireeti
jedhamtu tokko keessa jiraate.
Kunis dubbiini, "Inni Naaziricha
jedhamee ni waamama" jedhamee
karaa raagotaatiin dubbatame sun
akka raawwatamuuf[u] ta'e.

### Lallaba Yohaannis Cuuphaa

*3:1-12 kwf ⇒ Mar 1: 3-8; Luq 3 : 2-17*

3 Bara sana Yohaannis Cuuphaani
lafa onaa[v] biyya Yihuudaa
keessatti lallabaa dhufe. 2Innis,
"Mootummaani Samii dhiyaate-
eraatii qalbii jijjiiradhaa[w]" jedhe.
3Kunis isa waayeeni isaa karaa
Isaayyaas raajichaatiin[x],

"Sagalee[y] nama,
'karaa gooftaa qopheessaa;
daandii isaas qajeelchaa ' jedhee
lafa onaa keessaa iyyuu tokkoo"
jedhamee,
dubbatame sanaadha.

4Yohaannis uffata rifeensa
gaalaa irraa hojjatame uffata ture;
mudhii[z] isaattis teephaa hidhata
ture; nyaanni isaa immoo haw-
waannisaa fi damma bosonaa
ture. 5Yommus namoonni Yeru-
saalemiitii fi warri Yihuudaa
hundinuu, warri naannoo Yor-
daanosis guutummaatti gara isaa
dhufaa turan. 6Cubbuu isaaniis
himachaa, laga Yordaanosi kees-
satti harka isaatti cuuphamaa
turan.

7Yommuu Fariisotaa fi Saduu-
qota keessaa baay'eeni isaanii otoo
gara isaa dhufanuu argetti garuu
akkana jedheen; "Isin ijoollee
buutiinana[a]! dheekkamsa dhufuuf
jiru jalaa akka baqattaniif eenyuttu
isinitti hime? 8Egaa firii[b] qalbii
jijjiirrannaa mirkaneessu naqad-
haa. 9Isin, 'abbaani keenya Abra-
haami' ofiin jechuu waan dan-
deettan hinse'inaa; akka Waaqayyo
dhagoota kanneen irraa Abra-
haamiif ijoollee uumuu danda'u
ani isanitti himaatii.10Ammas qot-
toon[c] hidda mukkeenii irra
kaa'ameera; Kanaaf mukti firii
gaarii hin naqanne cuftinuu mu-
ramee ibiddatti naqama.

11"Ani jijjiirrannaa qalbiitiif
bisaaniin isin cuupha; inni na
duubaan dhufu garuu na caalaa
jabaa dha. Ani nama kophee
isaallee baachuuf maluu miti; inni
hafuura qulqulluu fi ibiddaan isin
cuupha. 12Inni afarsaa ittiin mid-
haan qulleessu uf harkaa qaba.
Qamadii[d] isaa gootaraatti[e] naquud-
haan oobdii isaa ni qulqulleessa;

[u]23 ykn *guutamtuuf;* [v]1 ykn *aloo;* [w]2 ykn *cubbuu irraa deebi'aa;* [x]3 ykn *raagichaatiin;* [y]3 ykn *qoonqoo/qoonqa;* [z]4 ykn *hidhaana;* [a]7 ykn *buutiitana;* [b]8 ykn *midhaani/gumaa;* [c]10 ykn *dhagaraa;* [d]12 ykn *dargaayyee;* [e]12 ykn *Kodhoo/gombisaa*

Habaqii[f] isaa garuu ibidda hin dhaamneen guba."

### Cuuphamuu Yesuusi

*3 : 13-17 Kwf ⇒ Mar 1 : 9 - 11; Luq 3: 21, 22; Yoh 1 : 31 -34*

[13]Yommus Yesuus harka Yohaannisitti cuuphamuuf Galiilaadhaa gara Yordaanosi dhufe. [14]Yohaannis garuu, "harka keetti cuuphamuun na barbaachisa; ati immoo gara koo dhuftaa?" jedhee isa dhowwe.

[15]Yesuusis deebisee,"ammaaf akkanuma haa ta'uu dhiisi; nu qajeelummaa hundumaa fiixaan baasuudhaaf waan kana gochuu qabnaatii" jedheen. Yohaannisis isa dhowwuu dhiise.

[16]Yesuusis akkuma cuuphameen bishaan keessaa ba'e; innis, samiin banamee, hafuurri Waaqayyoo otoo akkuma gugeetti[g] gadi bu'uu, isa irras otoo qubatuu arge. [17]Kunoo, sagaleeni tokko samii irraa, "kun ilma kiyya isa ani jaaladhuu dha; isatti baay'ee nan gammada" jedhe.

### Yesuus Qoramuu Isaa

*4:1-11 Kwf ⇒Mar 1:12 - 13; Luq 4 : 1 - 13*

4 Ergasiis Yesuus akka Daabiloosiin qoramuuf Hafuura Qulqulluudhaan lafa alootti[h] geeffame. [2]Innis erga guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama soomee booddee[i] beela'e. [3]Daabiloosis gara isaa dhufee, "ati yoo ilma Waaqayyoo taate akka dhagaan kun buddeena ta'u ajaji" jedheen.

[4]Yesuus garuu deebisee, "'namni dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'u maraan jiraata malee buddeena qofaan hin jiraatu' jedhamee barreeffameera" jedheen.

[5]Kana booddees Daabiloos gara magaalaa[j] qulqulluutti isa geessee fiixee mana qulqullummaa irra dhaabachiise; [6]Akkanas jedheen; "ati yoo ilma Waaqayyoo taate gadi of darbadhu;

Inni, 'waayee keetiif maleekkota isaa ni erga;
Isaan immoo akka ati miila keetiin dhagaatti hin buuneef;
Harka isaanii irratti si baatu' jedhamee barreeffameeraatii."

[7]Yesuusis deebisee, " 'Waaqa kee goofticha hin qorin' jedhamee barreeffameera" jedheen.

[8]Ammas Daabiloos tulluu[k] akka malee ol dheeraa tokkotti Yesuusin ol baasee mootummoota biyya lafaa cufaa fi ulfinna isaanii isatti agarsiise; [9]akkanas jedheen;" yoo ati kuftee[l] naa sagadde, waan kana hundumaa siifin kenna."

[10]Yesuusis, "ati Sheexana nana, narraa fagaadhu! 'Waaqayyo waaqa keetiif sagadi; isuma qofa tajaajili'[m] jedhamee barreeffameeraatii" jedheen.

[f]12 ykn *qola;* [g]16 ykn *saphaliisaatti/ handariitti;* [h]1 ykn *onaatti/adiyyootti;* [i]2 ykn *duubatti;* [j]5 ykn *dira;* [k]8 ykn *gaara;* [l]9 ykn *jidde;* [m]10 ykn *qofaaf hojjadhu*

**11**Yommus Daabiloos isa dhiisee sokke; maleekkonni Waaqayyoos dhufanii isa tajaajilan.

### Yesuus Lallaba Jalqabuu isaa

**12**Yesuusis yommuu akka Yohaannis qabame dhagayetti Galiilaatti deebi'e. **13**Innis Naazireetii bahee gara Qifirnaahom isii biyya Zaabilooniitii fi Niftaalemi keessatti qarqara galaanaatti argamtu sanaa dhaqe, achis jirate. **14**Kunis akka dubbiin karaa Isaayyaas raagichaatiin[n] dubbatame sun fiixa bawuuf ta'e. Dubbichis akkana jedha:

**15**"Biyyoonni laga Yordaanosi gama,
daandii gara galaanaatti geessu irratti argaman,
Biyyi Zaabilooniitii fi biyyi Niftaalemi,
Galiilaan namoota ormaas,
**16**Uumanni dukkana keessa jiraatu,
Ifa guddaa argeera;
Warra biyya gaaddidduu du'aa keessa jiraataniifis,
Ifni ba'eera."

**17**Yesuus yeroo sanaa jalqabee, "Mootummaan samii dhiyaateeraatii cubbuu irraa deebi'aa[o]" jedhee lallabuutti ka'e.

### Barattoota Jalqabaa

*4 : 18 -22 kwf ⇒ Mar 1 : 16 - 20; Luq 5 : 2 - 11; Yoh 1 : 35 - 42*

**18**Yesuus otoo qarqara galaana Galiilaa irra deemuu, obboleeyyan lama jechuunis, Simoon isa Pheexiroos jedhamuu fi obboleessa isaa Indiriyaasin arge; Isaanis qurxummii-qabdoota waan ta'aniif xaxoo galaanatti darbachaa turan. **19**Yesuusis, " koottaa na duukaa bu'aa[p]; anis qabduu namootaa isin godhaa" jedheen. **20**Isaanis achumaan xaxoo isaanii dhiisanii isa hordofan.

**21**Innis otoo achii ka'ee deemuu obboleeyyan gara biraa[q] lama jechuunis Yaaqoob ilma Zabdewoosiitii fi obboleessa isaa Yohaannisin arge. Isaanis abbaa isaanii Zabdewoos waliin xaxoo isaanii qopheeffachaa bidiruu[r] keessa turan; Yesuusis isaan waame; **22**Isaanis achumaan bidiruu sanaa fi abbaa isaanii dhiisanii isa hordofan.

### Yesuus Dhukkubsattoota Fayyisuu Isaa

**23**Yesuus manneen sagadaa isaanii keessatti barsiisaa, wangeela mootummaa lallabaa, dhibee fi dhukkuba hundumaa irraas nama fayyisaa kutaa biyya Galiilaa hundumaa keessa naanna'e. **24**Waayeen isaas Sooriyaa cufa keessatti dhaga'ame; namoonnis dhukkubsattoota[s] garaa garaa, warra hafuura jinniitiin qabaman, warra dhukkuba gaggabdootiin

[n]14 ykn *raajichaatiin;* [o]17 ykn *qalbii jijjiiradhaa;* [p]19 ykn *na gula deemaa;* [q]21 ykn *dhibii/ ibaa;* [r]21 ykn *hoboloo;* [s]24 ykn *warra fayyaa hinqabne*

dhiphatanii fi warra laamsha'an[t]
isatti fidan. Innis isaani fayyise.
25Uumanni baay'eenis galiilaadhaa,
magaalawwan kurnanii, Yeru-
saalemii, Yihuudaa fi Yordaanos
gamaa isa hordofe.

**Warra Eebbifamoo**

*5 : 3 - 12 kwf ⇒ Luq 6 : 20 - 23*

5 Yesuus yommuu namoota
baay'ee argetti, gaaratti
ol bayee taa'e. Barattoonni isaas
gara isaa dhufan. 2Innis akkana
jedhee isaani barsiisuu jalqabe:
3"Warri hafuuraan hiyyeeyyii ta'an
eebbifamoo dha;
Mootummaani Waaqaa kan
isaaniitii.
4Warri gaddan[u] eebbifamoo dha;
jajjabeenna ni argatuutii.
5Warri garraamiin[v] eebbifamoo dha;
lafa ni dhaaluutii.
6Warri qajeellummaa beela'anii
fi dheebotan eebbifamoo dha;
Isaani ni quufuutii.
7Araar-qabeeyyiin eebbifamoo dha;
araara ni argatuutii.
8Warri garaan isaanii qulqulluu
eebbifamoo dha;
Waaqa ni arguutii.
9Warri nagaya buusani eebbifamoo
dha;
Ijoollee Waaqayyoo ni jedha-
muutii.
10Warri qajeelummaadhaaf jedhanii
gaargalfaman[w] eebbifamoo dha;
Mootummaan Waaqaa kan
isaaniitii.
11"Yommuu namoonni waayee
kootiif jedhanii isin arrabsan,
yommuu isin gaargalchanii fi
yommuu isin irratti dharaan waan
hamaa cufa dubbatan isin eebbi-
famoo dha. 12Gatiin keessani
Waaqa irratti guddaa waan ta'eef
gammadaa; ililchaas. isaani
raajota[x] isin dura turanis ak-
kanuma gaargalchaniiruutii.

**Soogiddaa fi Ifa**

13"Isin soogidda[y] lafaa ti. Garuu
soogiddi yoo miyaa isaa dhabe
soogiddummaani isaa akkamitti
deebifamuu danda'a? Gadi ga-
tamee miila namaatiin dhidhii-
tama malee waa tokkollee hin
fayyadu.
14"Isin ifa biyya lafaa ti. Ma-
gaalaan[z] gaara gubbaa jiru tokko
dhokachuu hin danda'u.15Namni
ibsaa qabsiisee guuboo[a] jala
kaa'u tokkoyyuu hin jiru; Qooda
kanaa baattuu ibsaa irra dhaaba;
Ibsaan sunis namoota mana
keessa jiran maraaf ibsa. 16Akka
namoonni hujii keessan isa gaarii
arganii Abbaa keessan kan
samii irraatiif ulfinna kennaniif
ifni keessanis akkasuma fuula
namootaa duratti haa ifuu.

[t]24 *naafatan;* [u]4 ykn *laaleffatan;* [v]5 ykn *warra gad u-qaban;* [w]10 ykn *ariyataman/baqatan;* [x]12 ykn *raagota;* [y]13 ykn soodda; [z]14 ykn *dira*; [a]15 ykn *Kophaafaa*

### Raawwatamuu Seeraa

17"Isin waan ani seera Muuseetii fi barsiisa raagotaa cabsuu dhufe hin se'inaa; ani isaan raawwachuuf[b] malee cabsuuf hin dhufne. 18Ani dhuguman isinitti hima; hanga samii fi lafti dabranitti seerri sun guutummaatti raawwatama malee seericha keessaa qubeen tokkolleeni yookaan tuqaan xiqqoon ishiilleen matumaa[c] hin baddu. 19Kanaaf namni ajajawwan kanneen keessaa diqqaa isaallee cabsu, kan akka warri kaanis cabsaniif barsiisu kamiyyuu mootummaa waaqaa keessatti xiqqaa jedhama. Namni ajajawwan kanneen eeguu fi kan warra kaanis barsiisu kamiyyuu garuu mootummaa waaqaa keessatti guddaa jedhama. 20Ani isinittin hima; yoo qajeelummaani keessan qajeelummaa Fariisotaatii fi qajeellummaa barsiistota seeraa caaluu baate isin mootummaa waaqaatti hin galtan.

### Nama Ajjeesuu

*5: 25 , 26 kwf ⇒ Luq 12:58 ,59*

21"Akka namoota duriitiin, 'hin ajjeesinaa, nama nama ajjeesetti ni murama' jedhame dhageessaniirtu. 22Ani garuu isinittin him; nama obboleessa isaatti dheekkamu hundumaa murtiittu eegata; Namni obboleessa isaatiin 'raatuu' jedhu cuftis murtii gumiitti dhihaata; Nama obboleessa isaatiin 'gowwaanana' jedhu immoo ibidda gahaannamiittu isa eegata.

23"Kanaaf ati yeroo kennaa kee iddoo aarsaatti[d] dhiyeessitutti yoo akka obboleessi kee komii sirraa qabu yaadatte[e], 24Kennaa kee achuma iddoo aarsaa duratti dhiisii dhaqiitii duraan dursii obboleessa keetti araarami; eegasiis koottuutii kennaa kee dhiyeessi.

25"Diina[f] kee isa mana murtiitti si geessaa jirutti dafii araarami, yoo kanaa achii inni dabarsee abbaa seeraatti si kenna. Abbaan seeraa immoo waardiyaatti[g] si kenna; atis mana hidhaa keessa buufamta. 26Ani dhuguman sitti hima; ati hanga beessee isii dhumaa baaftutti matumaa achii hin baatu.

### Ejja

27"Akka, 'hin ejjin[h]' jedhame dhageettaniirtu. 28Ani garuu isinittin hima; namni dharraadhaan dubartii[i] ilaale martinuu yaada isaatti ishii waliin ejjeera. 29Yoo iji kee[j] kan mirgaa cubbuu si hojjachiise, uf-keessaa baasii gati; nafni kee guutummaatti gahaannamitti gatamuu irra, kutaa nafa keetii keessaa tokko dhabuu sii wayyaatii. 30Yoo harki kee kan mirgaa cubbuu si hojjachiise, of-irraa

[b]17 ykn *guutuuf;* [c]18 ykn *akkanallee jedhee;* [d]23 ykn *fulaa sooriyootti,* [e]23 ykn *qaabatte;* [f]25 ykn *nyaaphakee,* [g]25 ykn eedduutti; [h]27 ykn *hin hawadatin;* [i]28 ykn *nadheeni;* [j]29 ykn *iltii tee*

kutii gati; nafni ni kee guutummaatti gahaannamitti gatamuu irra, kutaa nafa keetii keessaa tokko dhabuu si wayyaattii.

**Wal-hiikuu Dhiirsaa Fi Niitii**

31"Namni niitii isaa hiiku hundi, 'ragaa hiikkaa kan barreeffame haa kennuufii' jedhameera. 32Ani garuu isinitti nan hima; namni otoo isiini hin ejjin niitii isaa hiiku kamiyyuu akka isiin ejjitu godha. Namni dubartii hiikamte fuudhus ni ejja.

**Kakachuu**

33"Ammas akka namoota duriitiin, 'waan kakatte gooftaadhaaf raawwadhu malee dharaan hin kakatin' jedhame dhageessaniirtu. 34Ani garuu isinittin hima; matumaa hin kakatinaa; Samiidhaan hin kakatinaa; inni teessoo Waaqayyootii; 35Yookiin lafaan hin kakatinaa; ishiin ejjeta miila isaatii yookiin Yerusaalemiin hin kakatinaa; ishiini magaalaa mooticha guddaatii. 36Mataa keetiinis hin kakatin; rifeensa tokkollee addeessuu yookaan gurraachesuu hin dandeettuutii; 37Garuu, 'eeyeen' keessan 'eeyee', 'waawuuni[k]' keessan immoo 'waawuu' haa ta'uu; Wonni kanaa achii hundinuu isa hamaa sana irraa dhufa.

**Gatii Ijaa, Ija Baasuu**

38" 'Qooda ijaa, ija; qooda ilkaanii immoo ilkaan' akka jedhame dhageettaniirtu. 39Ani garuu isinittin hima. Nama hamaaf waan hamaa hin deebisinaa; Yoo namni tokko maddii kee isa mirgaa[l] si kabale[m], isa bitaas[n] itti garagalchi. 40Yoo namni tokko si himatee kittaa[o] kee sirraa fudhate, kootii kees kenniif. 41Namni tokko akka ati gara kiiloo meetira tokkoo fi walakkaa isa wajjiin deemtu yoo si dirqisiise[p], ati immoo gara kiiloo meetira sadii isa wajjiin deemi. 42Nama waa si kadhatuuf kenni; Isa sirraa liqeeffachuu barbaadus hin dhowwatin.

**Diina Jaalachuu**

43" 'Ollaa[q] kee jaaladhu; Diina kee jibbi' akka jedhame dhageessaniirtu. 44Ani garuu isinittin hima; diinota keessan jaaladhaa; Warra isin gaargalchaniifis Waaqa kadhadhaa. 45Yoo kana gootan isin Abbaa keessan kan samii irraatiif ijoollee ni taatu. Inni warra hamaa fi warra gaariidhaaf aduu isaa ni baasa. Bokkaa isaas qajeeltotaa fi jallootaaf ni roobsa. 46Isin yoo warra isin jaalatan qofa jaalattan gatii maalii argattu? Kana ammoo walitti qabdoonni qaraxaayyuu ni godhuu mitii? 47Isin yoo obboleeyyan keessan qofa nagaya gaafattan[r] waan hujii warra

[k]37 ykn *hiyyooni,* [l]39 ykn *mirgicha;* [m]39 ykn *dhabanaase;* [n]39 ykn *bitaachallee;* [o]40 ykn *ubbaara,* [p]41 ykn *humnaan deemsiisuu jechuu;* [q]43 ykn *hiriyyaa;* [r]47 ykn *nagaya fuutan*

kaanii caalu maal hojjachuutti jirtu? Kana immoo namoonni ormaayyuu ni godhuu mitii?
48 Akkuma Abbaan keessani inni samii irraa mudaa[s] hin qabne sana, isinis warra mudaa hin qabne ta'aa.

### Rakkataaf Waa Kennuu

6 "Akka isaan isin arganiif jettanii 'hujii qajeelummaa' keessan fuula namootaa duratti akka hin hojjanneef of eegadhaa; Yoo akkasi gootan Abbaa keessan kan samii irraa biraa gatii hin qabaattaniitii.
2 "Kanaaf ati yommuu warra rakkataniif waa kennitutti akka fakkeessitoonni namoota biratti jajamuuf jedhanii manneen sagadaa keessattii fi karaa irratti godhan sana magalataan[t] hin labsatin; Ani dhuguman isinitti hima; Isaan gatii isaanii argataniiru.
3 Yeroo ati rakkattootaaf waa kennitutti garuu waan harki kee kan mirgaa godhu, harki kee kan bitaa hin beekin.
4 Kunis akka kennaan kee dhossaan ta'uuf; Abbaan kee inni waan dhossaadhaan hojjatamu argu sun muldhinnaan gatii sii kenna.

### Kadhannaa

*6 : 9 - 13 kwf ⇒ Luq 11 : 2 - 4*

5 "Isin yommuu Waaqa kadhattan akka fakkeessitootaa hin ta'inaa. Isaani namaatti muldhachuuf jedhanii manneen sagadaa keessaa fi qarqara karaa dhaabatanii Waaqa kadhachuu jaalatuutii. Dhuguman isinitti hima. Isaan gatii isaanii argataniiru.
6 Ati garuu yeroo Waaqa kadhattu mana keetti ol gali; balbala cufadhu; Abbaa kee isa bakka[u] dhossaa jiru sana kadhadhu; Abbaan kee inni waan dhossaadhaan hojjatamu argu sun muldhiinnaan gatii sii kenna.
7 Isinis yommuu Waaqa kadhattan akka namoota ormaa dubbii faayidaa hinqabne irra hin deddeebi'inaa. Isaan baayinna dubbii isaaniitiin waan isaaniif dhaga'amu se'u.
8 Abbaani keessan otuma isin hin kadhatiniyyuu waan isin barbaachisu waan beekuuf isin akka isaanii hin ta'inaa.

9 " Egaa akkana jedhaa kadhadhaa:
" ' Yaa Abbaa keenya kan samii irra jirtu;
Maqaani kee haa qulqullaa'uu;
10 Mootummaani kee haa dhufuu;
Fedhiini kee akkuma samii irratti ta'e sana
Lafa irrattis haa ta'uu.
11 Soora keenna kan guyyuma guyyaan nu barbaachisu hardha nu kenni.
12 Akkuma nu warra hammeenna nutti hojjataniif dhiifnu[v]
Atis hammeenna keenya nuu dhiisi.

[s]48 ykn *hirdhinna;* [t]2 ykn *xurumbaan;* [u]6 ykn *fulaa/iddoo;* [v]12 ykn *haraaramnu*

[13]Isa hamaa irraa nu oolchi malee
Qoramatti nu hin galchin;
mootummaani, humni,
ulfinnis barabaraan kan
keeti; aamiin.'

[14]Yoo isin namootaaf yakka isaanii dhiiftan, Abbaan keessan inni samii irraas akkasuma isiniif ni dhiisaatii. [15]Yoo isin namootaaf yakka isaanii dhiisuu baattan garuu Abbaan keessanis akkasuma yakka keessan isiniif hin dhiisu.

**Soomuu**

[16]"Isin yommuu soomtanitti akka fakkeessitootaa fuula hin dukkaneeffatinaa; Isaan akka soomuutti jiran agarsiifachuuf jedhanii fuula isaanii hammeessu[w]. Dhuguman isinitti hima; Isaan gatii isaanii argataniiru.
[17]Ati garuu yeroo soomtu mataa kee dibadhu; Fuula kees dhiqadhu.
[18]Kunis akka soomuu kee sana Abbaa kee isa namatti hin muldhanne malee namni hin beenneefiidha. Abbaan kee inni waan dhossaadhaan hojjatamu argu gatii kee sii baasa.

**Badhaadhummaa Samii Irraa**

*6 : 22 - 23 kwf ⇒ Luq 11 : 34 - 36*

[19]"Isin bakka itti daanawoo fi biliin[x] balleessituu fi bakka itti hattuun cabsitee saamtu lafa irratti badhaadhummaa ufii keessaniif hin kuufatinaa.
[20]Garuu bakka itti daanooni nyaattee hin balleessinee fi bakka itti hattuun cabsitee hin hanne samii irratti badhaadhummaa ufii keessaniif kuufadhaa. [21]Bakkuma badhaadhummaan kee jiru sana garaani kee jiraatii.
[22]"Ibsaani nafaa Ija;[y] Iji kee fayyaa taanaan, nafni kee guutuun ifa qaba. [23]Yoo Iji kee fayyaa hin ta'in garuu, nafni kee guutuuni ni dukkanaa'a; Erga ifni si keessa jiru sun dukkanaa'ee, dukkanni sun hagam haa jabaatuu ree!
[24]"Namni gooftaa lama tajaajiluu[z] danda'u tokkolleeni hin jiru; Gooftaa isa tokko jibbee isa kaan jaalataatii; yookaan isa tokko kabajee[a] isa kaan immoo tuffata. Isinis akkasuma Waaqaa fi maallaqa[b] tajaajiluu hin dandeessan.

**Hin yaadda'inaa**

*6 : 25 - 33 kwf ⇒ luq 12 : 22 - 31*

[25]"Kanaaf ani isinittin hima; 'Maal nyaanna yookiin maal dhunna?' jettanii waayee jireenya keessanii hin yaadda'inaa; Yookiin 'maal uffanna?' jettanii waayee nafa keessanii hin yaadda'inaa. Jireenni nyaata hin caaluu? nafnis uffata hin caaluu? [26]Mee simbirroota[c] qilleensa irraa ilaalaa!

[w]16 ykn *boosomsu;* [x]19 ykn *dholdholeeni;* [y]22 ykn *ila;* [z]24 ykn *jala hojjachuu;* [a]24 ykn *ulfinna kenneefii;* [b]24 ykn *beessee;* [c]26 ykn *simphirree*

isaan hin facaasan yookaan hin
haaman yookaan gootaraatti[d] hin
galchan; Ta'us Abbaan keessan
inni samii irraa isaan soora. Isin
immoo isaan caalaatti gatii gud-
daa qabduu mitii? [27]Namni
Yaadda'uudhaan bara jireenya
isaa irratti sa'aatii tokkollee
ida'achuu danda'u isin keessaa
eenyu?
[28]"Isin maaliif waayee uffataa
yaaddoftu? Daraarawwan bakkee[e]
akkamitti akka guddatan mee
ilaalaa! isaan waa tokkollee hin
hojjatan; Hin foo'anis. [29]Ani
garuu isinittin hima; Solomoon-
iyyuu ulfinna isaa hunda kees-
satti akka tokkoo isaaniittillee
hin uffanne. [30]Isin yaa warra
amantii[f] diqqoonana! Waaqayyo
ergaa marga[g] bakkee kan hardha
jiruu fi kan borimmoo ibiddatti
naqamuttiyyuu akkasitti uwwisee
isinittimmoo guddaa caalchisee
hin uwwisuu ree? [31]Kanaaf, 'maal
nyaanna?' Yookiin 'maal dhunna?'
Yookiin 'maal uffanna?' jettanii
hin yaadda'inaa. [32]Kana cufa
namoonni ormaayyuu ni bar-
baadu; Abbaani keessan inni samii
irraa, akka wonni kun martinuu
isin barbaachisu beeka. [33]Garuu
duraan dursaatii mootummaa fi
qajeelummaa Waaqayyoo bar-
baadaa: Wonni kun martinuu isinii
kennamaatii. [34]Kanaaf waayee
boriitiif hin yaadda'inaa: Bori
ofii isaatiif ni yaadda'aatii. Rak-
kinni guyyaa sanaa mataan isaa
guyyicha ni ga'a.

**Namatti Muruu**

*7 : 3 - 5 kwf ⇒ luq 6 : 41 - 42*

7 "Akka isinitti hin muramneef,
namatti hin murinaa. [2]Mur-
tiidhuma isin namatti murtaniin
isinitti muramaatii; Safartuu[h] ittiin
safartaniinis isiniif ni safarama.
[3]"Maaliif jirma ija[i] kee keessa
jiru arguu dhiiftee, huuba ija
obboleessa keetii keessa jiru
ilaalta? [4]Otoo jirmi ija kee keessa
jiruu akkamitti obboleessa keetiin,
'huuba ija kee keessaa siif nan
baasa' jechuu dandeetta? [5]Ati
fakkeessituunana! Duraan dursiitii
jirma ija kee keessaa baafadhu;
Eegasiis ija obboleessa keetii
keessaa huuba baasuudhaaf sir-
riitti ni argita.
[6]"Waan qulqulluu sarootaaf
hin kenninaa; callee[j] keessanis
booyyee dura hin buusinaa; Yoo
kana gootan isaan miila
isaaniitiin dhidhiitu; garagalanis
isin cicciru.

**Kadhadhaa; Barbaadaa; Balbala Rurrukutaa**

*7 : 7 - 11 kwf ⇒ Luq 11 : 9 - 13*

[7]"Kadhadhaa, isiniif ni kenna-
maa; Barbaadaa, ni argattuu.
Rurrukutaa[k], balballi isiniif ni

[d]26 ykn *kodhootti /gombisaatti;* [e]28 ykn *alaa;* [f]30 ykn *dhugeeffachaa;* [g]30 ykn *buuyyoo;* [h]2 ykn *kiila;* [i]3 ykn *ila;* [j]6 ykn *dooqa;* [k]7 ykn *dhadha'aa*

banamaa. 8Namni kadhatu hundumtuu ni argata; Namni barbaadu ni argata. Nama rurrukutuufis balballi ni banama.

9"Isin keessaa namni yoo ilmi isaa buddeena isa kadhate dhagaa kennuuf eenyu? 10Yookiin namni yoo ilmi isaa qurxummii isa kadhate bofa kennuuf eenyu? 11Ergaa isin warri hamooniyyuu kennaa gaarii ijoollee keessaniif kennuu beettanii, Abbaani keessan inni samii irraa immoo hagam caalchisee warra isa kadhataniif kennaa gaarii haa kennuu ree! 12Waan akka namoonni isinii godhan barbaaddan hundumaa isinis akkasuma isaanii godhaa; Seerris raajonnis[l] kanuma barsiisuutii.

### Karra Dhiphaa fi Karra Baldhaa

13"Karra isa dhiphaadhaan ol galaa; karaan badiisatti nama geessu baldhaa dha; Karri isaas baldhaa dha; Namoonni ittiin olgalanis baayyee dha. 14Karaan jireenyatti nama geessu garuu qaldhaa dha; Karri isaas dhiphaa dha; Warri isa argatanis muraasa[m].

### Mukaa fi Firii isaa

15"Raagota dharaa warra raroo hoolaa uffatanii gara keessan dhufan, kanneen keessii isaanii garuu yeyyii akka malee beela'ee waa cicciratu ta'e irraa uf eegadha. 16Isin firii[n] hujii isaaniitiin isaan beettu. Qoraattii irraa wayiniin, yookaan sokorruu irraa harbuun[o] ni ciramaa? 17Akkasumas muki dansaani hundumtuu firii dansaa naqata; muki hamaan immoo firii hamaa naqata. 18muki gaariin firii hamaa naqachuu hin danda'u; Muki hamaanis firii gaarii naqachuu hin danda'u. 19Muki firii gaarii hin naqanne cufti muramee ibiddatti naqama. 20Kanaaf isin firii hujii isaaniitiin isaan beettu.

21"Nama fedhii Abbaa kiyya isa samii irraa raawwatu[p] malee namni 'Yaa Gooftaa, yaa Gooftaa' naan jedhu hundi Mootummaa Samiitti hin galu. 22Guyyaa sana namoonni hedduun 'yaa gooftaa, yaa gooftaa, nu maqaa keetiin raajii dubbanneerraa[q] mitii? Jinnii baafneerraa mitii ? Maqaa keetiinis dinqii[r] baay'ee hojjanneerraa mitii ?' naan jedhu. 23Ani immoo, 'isin yaa warra hammeenna hojjattan! Ani takkumaa[s] isin hin beenne; na biraa badaa' jedhee ifatti baasee isaanitti nan hima.

### Beekaafi Wollaalaa

*7 : 24 - 27 kwf ⇒ Luq 6 : 47 - 49*

24"Kanaaf namni dubbii koo kana dhaga'ee hujiidhaan agarsiisu hundi, nama beekaa[t] mana

[l]12 ykn *raagonnis;* [m]14 ykn *diqqa'a/ hagoo;* [n]16 ykn *midhaani/ ija;* [o]16 ykn *dheekkaan/odaan;* [p]21 ykn *guutu;* [q]22 ykn *fagneerra;* [r]22 ykn *baasa /waan mamaa;* [s]23 ykn *qulqullumayyuu;* [t]24 ykn *qalbii-qabeessa / qaroo*

isaa qarsaa irratti ijaarrate fak-
kaata. **25**Bokkaan roobee, lolaan
lola'ee, bubbeenis bubbisee mana
sana dhaye; Manichi garuu waan
qarsaa irratti hundeeffameef[u] hin
jinne. **26**Namni dubbii koo kana
dhaga'ee hujiidhaan hin agarsiifne
garuu nama wallaalaa mana isaa
cirracha irratti ijaarrate fakkaata.
**27**Bokkaan roobee, lolaan lola'ee,
bubbeenis bubbisee manicha dhaye;
Manni sunis ni jige; Jiguun isaas
akka malee hamaa ture."

**28**Yommuu Yesuus dubbii kana
dubbatee raawwatetti namoonni
barsiisa isaa ajaa'ibsiifatan[v] **29**Inni
otoo akka barsiistota seeraatti
hin ta'in, akka nama aangoo[w]
qabuutti isaan barsiisa tureetii.

### Namicha Lamxaa'aa

*8 : 2 - 4 kwf ⇒ Mar 1 : 40 - 44 ; Luq 5 : 12 - 14*

**8** Yeroo Yesuus tulluu irraa bu'etti,
tuuta namoota baayyeettu isa
hordofe.**2**Kunoo,namichi lamxaa'aan[x]
tokko dhufee, fuula isaa duratti
jilbiinfatee, "Yaa gooftaa, ati yoo
feete na qulqulleessuu ni dandeetta"
jedheen.

**3**Yesuusis harka isaa diriirfatee,
namichas tuqee," Fedhii kiyya;
qulqullaa'i!" jedheen. Lamxiin isaas
yeroodhuma sana qulqullaa'e.
**4**Ergasiis Yesuus, "nama tokkot-
tillee akka hin himne beekkadhu;
Garuu dhaqiitii lubatti[y] of-agarsiisi;
Uumatichaafis akka ragaa ta'uuf
kennaa Muuseen ajaje sana dhiy-
eessi" jedheen.

### Amantii Ajajaa Dhibbaa

*8 : 5 - 13 kwf ⇒ Luq 7 : 1 - 10*

**5**Yeroo Yesuus Qifirnaahom seen-
etti, ajajaan dhibbaa tokko gara
isaa dhufee akkana jedhee isa
kadhate; **6**"Yaa Gooftaa, garbichi
koo laamsha'ee[z] mana ciisa; Akka
malees dhiphachaa jira." **7**Yesuusis,
"Anuu dhaqee isa fayyisa" jed-
heen.

**8**Ajajaan dhibbaa sunis akkana
jedhee deebiseef; "Yaa gooftaa,
ati mana kiyya seenuuni naaf hin
malu; garuu dubbichuma dubbadhu;
garbichi kiyya nifayyaatii. **9**Ani
mataan kiyyayyuu nama abbootii
aangoo[a] jala jiruu dha; Loltootas
of jalaa qaba. Isa tokkoon 'dhaqi'
nan jedha; innis ni dhaqa. Isa
kaaniin immoo 'koottu' nanjedha;
Innis ni dhufa. Garbicha kiyyaanis
'waan kana hojjadhu' nan jedha;
Innis ni hojjata."

**10**Yesuus waan kana dhageen-
naan dinqifatee[b] warra isa hordo-
faa turaniin akkana jedhe; "Ani
dhuguma isinittin hima; Ani
Israa'el keessattillee amantii[c] gud-
daa akkanaa hin arganne. **11**Ani
isinittin hima;Namoonni hedduun
ba'a biiftuutii fi lixa biiftuutii ni
dhufu; Isaanis Abrahaam, Yisaaqii

[u]25 ykn *yayyabameef;* [v]28 ykn *maadeef-fatan /raajeffatan;* [w]29 ykn *guddinna;*
[x]2 ykn *qomaaxaa/qurcii qabu;* [y]4 ykn *qaalluu;* [z]6 ykn *nafii irratti du'ee;* [a]9 ykn *jabeenna;* [b]10 ykn *maadeffatee/ ajaaibsiifate;* [c]10 ykn *dhugeeffachaa*

fi Yaaqoob waliin maaddii[d] moo-
tummaa Samiitti ni dhiyaatu.
12Ijoolleen mootummaa garuu
dukkana alaatti gadi-darbatamu.
Achitti namoonni ni boo'u; il-
kaanis ni qaru."

13Yesuusis deebisee ajajaa
dhibbaa sanaan, "Akkuma aman-
tii keetii siif haa ta'uu; dhaqi!"
jedheen. Garbichi sunis yeruma
sana fayye.

**Yesuus Dhukkubsattoota Fayyisuu Isaa**

*8:14-16 kwf ⇒ Mar 1:29-34; Luq 4:38-41*

14Yesuus yommuu mana Phe-
exiroosi seenetti otoo amaatiin[e]
Pheexiroosi dhukkuba nafa nama
gubuun qabamtee ciiftuu arge.
15Innis harka isii tuqe; dhuk-
kubni nafa nama gubu sunis isii
dhiise; Isiinis kaatee isa tajaa-
jiluu[f] jalqabde.

16Galgala sanas namoota jin-
niidhaan qabaman hedduu gara
isaatti fidan. Innis jecha tokkoon
hafuurota sana baase. Dhukkub-
sattoota[g] hundumaas ni fayyise.
17Kunis akka dubbiin karaa raa-
jicha[h] Isaayyaasiitiin,

"Inni dhibee keenya nurraa
fuudhe;
Dhukkuba keenyas ni baate"
jedhame sun fiixaan bawuuf ta'e.

**Yesuus Faana Bu'uu**

*8 : 19 - 22; kwf ⇒ Luq 9 : 57 - 60*

18Yesuus yommuu tuuta namoota
baay'ee naannoo isaatti argetti
akka isaan gama galaanaatti
ce'aniif[i] isaan ajaje. 19Barsiisaan
seeraa tokkos gara isaa dhufee,
"Yaa barsiisaa, ani bakka[j] ati
dhaxxu cufumaa sin hordofa"
jedheen.

20Yesuusis deebisee, "Geedal-
oonni[k] boolla qabu; Simbirroon-
nis[l] mana qabu; Ilmi namaa
garuu bakka itti mataa isaa
irkifatullee hin qabu" jedhe.

21Barattoota isaa keessaas inni
tokko, yaa gooftaa, dura akka ani
dhaqee abbaa kiyya awwaalad-
huuf naa eeyyami!" jedheen.

22Yesuus garuu, "Warri du'an
du'aa isaanii haa awwaalatanii;
ati immoo na faana koottu" jed-
heen.

**Yesuus Obombolettii Gabgochuu Isaa**

23Yommu inni bidiruu[m] yaab-
batettis, barattoonni isaa isa hor-
dofan. 24Akkuma tasaa hobom-
bolettiin hamaan tokko galaana
irratti ka'e; Bidiruun sunis dha-
waa bisaaniitiin liqimfamuu jalq-
abde; Yesuus garuu rafaa ture.
25Barattoonni isaa gara isaa dhu-
fanii "yaa gooftaa, nu oolchi! nu
dhumuufii" jedhanii isa dammaqsan.

[d]11 ykn *golala;* [e]14 ykn *haatii soddaa;* [f]15 ykn *keessummeessuu;* [g]16 ykn *warra fayyaa hinqabne;* [h]17 ykn *raagicha;* [i]18 ykn *taakkaniif;* [j]19 ykn *fulaa;* [k]20 ykn *waangoo/jeedala/sardiidaa,* [l]20 ykn *simphirreeni*, [m]23 ykn *hoboloo*

[26]Innis deebisee, "Isin warra amantii xiqqoonana! maaliif akkana sodaattu?" jedheen. Ka'ees bubbee sanaa fi dhawaa bisaaniitti dheekkame; Gabiin[n] guddaanis ni ta'e.

[27]Kana irratti namoonni, "namni bubbee fi galaanni ajajamaniif kun nama akkamiitii?" jedhanii maadeffatan.

### Yesuus Namoota Jinniidhaan Qabaman Fayyisuu Isaa

*8:28-34 kwf ⇒Mar 5:1-17; Luq 8:26-37*

[28]Yommuu Yesuusis gama ce'ee kutaa biyya Gadareenisi ga'etti, namoonni jinniidhaan qabaman lama awwaala keessaa ba'anii itti dhufan. Isaanis waan akka malee hamoo turaniif namni tokkoyyuu karaa sana irraa dabruu hin danda'u ture. [29]Namonni sunis, "Yaa Ilma Waaqaa ati maal nurraa barbaadda? Otoo yeroon sun hin ga'in nu dhiphisuu dhufte moo?" jedhanii iyyan.

[30]Hoomaan[o] booyyee guddaan isaas diqqoo isaan irraa fagaatee dheedaa ture. [31]Jinniiwwan sunis, "Yoo nu baafte, gara hoomaa booyyee sanaatti nu ergi," jedhanii isa kadhatan.

[32]Innis,"dhaqaa!" jedheen. Isaanis, namicha keessaa ba'anii hoomaa booyyee sanatti galan. Jennaan booyyeen sun martinuu ededa hallayyaa irraa gadi furguggeeffamanii haroo seenanii dhuman. [33]Tissitoonni booyyee sunis baqatanii magaalaa[p] seenan Isaanis waan cufa, waan namoota jinniidhaan qabamanii turan irra ga'es ni odeessan. [34]Uumanni magaalaa sanaas Yesuusin arguuf jedhee guutumaatti ba'e; Yommuu isa arganittis akka inni biyya isaanii keessaa bawuuf isa kadhatan.

### Yesuus Nama Laamsha'aa Fayyisuu Isaa

*9:2-8 kwf ⇒Mar 2:3-12; Luq 5:18-26*

9 Yesuus hoboloo[q] tokko yaabbatee galaana ce'ee[r] gara magaalaa[s] isaa dhufe.
[2]Kunoo, jarri tokko nama laamsha'aa[t] siree irra ciisu tokko gara isaa fidan. Yesuusis yommuu amantii[u] isaanii argetti namicha laamsha'aa sanaan "ilma kiyya jabaadhu; Cubbuun kee sii dhiifameeraatii[v]" jedhe.

[3]Kana irratti barsiistonni seeraa tokko tokko garaa isaanii keessatti, "Kunoo, namichi kun Waaqa arrabsa!" jedhan.

[4]Yesuusis yaada isaanii hubatee akkana jedhe; "Maaliif garaa keessan keessatti waan hamaa yaaddu? [5]'cubbuun kee sii dhiifameera' jechuu moo 'ka'ii deemi' jechuuttu irra salphaa dha? [6]Kun garuu akka ilmi namaa lafa irratti

[n]26 ykn *Qabbanni;* [o]30 ykn *bobbaani/ tikni/karri;* [p]33 ykn *dira;* [q]1 ykn *bidiruu,* [r]1 ykn *taakkee,* [s]1 ykn *dira,* [t]2 ykn *nafni irratti du'e;* [u]2 ykn *dhugeeffachaa;* [v]2 ykn *ya sirraa fuudhame*

cubbuu namaa dhiisuuf aangoo[w] qabu akka beettaniif ta'e." Eegasiis namicha laamsha'aa sanaan, "Ka'i; siree kee fudhadhuutii mana keetti gali" jedheen. 7Namichis ka'ee mana isaatti gale. 8Namoonnis yommuu waan kana arganitti akka malee sodaatan; Waaqa aangoo akkasii namootaaf kenneefis ulfinna kennan.

### Waamamuu Maatewoosi

*9:9-13 kwf ⇒ Mar 2:14-17; Luq 5:27-32*

9Yesuus achii ka'ee otoo deemuu namicha Maatewoos jedhamu tokko otoo inni bakka[x] itti qaraxa walitti qaban taa'uu argee, "na hordofi!" jedheen; Maatewoosis ka'ee isa hordofe.

10Yommuu Yesuus mana Maatewoositti irbaatatti dhiyaatetti worri qaraxa wolitti qabaniifii cubbamtoonni baay'een dhufanii isaa fi barattoota isaa wajjiin taa'an. 11Fariisonnis yommuu waan kana arganitti, "barsiisaan keessan maaliif warra qaraxa walitti qabanii fi cubbamtoota waliin Nyaata?" jedhanii barattoota isaa gaafatan.

12Yesuusis waan kana dhageennaan, akkana isaaniin jedhe; "Ogeessi fayyaa tokko warra dhukkubsataniif[y] malee warra fayyaa qabaniif hin barbaachisu. 13Garuu dhaqaatii dubbiin, 'ani araara hawwa malee aarsaa[z] hin hawwu' jedhu sun maal jechuu akka ta'e hubadhaa; Ani cubbamtoota waamuuf dhufe malee qajeeltota waamuuf hin dhufneetii.

### Gaafii Waayee Soomaa

*9:14-17 kwf ⇒ Mar 2:18-22; Luq 5:33-39*

14Barattoonni Yohaannisis gara Yesuusi dhufanii, "Sababiin otoo nuu fi Fariisonni soomnuu barattoonni kee hin soomneef maali?" jedhanii isa gaafatan.

15Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "Keessummoonni cidha[a] fuudhaa fi heerumaa yeroo dhiirsii misirroo[b] isaan bira jirutti gadduu[c] ni dandawuu? Yeroon itti dhiirsii misirroo isaan biraa fudhatamu ni dhufa; Isaanis yeroo sana soomuu ni danda'u.

16"Namni uffata moofaa[d] irratti erbaa[e] haaraya hodhu tokkolleen hin jiru; Erbaan sun uffata sana tarsaasaatii; Tarsaani uffata sanaas isa duraa sana ni caala.
17Akkasuma immoo namni daadhii wayinii haaraya qalqalloo[f] moofaatti naqu tokkoyyuu hin jiru; Yoo inni itti naqe qalqallichi ni dhooha[g]; daadhiinis ni dhangala'a; qalqalloonis horoomaa ba'a. Daadhiin wayinii haarayii[h] garuu yoo qalqalloo haarayatti naqame lachanuu yeroo dheeraa turu.

[w]*6 ykn jabeenna;* [x]9 ykn *fulaa;* [y]12 ykn *fayyaa hinqamneef;* [z]13 ykn *sooriyoo;* [a]15 ykn *jila;* [b]15 ykn *ashilaa;* [c]15 ykn *laaleffachuu;* [d]16 ykn *dullattii;* [e]16 ykn *erbee;* [f]17 ykn *gorjoo;* [g]17 ykn *tarsa'a;* [h]17 ykn *haarofni*

### Intala Duutee fi Dubartii Dhukkubsatte

*9:18-26 kwf ⇒ Mar 5:22-43; Luq 8:41-56*

18 Otoo inni waan kana dub-
bachaa jiruu, bulchaan tokko
dhufee fuula isaa duratti jilbiin-
fatee, "intalli[i] tiyya ammuma na
duraa duute; Garuu koottuutii
harka kee ishii irra kaa'i; Ishiinis
ni jirrattii" jedheen. 19 Yesuusis
ka'ee barattoota isaa fudhatee
namicha faana deeme.
20 Kunoo, dubartiin[j] sababii dhiigni
isii dhangala'aa tureef waggaa
kudhanii lama dhiphachaa turte
tokko dudda duubaan dhuftee
handaara uffata isaa harkaan
tuxxe. 21 Isiinis garaa isii keessatti,
"ani yoo uffatuma isaallee tuqe
nan fayya"jettee yaaddee turteetii.
22 Yesuusis gargalee isii ilaalee,
"yaa intala tiyya, amantiin kee si
fayyiseeraatii jabaadhu!" jedheen.
Dubartiin sunis yeruma sana
fayyite.
23 Yesuusis yommuu gara mana
bulchaa sanaa dhufee warra ulullee
afuufanii fi uumata wacu argetti,
24 "Asii deemaa! intalattiin rafuutti
jirti malee hin duunee" jedheen.
Isaan garuu itti kolfan. 25 Erga
namoota gadi baasanii booddee
Yesuus ol-seenee harka isii qabe;
isiinis kaatee dhaabatte. 26 Oduun
waayee kanaas kutaa biyya sanaa
hundumaa keessa faca'e.

### Yesuus Namoota Jaamaa Fayyisuu Isaa

27 Yesuus otoo achii ka'ee dee-
maa jiruu jaamonni lama isa
faana deemanii, "Yaa Ilma Daawiti
nu maari![k]" jedhanii iyyan.
28 Yommuu inni mana seenettis
jaamonni sun gara isaa dhufan;
innis, "akka ani waan kana
gochuu danda'u ni amantuu
ree?" jedhee isaani gaafate.
Isaanis, "eeyee, yaa gooftaa!"
jedhanii deebisaniif.
29 Yesuusis ija isaanii qaqqa-
bee[l], "akkuma amantii keessanii
isiniif haa ta'uu" jedheen. 30 Iji
isaaniis ni baname. Yesuusis,
"akka namni tokkolleen waan
kana hin dhageenneef of eegad-
haa" jedhee jabeessee isaan ajaje.
31 Jarri garuu achii ba'anii kutaa
biyya sanaa mara keessatti waayee
isaa odeessan.
32 Otoo isaan gadi bawuutti
jiranuu jarri tokko arrab-didaa[m]
jinniidhaan qabame tokko Ye-
suusitti fidan. 33 Arrab-didaan sunis
eega jinniin isa keessaa baafamee
booddee ni dubbate; Namoonnis,
"Wonni akkanaa takkumaa Israa'el
keessatti argamee hin beeku"
jedhanii dinqifatan[n].
34 Fariisonni garuu, "Inni mootii
jinniitiin jinnii baasa" jedhan.

### Hojjattoonni Muraasa

35 Yesuus manneen sagada

[i]18 ykn *mucattiin;* [j]20 ykn *niitiini;* [k]27 ykn *nuu nai';* [l]29 ykn *ila isaanii qaqqabatee;* [m]32 ykn *duudaa,* [n]33 ykn *maadeffatan /ajaa'ibsiifatan*

isaanii keessatti barsiisaa, wan-
geela mootummaa lallabaa, akka-
sumas dhibee fi dhukkuba gosa
cufaa irraa namoota fayyisaa
magaalotaa fi gandoota cufa keessa
naanna'aa ture. [36]Innis yommuu
tuuta namootaa argetti garaa
laafeef; Isaan akkuma hoolota[o]
tissituu hin qabneetti cinqamanii,
gatamaniis turaniitii. [37]Barattoota
isaatiinis akkana jedhe; "Oomishni[p]
walitti qabamu baayyee dha;
Hojjattoonni garuu muraasa[q].
[38]Kanaaf akka gooftaan oomisha
sanaa gara oobruu[r] oomisha isaatti
hojjattoota erguuf kadhadhaa."

### Yesuus Barattoota Kudhanii Lamaan Erguu Isaa

*10:2-4 Kwf ⇒ Mar 3:16-19; Luq 6:14-16 ; HuE 1:13*
*10:9-15 Kwf ⇒ Mar 6:8-11; Luq 9:3-5; 10:4-12*
*10:19-22 Kwf ⇒ Mar 13:11-13; Luq 21:12-17*
*10:26-33 Kwf ⇒ Luq 12:2- 9*
*10:34-35 Kwf ⇒ Luq 12:51-53*

**10** Yesuus barattoota isaa
kudhanii lamaan ofitti
waamee akka isaan hafuurota
xuraawoo baasaniif, dhibee fi
dhukkuba hundumaas akka fayy-
isaniif aangoo[s] isaaniif kenne.
[2]Maqaan ergamtoota kudhanii-
lamaaniis kana: Inni jalqabaa
Simoon isa Pheexiroos jedha-
muu fi obboleessa isaa Indiriyaas,
Yaaqoob ilma Zabdewoosiitii fi
obboleessa isaa Yohaannis, [3]Fili-
phoos, Bartoloomewoos, Toomaas,
Maatewoos isa qaraxa walitti
qabu, Yaaqoob ilma Ilfiyoosiitii
fi Taadewoos, [4]Simoon hinaa-
ftichaa, Yihuudaa Asqorooticha
isa Yesuusin dabarsee kenne.
[5]Yesuus yommuu warra kud-
hanii-lamaan kanneen ergetti
akkana jedhee isaan ajaje; " Gara
namoota ormaa hin dhaqinaa;
Magaalota[t] Samaariyaa tokkol-
lee hin seeninaa.[6]Qooda kanaa
gara hoolota mana Israa'eli kan-
neen badan sanaa dhaqaa. [7]Yom-
muu dhaxxanis,'Mootummaan
Samii dhiyaateera' jedhaa lalla-
baa. [8]Dhukkubsattoota[u] fayyisaa;
Warra du'an kaasaa; Warra
lamxaa'an[v] qulqulleessaa; Jinnii
baasaa; Tola waan argattaniif
toluma kennaa. [9]Warqii yookiin
meetii yookiin sibiila diimaa
qabattanii hin deeminaa.[10]Imala
keessaniifis korojoo yookiin qomee[w]
lama yookiin kophee yookiin
ulee hin baatinaa; Hojjataaf waan
isa barbaachisu argachuun ni
malaatii.
[11]"Yommuu Magaalaa yookaan
ganda kamiyyuu seentanitti nama
isin simachuu fedhu barbaadaa;
Hanga achii deemtanittis mana
isaa turaa.[12]Yommuu mana sana
seentanis nagaya gaafadhaa[x]

[o]36 ykn *ooliyyee;* [p]*37* ykn *midhaan;* [q]37 ykn *diqqoo;* [r]38 ykn *maasii /maasaa;* [s]1 ykn *jabeenna;* [t]5 ykn *dira;* [u]8 ykn *warra fayyaa hinta'in;* [v]8 ykn *qomaaxaa; hiikkaani Girikii, lamxii qofa otoo hinta'in dhukkuba gogaa nafa namaa miidhu agarsiisa,* [w]10 ykn *gorjoo ykn ubbaara;* [x]12 ykn *nagaya fuudhaa*

**13**Nageenni keessan yoo mana sanaaf male, mana sanaaf haa ta'uu; Yoo isaaf hin malin garuu nageenni keessan isiniif haa deebi'uu. **14**Yoo namni tokkolleen isin simachuu baate yookiin dubbii keessan dhagawuu baate, yeroo mana yookiin magaalaa sanaa baatanitti awwaara miila keessanii dhadha'aadhaa. **15**Ani dhuguma isinittin hima; Guyyaa murtiitti waan magaalaa sana irra ga'u irra kan Sodoomii fi Gomoraa irra ga'u wayya. **16**Kunoo, ani akka hoolotaa gara jidduu yeyyiitti[y] isin erga; Kanaaf akka bofaa qaroo, akka gugees[z] garraamii[a] ta'aa.

**17**"Namoota irra uf-eegadhaa; isaan dabarsanii gumii murtiitti isin kennuutii; Mana sagadaa isaanii keessattis isin garafu. **18**Isinis akka isaanii fi namoota ormaatti dhugeessitoota taataniif anaaf jettanii fuula bulchitootaatii fi moototaa duratti ni dhiyeeffamtu. **19**Yommuu dabarsanii isin kennanis akkamitti akka dubbattan yookiin maal akka jettan hin yaadda'inaa; Wonni isin dubbattan yeruma sanatti isinii kennama. **20**Hafuura Abbaa keessaniittu isin keessaa dubbata malee isin hin dubbattaniitii.

**21**"Obbolleessi dabarsee obboleessa isaa du'atti kenna; abbaani dabarsee mucaa isaa du'atti kenna; Ijoolleenis warra isaaniitti ni ka'u; isaan ijjeesus. **22**Namni martinuu sababii kootiif jedhee isin jibba; kan hanga dhumaatti obsu garuu ni fayya. **23**Yommuu Magaalaa tokko keessatti isin gaargalchan, gara magaalaa kaaniitti baqadhaa; Ani dhuguma isinitti hima; Hanga ilmi namaa dhufutti magaalota Israa'eli hundumaa keessa naannoftanii waliin hin geettan.

**24**"Barataan tokko barsiisaa isaatii oliimiti; garbichis gooftaa isaatii olii miti. **25**Barataan tokko akka barsiisaa isaa ta'uun, garbichi tokko immoo akka gooftaa isaa ta'uun ni gaha: Erga abbaa manaatiin 'Bi'eelzebuul' jedhanii, worra mana isaa jiraataniin ammoo hagam kana caalaa hin jenne ree?

**26**"Kanaaf isaan hin sodaatinaa; Wonni hagoogamee otoo hin mullifamin hafu yookaan wonni dhoffamee otoo ifatti hin baafamin hafu hin jiruutii. **27**Waan ani dukkana keessatti isinitti himu ifa keessatti odeessaa; Waan hasaasaan dhageessan bantii[b] manaa koraatii labsaa. **28**Warra foon malee lubbuu ijjeessuu hin dandeenye hin sodaatinaa; Qooda kanaa isa foonii fi lubbuu gahaannam keessatti balleessuu danda'u sana sodaadhaa. **29**Simbirroonni[c] lama beessee

[y]16 ykn *ya'ii,* [z]16 ykn *saphaliisaa/handarii,* [a]16 ykn *fayyaaleyyii /garaa toleeyyii;* [b]27 ykn *fiixee,* [c]29 ykn *simphirreeni*

tokkotti gurguramuu mitii? Isaan
keessaa tokkoyyuu fedhii Abbaa
keessanii malee lafa hin buutu.
30Isin garuu rifeensi mataa kees-
sanii cuftinuu lakkaa'amaa[d] dha.
31Kanaaf hin sodaatinaa; Isin
dimbiiccoo[e] hedduu caalaa gatii
qabduutii.

32"Kanaaf nama fuula namaa
duratti naa rageessu hundumaaf
anis fuula Abbaa kiyya isa samii
irraa duratti nan rageessaaf.
33Nama fuula namaa duratti na
ganu[f] garuu anis fuula Abbaa kiyya
isa samii irraa duratti isa nan gana.

34"Ani lafa irratti waan nagaya
buusuuf dhufe hin se'inaa; Ani
goraadee fiduuf malee nagaya
buusuuf hin dhufne. 35Ani, "
'nama tokko abbaa isaatti,

intala immoo haadha ishiitti,
niitii ilmaas amaatii[g] ishiitti
kaasuuf dhufeeraatii.
36Diinni[h] nama tokkoo,
miseensuma maatii isaa ti.'

37"Namni abbaa isaa yookaan
haadha isaa na caalchisee jaalatu
hundinuu naaf hin malu; Namni
ilma isaa yookaan intala isaa na
caalchisee jaalatu hundinuu naaf
hin malu. 38Namni fannoo isaa
baadhatee na hin hordofne hund-
inuus naaf hin malu. 39Namni
lubbuu ufii oolfachuu yaalu
kamiyyuu lubbuu isaa ni dhaba;
garuu namni naa jedhee lubbuu
isaa dhabu kamiyyuu lubbuu ufii
ni argata.

40"Namni isin simatu na si-
mata; Namni na simatu immoo
isa na erge sana simata. 41Namni
raajaa[i] tokko sababii inni raajaa
ta'eef jedhee simatu gatii raajaa
tokkoo ni argata. Namni nama
qajeelaa tokko sababii inni nama
qajeelaa ta'eef jedhee simatu
gatii nama qajeelaa tokkoo ni
argata. 42Ani dhuguman isinitti
hima; Namni kamiyyuu yoo worra
didiqqaa kanneen keessaa isa
tokkoof sababii inni barataa koo
ta'eef jedhee bishaan qabba-
naawaa budduussaa tokkoollee
kenne, inni dhugumaan gatii isaa
hin dhabu."

### Yesuusii Fi Yohaannis Cuuphaa

*11 : 2 - 19 Kwf ⇒ Luq 7 : 18 - 35*

**11** Yesuus erga barattoota
isaa kudhanii lamaaniif
ajaja kennuu raawwatee booddee[j]
achii ka'ee magaalota[k] Galiilaa
keessatti barsiisuufi lallabuuf
jedhee karaa isaa itti fufe.

2Yohaannis mana hidhaa taa'ee
yommuu waan Kiristoos hojjachaa
ture dhaga'etti barattoota isaa
ergee, 3"inni dhufuuf jiru sun si'i
moo yookiin kan dhibii eeganna?"
jedhee gaafate.

[d]30 ykn *ya hedame/ laakkayama'a;* [e]31 ykn *burriyyaa;* [f]33 ykn *mormatu;* [g]35 ykn *haadha dhiirsaa;* [h]36 ykn *nyaaphii;* [i]41 ykn *raaga;* [j]1 ykn *fixateen duubatti;* [k]1 ykn *dira*

**4**Yesuusis akkana jedhee deebi-
seef; "Deebi'aatii waan dhagee-
ssanii fi waan argitan Yohaan-
nisitti himaa; **5**Jaamonni ni argu;
Naafni ni deema; Warri lamxaa'an[l]
ni qulqullaawu; Duudaan ni
dhagaya; Warri du'an ni ka'u;
hiyyeeyyiifis wangeelli ni lalla-
bama; **6**Namni natti hin gufanne
eebbifamaa dha."

**7**Erga barattoonni Yohaannisi
ba'anii sokkanii booddee, Yesuus
waayee Yohaannisi namootatti
himuu jalqabe; Akkanas jedhe;
"Isin maal arguuf gara lafa onaatti[m]
baatanii? Leemmana qilleensi raasu
moo? **8**Maal arguu baatan ree?
Nama uffata midhaagaa uffate
moo? Kunoo, warri uffata mid-
haagaa uffatan mana moototaa
jiru. **9**Yoos maal arguu baatan
ree? Raaga moo? Eeyee; Ani
dhuguman isinitti hima; Inni
raaga caala. **10**Kunis isa waayeen
isaa,

" ' Kunoo, ani ergamaa koo isa
fuula kee duraan karaa
kee qopheessu,
si dura nan erga' jedhamee
barreeffame sanaa dha.

**11**Ani dhuguma isinitti nan hima;
Nama dubartii irraa dhalate
keessaa kan Yohaannis cuuphaa
caalu tokkolleen hin argamne;
namni mootummaa samii kees-
satti nama hundumaan gadi ta'e
garuu isa ni caala. **12**Mootum-
maan Samii bara Yohaannis
cuuphaatii jalqabee hanga am-
maatti humnaan dhiibachaa jira;
Namoonni dhiibatanis humnaan
mootummaa sana argatu. **13**Raagonni
martinuu, seerri Muusees hanga
Yohaannis cuuphaatti raajii[n]
dubbataniiruutii.**14**Isinis kana
fudhachuuf yoo fedhii qabaattan,
inni Eliyaas isa dhufuuf jiruu
dha. **15**Namni gurra dhagawu
qabu haa dhagawuu.

**16**"Ani dhaloota kana maaliin
wal fakkeessuu danda'a? Isaan
akkuma ijoollee lafa gabayaa
taa'anii hiriyyoota isaanii waamanii
akkana jedhanii ti;
**17**" 'Nu ulullee isinii afuufne; isin
garuu hin sirbine;
Faaruu booyichaas
isin dhageessifne; isin garuu
hin boonye.'

**18**Yohaannis yeroo dhufe womaa
hin nyaatu, womaas hin dhugu
ture; Isaanis, 'Inni jinnii qaba' jedhu;
**19**Ilmi namaa immoo nyaachaa,
dhugaas dhufe. Isaanis, kunoo
albaadhessaa[o] fi machaawaa,
michuu[p] warra qaraxa walitti
qabaniitii fi michuu 'cubbamtootaa'
jedhu. Ogummaan[q] garuu hujii
isiitiin mirkanoofti."

[l]5 ykn *Qomaaxa'an; hiikkaani Girikii, Lamxii qofa otoo hinta'in dhukkuba gogaa nafa namaa miidhu agarsiisa;* [m]7 ykn *alootti;* [n]13 ykn *himana;* [o]19 ykn *sabdii;* [p]19 ykn *jaala;* [q]19 ykn *qaroomii*

**Magaalota Cubbuu Irraa Hindeebineef Wayyoo**

*11:21-23 Kwf ⇒ Luq 10:13-15*

20Kana booddee Yesuus sa-
babii magaalonni inni itti hujii
dinqii[r] isaa gara caalu hojjate
sun qalbii hinjijjiiratiniif[s] akkana
jedhee isaan balaaleffachuu jalqabe;
21"Yaa Koraazin Siif wayyoo! yaa
Beetsaayidaa Siif wayyoo! Hujiin dinqii kan isin keessatti hojjatame sun otoo Xiiroosii fi Siidoonaa keessatti hojjatamee jiraatee, isaan silaa yeroo dheeraan dura uffata gaddaa[t] uffatanii, daaraas ufitti firfirsanii cubbuu irraa deebi'u ture.
22Ani garuu
isinittin hima; waan Guyyaa murtiitti isin irra gawu irra waan Xiiroosii fi Siidoonaa irra gawu wayya.
23Atis yaa Qifirnaahom,
hanga Samiitti ol kaafamuu barbaaddee? Ati si'oolitti gadi darbatamta; Hujiin ajaa'ibsiisaan si keessatti hojjatame sun otoo Sodoom keessatti hojjatamee jiraatee, Ishiin hanga hardhaatti ni jiraatti ture.
24Ani garuu sitti nan hima; Guyyaa murtiitti waan sirra gawu irra waan sodoom irra gawu wayya."

**Yesuus Dadhabdoota Waamuu Isaa**

*11:25-27 Kwf ⇒ Luq 10:21,22*

25Yesuusis yeroo sana akkana jedhe; "Yaa Abbaa, yaa Gooftaa Samiitiifi lafaa, sababii ati waan kana ogeeyyiifi hubattoota jalaa dhossitee daa'immanitti muldhifteef ani si galateeffadha.
26Eeyee
yaa Abbaa, kun fuula kee duratti akka malee gammachiisaa ta'eeraatii.
27"Abbaan kiyya waan cufa
dabarsee natti kenneera; Abbaattu ilma beeka malee namni tokkolleen ilma hin beeku; Ilmaa fi warra Ilmi itti muldhisuu fedhu malee namni tokkolleen Abbaa hinbeeku.
28"Isin warri dadhabdan, warri
ba'aan isinitti ulfaate hundinuus, gara kiyya koottaa; Anis isin boqochiisa.
29Qaambara[u] kiyya
fuudhaatii baadhaa; Narraas baradhaa; waan ani garraamii[v] fi gad of-qabeessa ta'eef isin Lubbuu keessaniif boqonnaa ni argattuu.
30Qaambarri kiyya nama hin
quuqu, Ba'aan kiyyas hin ulfaatu.

**Gooftaa Sanbataa**

*12:1-8 Kwf ⇒ Mar 2:23-28; Luq 6:1-5*
*12:9-14 Kwf ⇒ Mar 3:1-6; Luq 6:6-11*

**12** Yesuus yeroo sana guyyaa Sanbataatiin oobruu midhaanii keessa dabraa ture; Barattoonni isaas waan beela'aniif asheeta qamadii[w] ciratanii nyaachuu jalqaban.
2Fariisonnis
yommuu waan kana arganitti, "Ilaa! barattoonni kee waan guyyaa

[r]20 ykn *maadee/mamaa/ajaa'ibsiisaa;* [s]20 ykn *cubbuu irraa hindeebi'in;* [t]21 ykn *laalalaa,* [u]29 ykn *qaamphara/ waanjoo;* [v]29 ykn *fayyaalessa/garaa toleessa;* [w]1 ykn *dargaayyee*

Sanbataatiin hojjachuun hin eeyya-
mamne hojjatuu" jedhaniin.
3Innis akkana jedhee deebise;
"Yeroo Daawitii fi warri isa waj-
jiin turan beela'anitti waan Daawit
godhe isin hin dubbifnee? 4Daawit
mana Waaqayyoo seene; innii fi
warri isa waliin turanis buddeena
kennaa nyaatan. Buddeeni sun
immoo luboota[x] qofaaf malee
isaaniif hin eeyyamamu ture.
5Yookaan akka luboonni mana
qulqullummaa keessaa guyyaa
Sanbataatiin Sanbata xureessan,
ta'us akka yakka ta'ee isaanitti
hin lakkaawamne[y] isin seera
keessatti hin dubbifnee? 6Ani
isinitti nan hima; Kan mana
qulqullummaa caalu asi jira.
7Isin, Otoo dubbiin, 'ani araara
hawwa malee aarsaa[z] hin hawwu'
jedhu sun maal jechuu akka ta'e
beettanii silaa warra yakka hin-
qabnetti hin murtan ture. 8Ilmi
Namaa Gooftaa Sanbataatii."
9Innis achii ka'ee dhaqee, mana
sagada isaanii seene.10Kunoo,
namichi harki laamsha'e[a] tokko
achi ture; Fariisonnis sababii
ittiin Yesuusin himatan bar-
baadaa waan turaniif, "guyyaa
sambataatiin nama fayyisuun
seeraa?" jedhanii isa gaafatan.
11Yesuusis akkana isaaniin jedhe;
"Isin keessaa namni hoolaa tokko
qabu, kan yoo hoolaan sun guy-
yaa Sanbataatiin boolla keessa
bu'e harkisee hin baafanne jiraa?
12 Namni ammoo hangam hoolaa
caalaa gatii guddaa hin qabuu
ree? Kanaaf guyyaa Sanbataatiin
waan gaarii hojjachuun seeruma."
13Namichaanis, "harka kee
diriirfadhu" jedhe; Namichis harka
isaa diriirfate; Harki isaas guu-
tummaatti fayyee akkuma isa
kaanii ta'e. 14Fariisonni garuu gadi
bahanii haala ittiin Yesuusin
ijjeesan mariyatan.

### Tajaajilaa Waaqayyoo

15Yesuusis waan kana hubatee
bakka[b] sanaa ka'ee deeme;
Namoonni baay'eenis isa hordo-
fan; Innis dhukkubsattoota[c] isaanii
mara fayyise. 16Akka isaan akka
inni beekamu hin goones isaan
ajaje. 17Kunis akka wonni Isaay-
yaas raajichi[d] dubbate sun fiixaan
bawuuf ta'e; Innis akkana jedha:

18"Tajaajilaan[e] kiyya inni ani
filadhe,
Inni ani jaaladhuu fi inni ani
itti gammadu Kunooti;
Ani hafuura kiyya isa irra nan
kaa'a.
innis namoota ormaatti murtii
qajeelaa ni labsa.
19Inni hin lolu yookaan hin iyyu;
Namni tokkolleen qoonqa isaa
karaa irratti hin dhagawu.

[x]4 ykn *qaallolee;* [y]5 ykn *hedamne;* [z]7 ykn *sooriyoo;* [a]10 ykn *irratti du'e;* [b]15 ykn *fulaa;*[c]15 ykn *worra fayyaa hin qabne;* [d]17 ykn *raagichi;* [e]18 ykn *hojjataani*

20 Inni hanga akka murtiin qajeelaani moowu godhutti,
shambaqqoo[f] buruqellee hin cabsu;
foo'aa ibsaa kan seequs[g] hin dhaamsu.
21 Namoonni ormaas maqaa isaa abdatu"

### Yesuusii Fi Bi'eelzebuul

*12:25-29 Kwf ⇒ Mar 3:23-27; Luq 11:17-22*

22 Yommuus namicha jinniin qabame, kan iji[h] isaa jaamee arrabni isaas dubbachuu dide tokko gara isaa fidan.Yesuusis namicha sana fayyise; namichis dubbachuu fi arguu danda'e. 23 Namoonni cuftinuus dinqifatanii[i], "Kun Ilma Daawiti ta'innaa?" jedhan.

24 Fariisonni garuu yommuu waan kana dhaga'anitti, "Inni mootii jinniiwwanii isa 'Bi'eelzebuul 'jedhamu sanaan jinniiwwan baasa" jedhan.

25 Yesuusis yaada isaanii baree akkana isaaniin jedhe; "Mootummaan walitti ka'ee gargari qoodamu hundinuu ni bada; Magaalaan[j] yookaan maatiin gargari qoodamu hundinuus jabaatee hin dhaabatu. 26 Sheexannis sheexana baafnaan inni ufitti ka'eera; Yoos mootummaan isaa akkamitti dhaabachuu danda'a ree? 27 Eegii ani humna Bi'eelzebuuliitiin jinniiwwan baasee, ijoolleen keessan immoo maaliin jinniiwwan baasuu ree? Kanaaf ijoolluma keessanitu isinitti mura. 28 Garuu ani hafuura Waaqayyootiin jinniiwwan baasa taanaan mootummaan Waaqayyoo isinitti dhufeera.

29 "Yookaan namni tokko akkamitti mana nama jabaa tokkoo seenee otoo duraan dursee namicha jabaa sana hin hidhin qabeenna isaa saamuu danda'a? Erga Namicha hidhee booddee[k] mana isaa saamuu ni danda'a.

30 "Namni na wajjiin hin dhaabanne kamiyyuu naan morma; Namni na gargaaree walitti hin qamne immoo ni bittinneessa. 31 Kanaaf ani isinittin hima; Cubbuu fi arrabsoon martinuu namaaf ni dhiifama[l]. Nama hafuura qulqulluu arrabsuuf garuu hin dhiifamu. 32 Nama ilma namaatiin mormee waa tokko dubbatu kamifiyyuu ni dhiifama; Nama hafuura Qulqulluudhaan mormee waa tokko dubbatu kamiifiyyuu garuu, addunyaa kana irratti yookiin addunyaa dhufuuf jiru irratti isaaf hin dhiifamu.

33 "Firii gaarii[m] argachuuf muka gaarii qabaadhaa; firii gadhee argachuuf immoo muka gadhee qabaadhaa; Mukni cuftinuu firii isaatiin beekamaatii. 34 Isin ijoollee buutii nana! Isin warri hamoon akkamitti waan gaarii

[f]20 ykn *illadduu;* [g]20 ykn *liliphisu;* [h]22 ykn *iltii;* [i]23 ykn *maadeffatanii/ajaa' ibsiifatanii;* [j]25 ykn *dirii;* [k]29 ykn *duubatti;* [l]31 ykn *haraaramni ni kennama;* [m]33 ykn *midhaani mukaa dansa*

dubbachuu dandeettu? Waan garaa guute afaan dubbataatii. [35]Namni gaariin waan gaarii garaa isaa keessatti kuufame keessaa waan gaarii baasa. Namni hamaanis waan hamaa garaa isaa keessatti kuufame keessaa waan hamaa baasa. [36]Ani garuu isinittin hima; Guyyaa murtiitti namoonni dubbii akkuma argan dubbatan hundumatti ni gaafatamu. [37]Dubbii keetiin murtii qajeelaa argattaatii; dubbuma keetiinis sitti murama."

### Milikkita Yoonaasi

*12:39-42 Kwf ⇒ Luq 11:29-32*
*12:43-45 Kwf ⇒ Luq 11:24-26*

[38]Yommuus barsiistonni seeraatii fi Fariisonni tokko tokko, " Yaa barsiisaa, akka ati milikkita nu agarsiiftu barbaanna" isaan jedhan.

[39]Yesuusis deebisee akkana jedheen; "dhaloonni hamaa fi ejjaan[n] milikkita barbaada; Garuu milikkita Yoonaas raagichaa sana malee milikkinni tokkolleen hin kennamuuf. [40]Akkuma Yoonaas guyyaa sadii fi halkani sadii garaa qurxummii guddaa tokkoo keessa ture sun, Ilmi namaas guyyaa sadii fi halkan sadii garaa lafaa keessa ni turaatii. [41]Namoonni Nanawwee guyyaa murtiitti dhaloota kana waliin ka'anii itti muru. Isaan lallaba Yoonaasiitiin qalbii jijjiirrataniiruutii[o]. Kunoo, inni Yoonaasin caalu asi jira. [42]Mootuun kibbaa[p] guyyaa murtiitti dhaloota kana wajjiin kaatee itti murti. Isiin qarooma Solomooni dhagawuuf jettee daarii lafaatii kaatee dhufteertii. Kunoo, Inni Solomoonin caalu asi jira.

[43]"hafuuri xuraawaan yommuu nama keessaa bawutti, boqonnaa argachuuf jedhee lafa bisaan hin jirre keessa joora; Garuu tokkollee hin argatu. [44]Innis, 'mana kiyya isa ani keessaa ba'e sanatti nan deebia'a' jedha; Yommuu achi gawuttis manicha duwwaa ta'ee, qulqulleeffamee, midhaaffames argata. [45]Ergasiis dhaqee hafuurota biraa[q] torba kanneen isa caalaa hamoo ta'an fudhatee dhufa; Isaanis mana sanatti galanii achi jiraatu; Haalli namicha sanaa kan dhumaa isa jalqabaa caalaa hammaata; Dhaloonni hamaan kunis akkasuma ta'a. "

### Haadha Yesuusiitii Fi Obboleeyyan Isaa

*12:46-50 Kwf ⇒ Mar 3:31-35; Luq 8:19-21*

[46]Otuma Yesuus namootatti dubbachaa jiruu kunoo, haati isaatii fi obboleeyyan isaa isa waliin haasawuu barbaadanii ala dhadhaabachaa turan. [47]Namni tokkos, "Ilaa! haati teetii fi obboleeyyan kee si wajjiin haasawuu barbaadanii ala dhadhaabatu "jedhee itti hime.

[48]Yesuus deebisee, "haati tiyya

[n]39 ykn *hawadataan;* [o]41 ykn *cubbuu irraa deebi'aniiruutii;* [p]42 ykn *bitaa;* [q]45 ykn *dhibii*

eenyu? Obboleeyyan kiyyas
eenyu fa'a?" jedheen. 49Harka
isaas gara barattoota isaatti qa-
bee akkana jedhe; "Haati tiyyaa
fi obboleeyyan kiyya kunooti.
50Namni fedhii Abbaa kiyya isa
samii irraa raawwatu[r] martinuu
obboleessa kiyya; obboleettii
tiyyas; haadha tiyyas."

### Fakkeenna Namicha Sanyii Facaasuu

*13:1-15 Kwf ⇒ Mar 4:1-12; Luq 8:4-10*
*13:16, 17 Kwf ⇒ Luq 10:23, 24*
*13:18-23 Kwf ⇒ Mar 4:13-20; Luq 8:11-15*

**13** Guyyuma sana Yesuus
manaa ba'ee qarqara galaa-
nichaa taa'e. 2Tuunni namootaa
guddaan isa biratti walitti qa-
bame; innis bidiruu[s] seenee taa'e;
Namoonni cufti qarqara galaanichaa
dhadhaabachaa turan. 3Innis waan
baay'ee fakkeenyaan isaanitti hime;
Akkanas jedhe; "Kunoo, namichi
sanyii facaasu tokko sanyii facaasuu
dhaqe. 4Otoo inni facaasaa jiruus
sanyiin tokko tokko karaa irra
bu'e; simbirroonnis[t] dhufanii nyaatan.
5Garri kaan lafa qarsaa, bakka[u]
biyyee baay'ee hin qabnee irra
bu'e. sanyiini sunis sababii lafti
sun biyyee gadi fagoo hin qa-
baatiniif dafee biqile. 6Aduun
baanaan garuu ni xoolage; Hidda
gadi fagoo waan hin qabaatiniifis
ni goge. 7Sanyiin kaan immoo
qoraattii keessa bu'e; Qoraattiin
sunis guddatee isa hudhe[v]. 8Kaan
garuu biyyee dansaa irra bu'ee
firii[w] naqate; garri tokko firii
dhibba, kaan firii jaatama, kaan
firii soddoma naqate. 9Namni gurra
dhagawu qabu haa dhagawuu."
10Barattoonnis gara isaa dufanii,
"ati maaliif fakeennaan isaanitti
dubbattaa?" jedhanii isa gaafatan.
11Innis akkana jedhee deebi-
seef, "Icciitii[x] Mootummaa samii
beekuun isinii kennameera; isaaniif
garuu hin kennamne. 12Nama waa
qabuuf itti ida'amee ni kennama;
Irraa hafaas ni qabaata. Nama
waa hin qabne garuu wonni inni
qabuyyuu irraa fudhatama. 13Wonni
ani akkana jedhee fakkeenyaan
isaanitti dubbadhuufis kana:

"Isaani otuma ilaalanuu hin
argan;
Otuma dhageeffatanuus[y] hin
dhagayan
yookiin hin hubatan.

14Kanaaf raajiin[z] Isaayyaas dub-
bate sun isaan irratti raawwa-
tameera[a]. Innis akkana jedha:
" 'Dhagawuu inuma dhageettu,
garuu hin hubattan;
Arguus inuma argitu; garuu
hin qalbeeffattan.
15Mataan saba kanaa jabaat-
teeraatii;
gurri isaanii hin dhagawu;
ija[b] isaaniis dunuunfataniiru.

[r]50 ykn *guutu;* [s]2 ykn *hoboloo;* [t]4 ykn *simphirreeni;* [u] 5 ykn *fulaa;* [v]7 ykn *ukkaamse;* [w]8 ykn *midhaani baase;* [x]11 ykn *dhossaa;* [y]13 ykn *caqasanuu;* [z]14 ykn *himanni;* [a]14 ykn *yaa/guutame;* [b]15 ykn *ila*

Otoo akkas ta'uu baatee silaa
isaan ija isaaniitiin arganii,
gurra isaaniitiin dhaga'anii,
garaa isaaniitiinis hubatanii ,
ni deebi'u turan; anis isaan nan
fayyisa ture.'

[16]Iji keessan garuu waan arguuf eebbifamaadha; gurri keessanis waan dhagawuuf eebbifamaadha. [17]Ani dhuguma isinitti nan himaatii; raajonni[c] hedduunii fi qajeeltonni hedduun waan isin argitan kana arguu hawwaa turan; Garuu hin argine. Waan isin dhageessan kanas dhagawuu hawwaa turan; garuu hin dhageenne.

[18]"Egaa fakkeenyi namicha sanyii facaasuu maal akka ta'e dhaga'aa. [19]Namni tokko dubbii mootumichaa dhagayee yoo hubachuu baate, inni hamaan sun dhufee waan garaa namichaa keessatti facaafame sana fudhata. Sanyiin karaa irratti facaafame isa kana. [20]Sanyiin lafa qarsaa irratti facaafame, nama dhubbicha dhagayee yoosuma gammachuun fudhatuu dha. [21]Garuu inni waan hundee hin qabneef yeroo gabaabaa qofa tura. Yeroo rakkinni yookiin gaargallii sababii dubbichaatiif dhufuttis inni dafee gufata. [22]Sanyiin qoraattii keessatti facaafame sunis nama dubbicha dhagawu fakkaata. Garuu yaaddoon addunyaa kanaatii fi gowwoomsaan qabeennaa dubbicha hudhee firii naqachuu dhowwa. [23]Sanyiin biyyee gaarii irratti facaafames nama dubbicha dhagayee hubatu fakkaata; Innis firii naqata; Tokko firii dhibba, kaan firii jaatama; kaanis firii soddoma naqata."

### Fakkeenya Aramaa

[24]Yesuusis akkana jedhee fakkeenya dhibii isaanitti hime; "Mootummaan samii nama oobruu[d] isaa keessatti sanyii gaarii facaafate tokko fakkaata. [25]Garuu otoo namni martinuu rafuu diinni[e] namichaa dhufee qamadii[f] keessatti aramaa facaasee deeme.[26] Yeroo qamadiini sun guddatee firii naqatetti aramaanis ni muldhate.

[27]" Tajaajiltoonni[g] abbaa oobruu sanaas gara isaa dhufanii, 'gooftaa, ati oobruu kee keessatti sanyii gaarii hin facaafnee? Yoos aramaan eessaa dhufe ree?' jedhaniin.

[28]"Innis deebisee, 'diinatu kana hojjate' jedhe.

Tajaajiltoonnis, 'akka nu dhaqnee buqqifnu ni barbaaddaa ree?' jedhanii isa gaafatan.

[29]"Namichi garuu akkana jedhee deebiseef; 'otoo aramaa buqqiftanuu, akka isa waliin qamadii hin buqqifneef dhiisaa. [30]Hanga

[c]17 ykn *raagota;*

yeroo haamaatti lachanuu walumaan haa guddatanii. Anis yeroo sana warra midhaan haamaniin, "jalqabatti aramaa sana buqqisaa; Akka gubamuufis bissii bissiidhaan[h] hidhaa; Qamadicha garuu walitti qabaatii gootaraa kiyyatti naa naqaa" jedhee isaanitti nan hima' "

**Fakkeenna Raacitiitii Fi Sanyii Sanaaficaa**

*13:31, 32 Kwf ⇒ Mar 4:30-32*
*13:31-33 Kwf ⇒ Luq 13:18-21*

31 Yesuusis akkana jedhee fakkeenna biraa isaanitti hime; "Mootummaan samii firii sanaaficaa kan namni fuudhee oobruu isaa keessatti facaase tokko fakkaata. 32 Innis sanyii cufa irra xiqqaa dha; Yommuu guddatu garuu biqiltuu cufa calee muka ta'a; Simbirroonni samiis dhufanii damee isaa irratti mana ijaarratu."
33 Ammas akkana jedhee fakkeenya dhibii isaanitti hime; "Mootummaan samii raacitii[i] dubartiin tokko fuutee hanga inni guutummaatti bukaawutti daakuu safartuu sadiitti makte fakkaata."
34 Yesuus waan kana hundumaa fakkeennaan namootatti dubbate; Fakkeennaan malees waan tokkollee isaanitti hin dubbanne.
35 Kunis akka wonni raagichi,

"Ani fakkeenyaan afaan koo nanbanadha;
Waan gaafa addunyaan uumamtee jalqabee dhoffames nandubbadha"
jedhe sun fiixaan bawuuf ta'e.

**Hiikkaa Fakkeenna Aramaa**

36 Yesuusis tuuta namootaa achumatti dhiisee mana ol seene. Barattoonni isaas gara isaa dhufanii," Hiikkaa fakkeenya aramaa oobruu keessaa sana nutti himi" jedhaniin.
37 Innis akkana jedhee deebise; "Namichi sanyii gaarii facaase sun Ilma namaa ti; 38 Oobruun sun biyya lafaa ti; Sanyiin gaariinis ijoollee mootummichaa ti; Aramaan sun immoo ijoollee isa hamaa sanaa ti. 39 Diinni Aramaa facaases sheexana. Yerooni haamaas dhuma biyya lafaa ti; Warri haamanis Maleekkota Waaqayyoo ti.
40 "Akkuma aramaan walitti qabamee ibiddaan gubamu sana, dhuma biyya lafaattis akkasuma ta'a. 41 Ilmi namaa Maleekkota isaa ni erga; Isaanis waan burqaa cubbuu ta'e maraa fi warra waan hamaa hojjatan mara mootummaa isaa keessaa baasanii walitti qabu. 42 Boolla ibiddaattis isaani darbatu; achittis namoonni ni boo'u; ilkaan isaaniis ni qaru. 43 Yeroo sana qajeeltonni, mootummaa Abbaa isaanii keessatti akka

[d]24 ykn *maasii/maasaa;* [e]25 ykn *nyaaphii;* [f]25 ykn *dargaayyee;* [g]27 ykn *hojjattoonni,* [h]30 ykn *hammaarroo hammaarroon;* [i]33 ykn *bukoo;*

biiftuu ni ifu; Namni gurra dhagawu qabu haa dhagawuu.

**Fakkeenya Qabeenya Dhoffameetii Fi Lulaa**

44"Mootummaan samii qabeenya oobruu keessatti dhoffame fakkaata. Namni tokkos qabeenya kana argatee deebisee dhosse; Innis waan akka malee gammadeef dhaqee waan qabu cufa gurguree oobruu sana bitate.

45"Akkasumas mootummaan samii daldaltuu lula[j] dansaa barbaaddu tokko fakkaata. 46Daldaltuun sunis lula gatii guddaa tokko argatte; innis dhaqee waan qabu hundumaa gurguree lula sana bitate.

**Fakkeenya Xaxoo**

47"Akkasumas Mootummaan samii xaxoo galaanatti darbatamee qurxummii gosa mara walitti qabe fakkaata. 48Yeroo xaxoon sun guutamettis qurxummii qabdoonni gara qarqara Galaanaatti isa harkisan. Eegasiis tataa'anii qurxummii gagaarii filanii qodaa isaaniitti naqatan. Qurxummii gadhee immoo ni gatan. 49Dhuma biyya lafaattis akkasuma ta'a. Maleekkonni Waaqayyoos dhufanii warra hamoofi warra qajeeltota gargari baasu. 50Warra hamoo sana boolla ibiddaatti darbatu; achittis namoonni ni boo'u; ilkaan isaaniis ni qaru."

51Yesuusis, "Waan kana cufa hubattaniirtuu?" jedhee isaan gaafate.

Isaanis, "eeyee!" jedhanii deebisan.

52Innis, "Kanaaf barsiisaan seeraa kan barataa mootummaa samii ta'e kamiyyuu abbaa manaa kan qabeenya haarayaa fi mofaa[k] mana mi'a isaa keessaa gadi baasu tokko fakkaata" jedheen.

**Raajaa Tuffatame**

*13 : 54 - 58 Kwf ⇒ Mar 6 : 1 - 6*

53Yesuus erga fakkeenna kana dubbatee fixatee booddee achii ka'ee deeme.54Innis gara biyya isaa dhaqee mana sagadaa isaanii keessatti namoota barsiisuu jalqabe. Isaanis maadeffatanii akkana jedhan; "Namichi kun ogummaa kanaa fi humna ittiin hujii maadee hojjatu kana eessaa argate? 55Inni ilma anaaxii[l] sanaatii mitii? Haati isaas Maariyaam jedhamtii mitii? Obboleeyyan isaas Yaaqoob, Yooseef, Simoonii fi Yihuudaa mitii? 56Obboleettonni isaa hundinuu nu bira jiruu mitii? Yoos namichi kun waan kana hundumaa eessaa argate ree?" 57 Isaanis isatti gufatan.

Yesuus garuu, "Raagni tokko biyya isaatii fi mana isaatti malee bakka cufatti ulfinna qaba" jedheen. 58Innis sababii amantii[m] dhabiisa isaaniitiif hujii dinqii

[j]45 ykn *dooqa/callee;* [k]52 ykn *dullacha;* [l]55 ykn *namicha muka bocu/ soofu;* [m]58 ykn *dhugeeffachaa*

hedduu achitti hin hojjanne.

### Ajjeefamuu Yohaannis Cuuphaa

*14 : 1 - 12 Kwf ⇒ Mar 6 : 14 - 29*

**14** Bara sana Heroodis bulchaan kutaa afuraffaa oduu waayee Yesuusi dhaga'e. 2Innis tajaajiltoota[n] isaatiin, "Kun Yohaannis cuuphaa dha; Inni warra du'an keessaa kaafameera! sababiin inni hujii dinqii[o] kana hojjatuufis kanuma" jedhe.

3Heroodis sababii niitii obboleessa isaa Filiphoosii, sababii Heroodiyaadaatiif jedhee Yohaannisin qabee, Sansalataan[p] hidhee mana hidhaatti isa galchee ture. 4Yohaannisis Heroodisiin, "ati isii fuudhuuni kee seeraa miti "jechaa tureetii. 5Heroodisis Yohaannisin ajjeesuu barbaadee ture; garuu sababii namoonni Yohaannisin akka raagaatti[q] ilaalaa turaniniif isaan sodaate.

6Intalli Heroodiyaadaa guyyaa ayyaanni dhaloota Heroodisi itti kabajame sana fuula keessummootaa duratti sirbitee Heroodisin gammachiifte. 7Innis waan ishiini barbaadde hundumaa akka ishiif kennu kakatee waadaa seene. 8Intalattiinis haadha ishiitiin gorfamtee[r], "mataa Yohaannis cuuphaa gabatee[s] irra kaayii naa kenni" jetteen. 9Mootichis ni gadde[t]; Garuu sababii kakuu isaatii fi keessummoota isa waliin turaniitiif jedhee akka wonni ishiini barbaadde sun ishiif kennamu ajaje. 10Innis nama ergee mana hidhaa keessatti mataa Yohaannisi kuchisiisee. 11Mataan isaas gabatee irra kaa'amee fidamee intalattiitti kenname; Isiinis haadha isiitti geessite. 12Barattoonni Yohaannisiis dhufanii reefa isaa fuudhanii awwaalan; dhaqaniis Yesuusitti himan.

### Yesuus Nama Kuma Shaniif Nyaata Kennuu Isaa

*14:13-21 Kwf ⇒ Mar 6:32-44; Luq 9:10-17; Yoh 6:1-13*
*14:13-21 Wbq ⇒ Mat 15:32-38*

13Yesuus yommuu waan kana dhaga'etti achii ka'ee kophaa isaa hoboloon[u] bakka[v] qoomnii[w] tokko dhaqe. Namoonnis yommuu waan kana dhagayanitti magaalotaa[x] ka'anii miilaan isa hordofan. 14Yesuusis akkuma hoboloo irraa bu'een namoota baay'ee arge; innis garaa laafeefii, dhukkubsattoota[y] isaanii fayyiseef.

15Galgaluma sana barattoonni gara isaa dhufanii, "lafti kun ona[z]; Aduunis dhiiteerti. Namoonni kunneen gara gandootaa dhaqanii akka nyaata bitataniif isaan ergi" jedhaniin.

[n]2 ykn *hojjattoota;* [o]2 ykn *baasaa/ mamaa;* [p]3 ykn *haada sibiilaatiin/ sinsilaataan/ fooncaan;* [q]5 ykn *raajaatti;* [r]8 ykn *qajeelfamte;* [s]8 ykn *qorii;* [t]9 ykn *laaleffate;* [u]13 ykn *bidiruu;* [v]13 ykn *fulaa;* [w]13 ykn *lafa namni hinjirre;* [x]13 ykn *dira;* [y]14 ykn *worra fayyaa hinqabne;* [z]15 ykn *aloo*

16 Yesuusis deebisee, "Achi
dhaquun isaan hin barbaachisu;
Ofuma keessanii waan isaan
nyaatan kennaafii" jedheen.

17 Isaanis, "nu buddeena shanii
fi qurxummii lama qofa asii qabna"
jedhaniin.

18 Yesuusis, "Waanuma qabdan
natti fidaa" jedhe. 19 Innis akka
namooni sun marga[a] irra tataa'an
ajaje. Buddeena shananii fi qurxum-
mii lamaan sanas fuudhee erga
gara samii ol-ilaalee galateef-
fatee booddee[b] caccabsee barat-
toota isaatti kenne. Barattoonni
immoo namoota sanaaf kennan.
20 Hundi isaaniis nyaatanii quu-
fan; barattoonnis hambaa hur-
raa'aa[c] gundoo kudhanii-lama
guutuu walitti qaban. 21 Warri
nyaatanis dubartootaa[d] fi ijoollee
malee gara namoota kuma shanii
turan.

### Yesuus Bishaan Irra Deeme

*14:22-33 Kwf ⇒Mar 6:45-51; Yoh 6:16-21*
*14:34-36 Kwf ⇒ Mar 6:53-56*

22 Yesuusis hanga namootaa
uf-irraa geegessutti akka barat-
toonni bidiruu yaabbatanii isa dura
dabranii yeruma sana gama
ce'aniif[e] isaan ajaje. 23 Innis eegii
namoota of irraa galchee bood-
dee Waaqa kadhachuuf jedhee
kophaa isaa gaaratti ol
ba'e.Yommuu lafti galgalaa'es
kophuma isaa achi ture. 24 Yeroo
kanatti garuu bidiruun sun walak-
kaa galaanaa turte. Sababii bub-
been jabduun fuula ishii duraan
itti bubbifteef bidiruun sun dha-
waa bishaaniitiin asiifi achi
dadarbatamaa turte.

25 Yesuusis halkan keessaa
kutaa afuraffaatti galaana irra
deemaa gara isaanii dhufe.
26 Barattoonnis yommuu isaa
galaana irra deemu arganitti
baay'ee na'an; Sodaataniis, "kun
ekeraadha" jedhanii iyyan.

27 Yesuus garuu, "jabaadhaa,
anumaatii! hin sodaatinaa! " jed-
hee yommusuma isaanitti dub-
bate.

28 Pheexiroosis, "Yaa gooftaa!
erga si'i ta'e, akka ani bisaan irra
deemee gara kee dhufu na ajaji"
jedheen.

29 Yesuusis, "Koottu" jedheen.

Pheexiroosis bidiruu sana irraa
bu'ee bisaan irra deemaa gara
Yesuusi dhufe. 30 Yommuu bubbee
jabaa sana argetti garuu ni so-
daate; liqimfamuu jalqamnaanis"
yaa gooftaa na oolchi!" jedhee
iyye.

31 Yesuusis yommusuma hiix-
atee[f] isa qabee "namicha amantii[g]
diqqoo nana ati maaliif mamte?"
jedheen.

32 Yommuu isaan bidiruu
yaabbatanittis bubbeeni sun calli
jedhe[h]. 33 Warri bidiruu sana keessa

[a]19 ykn *buuyyoo;* [b]19 ykn *duubatti;* [c]20 ykn *caccabaa;* [d]21 ykn *nadheeni;* [e]22 ykn *taakkaniif ;* [f]31 ykn *hiixeffatee;* [g]31 ykn *dhugeeffachaa;* [h]32 ykn *incallifte*

turanis, "Ati dhuguma Ilma Waaqay-
yoo ti!" jedhanii isaaf sagadan.
**34**Isaanis galaanicha ce'anii
Genesereexitti bidiruu irraa bu'an.
**35**Namoonni bakka sanaas yoom-
muu isa beekanitti naannoo bi-
yya sanaa cufatti ergaa erganii
warra dhukkubsatan cufa isatti
fidan. **36**Akka dhukkubsattoonni
sun handaara wayaa isaa tuqani-
ifis isa kadhatan; Warri handaara
wayaa isaa tuqan hundinuus ni
fayyan.

**Waan Qulqulluu fi waan xuraawaa**
*15:1-20 Kwf ⇒ Mar 7:1-23*

**15** Fariisonnii fi barsiisonni
seeraa tokko tokkoYeru-
saalemii gara Yesuusi dhufanii,
**2**"Barattoonni kee maaliif bartee[i]
maanguddootaa cabsu? Isaan otoo
buddeena hin nyaatiniin dura harka
hin dhiqataniitii!" jedhan.
**3**Yesuusis akkana jedhee dee-
bisee; "Isin maaliif bartee kees-
saniif jettanii ajaja Waaqayyoo
cabsitu? **4**Waaqayyo 'abbaa keetii
fi haadha teetiif ulfinna kenni;
Namni abbaa isaatii fi haadha
isaa arrabsu kamiyyuu haa ajjee-
famuu' jedhee ajajeeraatii. **5**Isin
garuu namni abbaa isaatiin yookiin
haadha isaatiin, 'wonni ati silaa
na biraa argachuu qabdu hundi
Waaqayyoof kennameera' yoo
jedhe, abbaa isaatiif ulfinna ken-
nuun isa hin barbaachisu jettu.
**6**Kanaaf isin bartee keessaniif
jettanii seera Waaqayyoo cab-
situ. **7**Isin fakkeessitootanana[j],
Isaayyaas waayee keessan raajii
dubbachuun[k] isaa sirrii dha. In-
nis akkana jedhe:

**8**" 'Uummanni kun afaan isaatiin
na ulfeessa;
garaan isaa garuu narraa
fagoo jira;
**9**Isaan akkanumaan na Waaqef-
fatu;
Barsiisni isaaniis seera
namni baasee dha.' "

**10**Yesuusis namoota sana ofitti
waamee akkana jedheen; "dhaga'aa;
hubadhaas! **11**Waan afaan namaa
keessaa bawuttu nama xureessa
malee, wonni afaan namaa seenu
nama hin xureessu."
**12**Barattoonnis gara isaa dhu-
fanii, "Ati akka Fariisonni dubbii
kana dhaga'anii gufatan beettaa?"
jedhanii gaafatan.
**13**Innis deebisee akkana jedhe;
"Biqiltuun Abbaan koo inni samii
irraa hin dhaabin martinuu ni
buqqifama. **14**Waayee isaanii
dhiisaa; Isaan jaamota jaamota
dura deemaniidha. Namni jaamaan
tokko jaamaa dhibii[l] dura deem-
naan lachanuu boolla bu'u."
**15**Pheexiroosis, "mee hiikkaa
fakkeenya kanaa nuu ibsi" jed-
heen.

[i]2 ykn *aadaa/dudhaa;* [j]7 ykn *kijjibdoota tana;* [k]7 ykn *faguuni;* [l]14 ykn *gara biraa*

16 Yesuusis akkana jedheen;
"Isinuu hanga ammaatti hin hu-
bannee? 17 Wonni afaaniin lixu
kamiyyuu garaa seenee achu-
maan dabree nafa keessaa akka
bawu hin beettanii? 18 Wonni
afaanii bawu garuu garaa namaa
keessaa ba'a; namas ni xureessa.
19 sababiin isaas yaanni hamaan,
nama ajjeessuun, ejji[m], halalum-
maan[n], hanni, dharaan dhugaa
bawuun, maqaa nama ballees-
suun garaa namaa keessaa ba'a.
20 Isaan kanatu nama xureessa
malee otoo harka hin dhiqatin
waa nyaachuun nama hin xureessu."

### Amantii Dubartii Kana'aani Tokkoo

*15:21-28 Kwf ⇒ Mar 7:24-30*

21 Yesuus bakka[o] sanaa ka'ee
gara biyya Xiiroosii fi Siidoonaa
dhaqe. 22 Kunoo, dubartiin[p]
Kana'aani tokko biyya sanaa gara
isaa dhuftee, "Yaa gooftaa, yaa
Ilma Daawiti, intalli tiyya jin-
niidhaan qabamtee akka malee
dhiphachaa jirti; garaa naa laafi!"
jettee iyyite.
23 Yesuus garuu deebii tokkol-
lee hin kennineef; Barattoonni
isaas gara isaa dhufanii, "Kunoo
ishiin nutti iyyaa nu faana deem-
tiitii nurraa deebisi" jedhanii isa
kadhatan.
24 Inni immoo, "ani hoolota[q] mana
Israa'elii kanneen badan sana
qofaaf ergame" jedhee deebise.
25 Dubartiin sunis dhuftee fuula
isaa duratti jilbiinfattee, "Yaa gooftaa
na gargaari!" jette.
26 Innis, "buddeena ijoollee fuud-
hanii saroota dura buusuun sirrii
miti" jedhee deebise.
27 Isiinis deebiftee,"eeyee yaa
gooftaa, saroonnis hurraa'aa maad-
dii[r] gooftota isaanii irraa harca'u
nyaatu" jette.
28 Yesuusis, "dubartiinana amanti-
in[s] kee guddaa dha; Akkuma
fedhii keetii siif haa tawuu"
jedhee deebise. Intalli isiis
sa'aatiidhuma sana fayyite.

### Yesuus Nama Kuma Afuriif Nyaata Kennuu Isaa

*15:29-31 Kwf ⇒ Mar 7:31-37*
*15:32-39 Kwf ⇒ Mar 8:1-10*
*15:32-39 Wbq ⇒ Mat 14:13-21*

29 Yesuusis achii ka'ee gara
galaana Galiilaa dhaqe; Tulluut-
tis ol ba'ee taa'e. 30 Namoonni
hedduunis warra okkolan, warra
jaaman, warra naafatan, warra
arrabni isaanii dubbachuu dideefi
kanneen biraa hedduu fidanii
miila Yesuusi jala kaa'an; Innis
isaan fayyise. 31 Namoonni sunis
yommuu akka arrab-didoonni
dubbatan, warri naafatan fayyan,
warri okkolan deeman, warra
jaamaniif immoo akka iji[t] isaanii
baname arganitti ni dinqifatan[u];

[m]19 ykn *hawadiini,* [n]19 ykn *algalum-maani,* [o]21 ykn *fulaa;* [p]22 ykn *niitiini;* [q]24 ykn *ooliyyee;* [r]27 ykn *hambaa gololaa;* [s]28 ykn *dhugeeffachaani;* [t]31 ykn *iltii;* [u]31 ykn *maadeffatani/ ajaa'ib-siifatani*

Waaqa Israa'eliitiifis ulfinna kennan.

**32**Yesuus barattoota isaa ufitti waamee, "Ani namoota kanneeniif nan gadda[v]; Isaan guyyaa sadii na bira turan; waan nyaatan tokkollee hin qaban; Akka isaan karaa irratti hin kukkufneefis[w] ani agabuu isaanii gad-isaan dhiisuu hin barbaadu" jedhe.

**33**Barattoonni isaas deebisanii, "buddeena tuuta guddaa akkanaa quubsuu danda'u lafa aloo[x] kana keessatti eessaa arganna?" jedhan.

**34**Yesuusis, "buddeena hagam qabdu?" jedhee isaan gaafate.

Isaanis, "buddeena torbaa fi qurxummii xixiqqoo muraasa[y] qabna" jedhaniin.

**35**Innis akka namoonni sun lafa tataa'an ajaje. **36**Buddeena torbanii fi qurxummii sana fuudhees erga Waaqa galateeffatee booddee caccabsee barattootatti kenne; Barattoonnis namootaaf kennan. **37**Hundi isaaniis nyaatanii quufan. Eegasiis barattoonni hambaa hurraa'aa gundoo torba guutuu walitti qaban. **38**Lakkoobsi[z] warra nyaataniis ijoollee fi dubartoota malee nama kuma afuri ture. **39**Yesuus erga tuuta sana of irraa geegessee booddee bidiruu[a] yaabbatee biyya Magdalaa dhaqe.

### Milikkinni Gaafatamuu Isaa

*16 : 1 - 12 Kwf ⇒ Mar 8 : 11 - 21*

**16** Fariisonnii fi Saduuqonni gara Yesuusii dhufan akka inni milikkita samii irraa isaan agarsiisu isa gaafachuudhaan isa qoran.

**2**Innis deebisee akkana jedhe; "Isin yeroo lafti galgalaa'utti, 'Samiin diimateera; caama ta'a' jettu. **3**Ganama immoo, 'hardha samiin diimateera; duumessis gurraacha'eera[b]; Kanaaf bokkaan jabaan ni rooba' jettu. Isin bifa samii ilaaltanii waan dhufu himuu nidandeettu. Garuu hiikkaa milikkita baraa beekuu hin dandeettan. **4**Dhaloonni hamaa fi ejjaan[c] milikkita barbaada; Garuu milikkita Yoonaasi malee milikkinni biraa hin kennamuuf." Yesuusisi achumatti isaan dhiisee deeme.

### Raacitii Fariisotaatii fi Saduuqotaa

**5**Barattoonni eegii galaanicha ce'anii booddee[d] akka buddeena fudhachuu irraanfatanii[e] dhufan hubatan. **6**Yesuusis, "beekkadhaa! raacitii[f] Fariisotaatii fi Saduuqotaa irraa of-eegadhaa" jedheen.

**7**Isaanis," inni sababii nu buddeena tokkollee hin fidatiniif akkana jedha" jedhanii waliin dudubbatan.

[v]32 ykn *in laaleffadha;* [w]32 ykn *hin jijjinneef;* [x]33 ykn *onaa;* [y]34 ykn *takkee tokko;* [z]38 ykn *herregni/laakkofsi;* [a]39 ykn *hoboloo;* [b]3 ykn *duumansi ya gurraatta'e;* [c]4 ykn *hawadataani;* [d]5 ykn *taakkanii duubatti;* [e]5 ykn *dedhanii;* [f]6 ykn *bukoo*

[8]Yesuus garuu waan isaan dub-
batan hubatee akkana jedhe; "Yaa
warra amantii[g] diqqoonana! isin
maaliif waayee buddeena dhabuu
keessanii walitti dudubbattu? [9]Isin
ammallee hin hubattanii? bud-
deenni shan nama kuma shaniif
dhiyeeffamee hambaa hurraa'aa[h]
gundoo hagam akka walitti qab-
dan hin yaadattanii[i]? [10]Yookaan
buddeenni torba nama kuma
afuriif dhiyeeffamee hambaa
hurraa'aa gundoo hagam akka
walitti qabdan hin yaadattanii?
[11]Akka Wonni ani isinitti dub-
bachaa ture sun waayee bud-
deenaa hin ta'in isin akkamitti
hubachuu dandhabdani? Raacitii
Fariisotaatii fi Saduuqotaa irraa
uf-eegadhaa." [12]Isaanis ergasii
akka inni akka isaani raacitii
buddeenaa irraa uf eegataniif
otoo hin ta'in akka barsiisa Fari-
isotaatii fi saduuqotaa irraa uf-
eegataniif isaanitti himaa ture
hubatan.

### Pheexiroos Waayee Kiristoosii Dhugaa Ba'e

*16:13-16 ⇒ Mar 8:27-29; Luq 9:18-20*

[13]Yesuus yeroo gara biyya
Qisaariyaa Filiphoosi dhufetti,
"namoonni ilma namaatiin eenyu
jedhu?" jedhee barattoota isaa
gaafate.
[14]Isaanis deebisanii, "namoonni
tokko tokko inni Yohaannis
Cuuphaadha jedhu; Warri kaan
inni Eliyaasi jedhu; Kaan immoo
inni Ermiyaas yookiin raagota[j]
keessaa isa tokkoo dha jedhu"
jedhaniin.
[15]Yesuusis, "Isin immoo, Ee-
nyu naan jettu?"jedhee gaafate.
[16]Simoon Pheexiroosis deebi-
see, "Ati Kiristoos, Ilma Waaqa
jiraataa ti" jedheen.
[17]Yesuusis akkana jedheen; "
Yaa Simoon ilma Yoonaa, ati
eebbifamaa dha; Kana Abbaa
kiyya isa samii irraattu sitti
muldhise malee namaa miti.
[18]Ani sitti hima; ati Pheexiroos;
Qarsaa kana irratti waldaa
kiristiyaanaa kiyya nanijaaraa;
humni du'aas isa hin moo'atu.
[19]Furtuu Mootummaa samii siif
nan kenna; Wonni ati lafa irratti
hiite kamiyyuu samii irratti ni
hidhama; Wonni ati lafa irratti
hiitte kamiyyuu samii irratti ni
hiikama." [20]Eegasiis akka isaan
akka inni Kiristoos ta'e nama
tokkottillee hin himneef barat-
toota isaa akeekkachiise[k].

### Yesuus Duraan Dursee Waayee Du'a Isaa Dubbate

*16:21-28 Kwf ⇒ Mar 8:31-9:1; Luq 9:22-27*

[21]Yesuusis yeroo sanaa jalqa-
bee akka Yerusaalem dhaqee
harka maanguddootaatti, harka
luboota hangafootaatii[l] fi harka
barsiistota seeraatti akka-malee

[g]8 ykn *dhugeeffachaa;* [h]9 ykn *caccabaa,* [i]9 ykn *hin qaabattanii;* [j]14 ykn *raajota;* [k]20 ykn *seera;* [l]21 ykn *qaallolee gugurdoo*

dhiphachuu qabu, akka ajjeefamuu
qabuu fi akka guyyaa sadaffaat-
timmoo du'aa kaafamuu qabu
barattoota isaatiif ibsuu jalqabe.
22Pheexiroosis kophaatti isa
waamee, "yaa gooftaa, Waaqayyo
si haa oolchuu! kun matumaa[m]
sitti hin dhufin" jedhee isatti
dheekkamuu jalqabe.
23Yesuus garuu ufirra garagalee
Pheexiroosiin, "Sheexana nana! fuula
kiyya duraa deemi! Ati gufuu
natti taateerta; Ati kan namaa
yaadda malee kan Waaqayyoo
hin yaadduutii" jedheen.
24Eegasiis Yesuus barattoota
isaatiin akkana jedhe; "Namni
kamiyyuu yoo na hordofuu bar-
baade, inni ufi haa ganuu[n]. Fan-
noo isaa baadhatees ana haa hor-
dofuu. 25Namni lubbuu isaa ool-
fachuu barbaadu kamiyyuu lub-
buu isaa ni dhabaatii; garuu
namni naaf jedhee lubbuu isaa
dhabu kamiyyuu lubbuu isaa ni
argata. 26Namni tokko yoo biyya
lafaa guutuu argatee lubbuu isaa
immoo dhabe bu'aani isaa maalii?
Yookiin namni tokko qooda lub-
buu isaa maal kennuu danda'a?
27Ilmi namaa ulfinna Abbaa
isaatiin maleekkota isaa waliin
dhufuuf jiraatii; Innis yeroo sana
tokkoo tokkoo namaatiif akkuma
hujii isaatti gatii isaa ni kenna.
28Ani dhuguman isinitti hima;
Warra asi dhadhaabatan kanneen
keessaa namoonni tokko tokko
hanga otoo Ilmi namaa mootum-
maa isaatiin dhufuu arganitti hin
du'an.

**Bifti Yesuusi Jijjiiramuu Isaa**

*17:1-8 Kwf ⇒ Luq 9:28-36*
*17:1-13 Kwf ⇒ Mar 9:2-13*

**17** Yesuusis guyyaa ja'a
booddee[o] Pheexiroosin,
Yaaqoobii fi obboleessa Yaaqoobii
Yohaannisin fudhatee kophaa
isaanii tulluu dheeraa tokkotti ol
baase. 2Innis achitti fuula isaanii
duratti jijjiirame; Fuulli isaa
akka biiftuu ibse; Uffanni isaas
akkuma ifaa addaate. 3Yeruma
sana Muusee fi Eliyaas otoo
Yesuus wajjiin dudubbatanuu
isaanitti muldhatan.
4Pheexiroosis Yesuusiin "Yaa
gooftaa, asi jiraachuun nuuf
gaarii dha; Yoo fedhii kee ta'e
daasii[p] sadii jechuunis tokko siif,
tokko Muuseef, tokko immoo
Eliyaasiif asitti nan ijaara" jedhe.
5Otuma inni dubbachaa jiruus
kunoo, duumessi[q] ifaan tokko
isaan dhosse; Duumessicha kees-
saas sagaleen[r] tokko" kun Ilma
kiyya isa ani jaaladhuu dha; anis
baay'ee isatti nan gammada; is-
inis isa dhagayaa" jedhe.
6Barattoonnis yommuu waan
kana dhaga'anitti na'anii adda
isaaniitiin lafa dha'an. 7Yesuus

[m]22 ykn *akkanallee jedhee;* [n]24 ykn haa *mormatuu;* [o]1 ykn *duubatti;* [p]4 ykn *gosee /godoo;* [q]5 ykn *duumansa;* [r]5 ykn *qoonqoo /qoonqa*

garuu gara isaanii dhufee, isaan tuttuqee, "ka'aa! hin sodaatinaas" jedheen. 8 Isaanis yommuu ol jedhanii ilaalanitti Yesuusin malee nama tokkollee hin argine.

9 Otoo tulluu sana irraa bu'uutti jiranuus Yesuus, "hanga Ilmi namaa warra du'an keessaa kaafamutti waan argitan sana nama tokkottillee hin himinaa" jedhee isaan seere.

10 Barattoonnis,"Yoos barsiistonni seeraa maaliif Eliyaas duraan dursee dhufuu qaba jedhu ree?" jedhanii isa gaafatan.

11 Yesuusis deebisee akkana jedhe; "dhugumaan, Eliyaas waan cufa bakkatti[s] deebisuuf jedhee duraan dursee ni dhufa. 12 Ani garuu isinittin hima; Eliyaas ammayyuu dhufeera; Isaanis isa hin hubanne. Garuu waanuma barbaadan isa irratti raawwataniiru[t]; Ilmi namaas akkasuma harka isaaniitti dhiphachuuf jira." 13 Barattoonnis ergasii akka wonni inni isaanitti dubbachaa ture sun waayee Yohaannis cuuphaa ta'e hubatan.

### Gurbaa Gaggabdoodhaan Qabame Tokko

*17:14-19 Kwf ⇒ Mar 9:14-28; Luq 9:37-42*

14 Yommuu isaan gara tuuta sanaatti deebi'anittis namichi tokko gara Yesuusi dhufee fuula isaa duratti jilbiinfatee akkana jedhe; 15 "Yaa Gooftaa, ilmi kiyya dhukkuba gaggabdootiin[u] qabamee akka malee dhiphachaa jiraatii naa maari; Yeroo tokko tokko ibidda keessatti kufaatii[v]**;** yeroo kaan immoo bishaan keessatti kufa. 16 Ani barattoota keetti isa fidee ture; Isaani garuu fayyisuu hin dandeenye."

17 Yesuusis deebisee, "Isin dhaloota hin amannee[w] fi jaldhaanana; Ani hanga yoomiitti isin waliin jiraadha? Hanga yoomiittis ani isinii obsa? Gurbicha asi natti fidaa!" jedheen. 18 Yesuusis jinnii sanatti dheekkame; jinniin sunis gurbaa sana keessaa ba'e; Gurbichis yeruma sana fayye.

19 Ergasiis barattoonni kophaa isaanii gara Yesuusi dhufanii, "nu maaliif jinnii sana baasuu dadhabne?" jedhanii isa gaafatan.

20 Innis akkana jedhee deebise; "Sababii amantiin keessan xiqqaateefiidha. Ani dhuguma isinitti hima; Isin otoo amantii xiqqaa hanga firii sanaaficaallee[x] qabaattanii gaara kanaan,' asii ka'ii achi dabri' jechuu ni dandeessu; Innis ni dabra. Wonni isinii hin danda'amne tokkoyyuu hin jiru. 21 Jinniin akkanaa garuu soomaa fi kadhannaadhaan malee hin bawu.

22 Yeroo Galiilaatti walitti qabamanittis Yesuus akkana isaaniin jedhe; "Ilmi namaa dabarfamee

[s]11 ykn *fulaatti;* [t]12 ykn *hojjatan;* [u]15 ykn *gaggabduutiin;* [v]15 ykn *jigaatii;* [w]17 ykn *hin dhugeeffannee;* [x]20 ykn *midhaani dambiillee*

harka namootaatti ni kennama;
[23]Isaanis isa ni ajjeesu; Innis
guyyaa sadaffaatti du'aa ni
kaafama."Barattoonnis akka
malee gaddan[y].

**Gibira Mana Qulqullummaa**

[24]Yommuu Yesuusii fi baratttoonni isaa Qifirnaahom ga'anitti warri gibira walitti qaban gara Pheexiroosi dhufanii, "barsiisaan keessan gibira mana qulqullummaa hin baasuu?" jedhanii gaafatan.

[25]Innis deebisee, "ni baasa" jedheen.

Yesuus yommuu Pheexiroos mana seenetti duraan dursee akkana jedhe; "Yaa Simoon ati maal yaadda? Mootonni biyya lafaa eenyu irraa qaraxaa fi gibira walitti qabu? Ijoollee isaanii irraa moo warra dhibii irraa walitti qabu?"

[26]Pheexiroosis deebisee, "warra dhibii irraa walitti qabu" jedhe.

Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "Yoos ijoolleen isaanii waan tokkollee hin baasan.
[27]Garuu
akka isaan nutti hin mufanneef dhaqiitii ookkoo ittiin qurxummii qaban galaanatti darbadhu; Qurxummii jalqabatti qabdus fuudhi. Yommuu afaani isaa bantuttis meetii argatta; Meetii sanas geessiitii gibira kootii fi gibira kee isaanitti nuu kenni."

**Namni Nama Hundumaa Caalu Eenyu**

*18:1-5 Kwf ⇒ Mar 9:33-37; Luq 9:46-48*

**18** Yommus barattoonni gara Yesuusi dhufanii, "Mootummaa samii keessatti namni nama hundumaa caalu eenyu?" jedhanii gaafatan.

[2]Innis daa'ima diqqaa tokko ofitti waamee isaan jidduu dhaabachiise.
[3]Akkanas jedhe; "Ani
dhuguman isinitti hima, isin yoo jijjiiramtanii akka daa'imman didiqqoo ta'uu baattan matumaa[z] mootummaa samiitti hin galtan.
[4]Kanaaf namni akka daa'ima kanaa gadi of-qabu kamiyyuu mootummaa samii keessatti nama cufa caala.

[5]"Namni daa'ima xiqqaa akkanaa tokko maqaa kiyyaan simatu kamiyyuu na simata.
[6]Garuu
nama warra natti amanan[a] xixiqqaa kanneen keessaa tokkollee gufachiisu kamiyyuu dhagaani daakuu guddaan isaa mormaa isaatti hidhamee tuujuba[b] galaanaa keessa buufamuuttu isaa wayya.

[7]"Sababii waan akka namoonni cubbuu hojjatan godhu sanaatiif biyya lafaatiif wayyoo! Wonni akkanaa dhufuu qaba; Garuu nama wonni kun karaa isaatiin dhufu sanaaf wayyoo!
[8]Yoo Harki
kee yookiin miilli kee akka ati

[y]23 ykn *laaleffatan;* [z]3 ykn *akkanallee jettanii;* [a]6 ykn *dhugeeffatan;* [b]6 ykn *dhimmuu*

cubbuu hojjattu si godhe, of- irraa
kutii gati; Harka lama yookiin
miila lama qabaattee ibidda bara-
baraatti darbatamuu irra naafa
yookiin okkolaa taatee jireenya
barabaraatti galuu sii wayya.
9 Yoo Ijji kee[c] akka ati cubbuu
hojjattu si godhe of-keessaa baasii
gati; Ija lama qabaattee ibidda
barabaraatti darbatamuu irra ija
tokko qabaattee jireenyatti galuu
sii wayya.

### Fakkeenya Hoolaa Badee

*18:12-14 Kwf ⇒ Luq 15:4-7*

10 "Warra xixiqqoo kanneen kees-
saa tokkollee akka hin tuffanneef
of-eegadhaa. Ani isinitti nan
hima; Maleekkonni isaanii samii
irratti yeroo mara fuula Abbaa
kiyya isa samii irraa ni arguutii.
11 Ilmi namaa isa bade oolchuud-
haaf dhufeetii.
12 "Maal isinitti fakkaata? Namni
tokko yoo hoolaa dhibba qabaatee,
hoolota[d] sana keessaas tokko yoo
bade, namichi sun sagaltamii
sagallan hafan kaan gaarota ir-
ratti dhiisee tokkichi bade sana
barbaaduu hin dhaquu? 13 Ani
dhuguman isinitti hima; Inni
yommuu argatutti hoolota sagal-
tamii sagallan hin badin caalaatti
hoolaa badee argame sanatti ni
gammada. 14 Akkasuma immoo
isaan xixiqqoo kanneen keessaa
tokkoyyuu akka badu fedhii
Abbaa keessan isa samii irraatii
miti.

### Cubbuu walitti hojjachuu

15 "Yoo obboleessi kee cubbuu
sitti hojjate, dhaqiitii bakka[e] isin
lamaan qofti jirtanitti balleessaa
isaa itti himi. Yoo inni si dhaga'e
ati obboleessa kee deebifatteerta.
16 Yoo si dhagawuu baate garuu
dubbiin cufti ragaa nama
lamaatiin yookaan nama sadiitiin
waan mirkaneeffamuuf nama
biraa[f] tokko yookaan nama lama
fudhadhuu dhaqi. 17 Yoo inni jara
dhagawuu dide waldaa kiris-
taanaatti himi; Yoo inni waldaa
kiristaanaallee dhagawuu dide
akka nama ormaattii fi akka qar-
axxuutti isa fudhadhu.
18 "Ani dhuguman isinitti hima;
Wonni isin lafa irratti hiitan mar-
tinuu samii irrattis ni hidhama;
Wonni isin lafa irratti hiittan
martinuu immoo samii irratti ni
hiikama.
19 "Ammas ani isinitti nan hima;
Isin keessaa yoo namoonni lama
lafa irratti waayee waan kad-
hatan tokkoo walii galan Abbaan
kiyya inni samii irra isaanii
godha. 20 Bakka itti namoonni
lama yookiin sadii maqaa kiy-
yaan walitti qabamanitti ani jid-
duu isaaniitti nan argamaatii."

[c]9 ykn *iltii;* [d]12 ykn *ooliyyee;* [e]15 ykn *fulaa;* [f]16 ykn *dhibii*

### Walii Dhiisuu

21 Yommus Pheexiroos gara
Yesuusi dhufee, "yaa gooftaa,
yoo obboleessi kiyya cubbuu natti
hojjate ani yeroo hagami dhiisaafi[g]?
Hanga yeroo torbaatii?" jedhee
gaafate.
22 Yesuusis akkana jedhee deebi-
seef; "Ani sitti nan hima; Yeroo
torbaatamii torba[h] malee yeroo
torba qofaa miti.
23 "Kanaafuu mootummaan samii
mootii herrega hojjattoota isaa
harka jiru too'achuu barbaade
tokko fakkaatta. 24 Akkuma inni
herrega isaa too'achuu jalqa-
beenis nama mootichi taalentii
kuma-kudhan irraa qabu tokko
itti fidan. 25 Namichi sun waan
baasu dhabnaan gooftaan isaa
akka idaan[i] sun baafamuuf jed-
hee inni, niitiin isaa, ijoolleen
isaatii fi wonni inni qabu cuftinuu
akka gurguraman ajaje.
26 "Hojjataan sunis miila isaatti
kufee[j], 'yaa gooftaa, maaloo naa
obsi; Hunduma isaayyuu siif nan
baasaa' jedhee isa kadhate. 27 Goo-
ftaan hojjataa sanaas garaa
laafeef; Idaa isa irraa qabus
dhiiseefii gadi isa lakkise.
28 "Hojjataan sun garuu akkuma
achii ba'een hojjataa akka isaa
kan idaa dinaarii dhibba irra
qabu tokko arge; innis morma
namichaa hudhee qabee, 'idaa
ani sirraa qabu naa baasi' jed-
heen.
29 "Hojjataan akka isaa sunis
miila isaatti kufee, 'maaloo naa
obsi; Idaa narra jiru siif nan
baasaa' jedhee isa kadhate.
30 "Inni garuu ni dide; Qooda
kanaa hanga inni idaa isaa baasee
raawwatutti[k] mana hidhaatti isa
galchisiise. 31 Hojjattoonni kaan
yommuu waan ta'e sana arganitti
akka malee gaddan[l]; Dhaqaniis
waan ta'e hundumaa gooftaa
isaaniitti himan.
32 "Gooftichis hojjataa sana ufitti
waamee akkana jedheen; 'Hojjataa
hamaa nana! ani sababii ati na
kadhatteef idaa sirra ture mara
siifin dhiise. 33 Akkuma ani garaa
sii laafe sana atis hojjataa akka
keetiitiif garaa laafuu hin qab-
duu?' 34 Gooftaan isaas aariidhaan
hanga inni idaa sana of-irraa
baasee fixutti warra isa cinqanitti
dabarsee isa kenne.
35 "Isinis yoo garaa keessan
guutuudhaan obboleessa kees-
saniif dhiisuu baattan Abbaan
koo inni samii irraa tokkoo tok-
koo keessan akkanuma godha."

### Wal-hiikuu Dhiirsaa Fi Niitii

*19:1-9 Kwf ⇒ Mar 10:1-12*

**19** Yesuus erga dubbii kana
hundumaa dubbatee raaw-
watee booddee[m], Galiilaadhaa

[g]21 ykn *haraaramaafi*; [h]22 ykn *hiikkaan tokko tokko torbaatama yeroo torbaa jedha*; [i]25 ykn *gatiini /liqaani;* [j]26 ykn *jigee;* [k]30 ykn *fixatutti;* [l]31 ykn *laaleffatan;* [m]1 ykn *fixateeni duubatti*

ka'ee gama Yordaanosi gara biyya Yihuudaa dhaqe. 2 Namoonni baay'eenis isa faana bu'an; Innis achitti isaan fayyise.

3 Fariisonni tokko tokkos isa qoruuf gara isaa dhufanii, "Namni tokko waanuma argeen niitii isaa hiikuun seeraa?" jedhanii gaafatan.

4 Yesuusis akkana jedhee deebise; "Isin akka inni jalqabatti isaan uume sun 'dhiiraa fi dubartii taasisee isaan uume hin dubbifnee? 5 Inni akkana jedhe;' Sababii kanaaf namni abbaa fi haadha isaa dhiisee niitii isaa waliin tokko ta'a; Lachanuus foon tokko ta'u.' 6 Egaa isaan ammaan achi foon tokko malee lamaa miti; kanaaf waan Waaqayyo tokko godhe namni gargari hin baasin."

7 Isaanis, "yoos Muuseen maaliif akka namni tokko waraqaa hiikaa kenneefii niitii isaa uf irraa geegessu ajaje ree?" jedhanii isa gaafatan.

8 Yesuusis akkana jedheen; "Muuseen sababii mataa-jabeenna keessaniitiif jedhee akka isin niitota keessa hiittan isinii eeyyame; Jalqabatti garuu akkas hin turre. 9 Ani isinitti nan hima; Sababii halalummaa[n] isiitiif malee namni niitii isaa hiikee dubartii dhibii fuudhu kamiyyuu ni ejja[o]."

10 Barattoonni isaas, "haalli dhiirsaa fi niitii akkana taanaan fuudhuu dhiisuu wayya " jedhaniin.

11 Yesuusis akkana jedheen; "dubbii kana warra isaaniif kenname qofa malee namni hundi fudhachuu hin danda'u. 12 Warri murattee[p] ta'anii dhalatan jiruutii. Warri harka namaatiin murattee ta'anis jiru; Kanneen Mootummaa Samiitiif jedhanii murattee uf-godhanis jiru; Namni kana fudhachuu danda'u haa fudhatuu."

### Yesuusii Fi Daa'imman Xixiqqoo

*19:13-15 Kwf ⇒ Mar 10:13-16; Luq 18:15-17*

13 Akka inni harka isaa isaani irra kaayee isaanii kadhatuuf daa'imman xixiqqoo Yesuusitti fidan; Barattoonni garuu namoota daa'imman fidan sanatti dheekkaman.

14 Yesuusis deebisee, "daa'imman xixiqqooni gara kiyya haa dhufanii hin dhowwinaa! Mootummaan samii kan warra akkanaatii " jedhe. 15 Innis eegii harka isaa daa'imman sana irra kaayee booddee bakka[q] sanaa kayee deeme.

### Dargaggeessa Dureessa Tokko

*19:16-29 Kwf ⇒ Mar 10:17-30; Luq 18:18-30*

16 Kunoo, namni tokko gara Yesuusi dhufee, "Yaa barsiisaa, jireenna barabaraa argachuuf wonni gaariin ani gochuu qabu maali" jedhee gaafate.

17 Yesuusis deebisee, "Ati maaliif waayee waan gaarii na gaafatta?

[n]9 ykn *hawadii;* [o]9 ykn *inalgalooma;* [p]12 ykn *xuwaashii /guneessa;* [q]15 ykn *fulaa*

Gaariin isa tokkicha qofaattu
jira; Ati garuu yoo jireennatti
galuu barbaadde ajajawwan[r] eegi"
jedheen.
18Namichis, "ajajawwan kami?"
jedhee gaafate.
Yesuus immoo akkana jedhee
deebise; "nama hin ajjeesin; hin
ejjin; hin hatin; dharaan hin
rageessin; 19Abbaa keetii fi haadha
tee kabaji; olla'a kee akkuma mataa
keetiitti jaaladhu."
20Dargaggeessi sunis, "ani aja-
jawwan kanneen cufa eegera;
Yoos amma maaltu na duraa
hirdhata ree?" jedheen.
21Yesuusis, "ati yoo guutuu ta'uu
barbaadde dhaqiitii waan qabdu
mara gurgurii hiyyeeyyiif kenni;
Samii irratti badhaadhummaa ni
argattaa; Koottuutii na faana bu'i"
jedheen.
22Dargaggeessi sunis yommuu
waan kana dhaga'etti gaddee[s]
achii deeme; Inni qabeenya gud-
daa qaba tureetii.
23Yesuusis barattoota isaatiin
akkana jedhe; "Ani dhuguma
isinitti hima; Mootummaa samiitti
galuun nama dureessaaf rakkisaa
dha. 24Ammas isinitti nan hima;
Namni dureessi mootummaa
Waaqaatti galuu irra gaalli qaawa
limmoo[t] keessa dabruuttu sal-
phaa dha."
25Barattoonni yommuu waan
kana dhaga'anitti akka malee
dinqifatanii[u], "yoos eenyuttu fayyuu
danda'a ree?" jedhanii gaafatan.
26Yesuus isaan ilaalee, "kun
namaaf hin danda'amu; Waaqay-
yoof garuu wonni hundinuu ni
danda'ama" jedheen.
27Yommus Pheexiroos, "kunoo,
nu si faana bu'uuf jennee waan
cufa dhiifneerra; egaa maal ar-
ganna ree?" jedheen.
28Yesuusis akkana isaaniin
jedhe; "Ani dhuguma isinitti hima;
addunyaa haaraya keessatti yeroo
ilmii namaa teessoo isaa ulfinna
qabeessa sana irra taa'utti, isin
warri na hordoftanis akkasuma
teessowwan kudhanii lama irra
teessanii gosa Israa'elii kudhanii
lamaanitti murtu. 29Namni maqaa
kiyyaaf jedhee manneen yoo-
kaan obboleeyyan yookaan ob-
boleettan yookaan abbaa yookaan
haadha yookaan ijoollee yookaan
oobruu dhiise hundi dachaa dhibba
ni argata; jireenya barabaraas ni
dhaala. 30Garuu warri hundumaa
duraa hedduun warra hundumaa
booddee ni ta'u; warri hundumaa
booddee hedduun immoo warra
hundumaa duraa ni ta'u.

### Fakkeenya Warra Oobruu Wayinii Keessa Hojjatanii

**20** "Mootummaan samiis
abbaa lafaa kan Oo-
bruu[v] wayinii isaatti hojjatoota

[r]17 ykn *seera Waaqaa;* [s]22 ykn *laalef-fatee;* [t]24 ykn *limmee;* [u]25 ykn *maadef-fatanii/ajaa'ibsiifatanii;* [v]1 ykn *maasaa/ maasii*

qacarachuuf[w] jedhee barii obboroo manaa ba'e tokko fakkaata. [2]Innis guyyaatti dinaarii tokko tokko isaanii kaffaluuf[x] hojjattoota sanaan walii galee gara Oobruu wayinii isaatti isaan erge.

[3]"Namichi sunis gara sa'aatii sadii keessa gadi ba'ee namoota hujii malee lafa gabayaa dhadhaabatan gara-biraa[y] argee, [4]'Isinis dhaqaatii Oobruu wayinii kootii keessaa hojjadhaa; anis waan isinii malu isinii kaffalaa' jedheen. [5]Isaanis ni dhaqan.

"Ammas gara sa'aatii jahaa fi gara sa'aatii sagaliitti gadi ba'ee akkasuma godhe.[6]Naannoo sa'aatii kudhanii tokkoottis gadi ba'ee namoota hujii malee dhadhaabatan dhibii arge; 'Isin maaliif guyyaa guutuu hujii malee asi dhadhaabattu?' jedhees isaan gaafate.

[7]"Isaanis, 'sababii namni tokkolleen nu hin qacaratiniif 'jedhanii deebisan.

"Inni immoo, 'Isinis dhaqaatii Oobruu wayinii kiyyaa keessa hojjadhaa' jedheen.

[8]"Yommuu lafti galgalaa'etti abbaan Oobruu wayinii sanaa dura-deemaa hujii isaatiin, 'hojjattoota waami; warra gara dhumaatti qacaramanii jalqabii hanga warra dura qacaramaniitti beenyaa[z] isaanii kaffaliif 'jedheen.

[9]"Warri gara sa'aatii kudhanii tokkootti qacaraman sunis dhufanii tokkoon tokkoon isaanii diinaarii tokko tokko fudhatan. [10]Kanaaf warri jalqabatti qacaraman yommuu dhufanitti waan warra kaan caalaa argatan se'an. Garuu isaanis tokkoon tokkoon isaanii diinaarii tokko tokko fudhatan.[11]Isaanis yommuu diinaarii sana fudhatanitti abbaa lafaa sanatti gungumuu jalqaban. [12]Isaanis, 'warri gara-dhumaatti qacaraman kunniin sa'aatii tokko qofa hojjatan; ati garuu nu warra dadhabbii hujichaatii fi oow'a guyyaa baanne isaaniin walqixxeessite' jedhaniin.

[13]"Inni garuu hojjattoota sana keessaa isa tokkoon, 'yaa michuu koo[a], ani waan tokkoonillee si hin miine; Ati diinaarii tokkoon hojjachuuf naan walii hin gallee? [14]Qooda kee fudhadhuu deemi; ani namicha isa gara dhumaatti qacarameefis hanguma sii kenne sana kennuufii nan barbaada. [15]Ani horii kiyyaan waan barbaade gochuuf mirga hin qabuu? Yookiin sababii ani arjaa ta'eef hinaaftaa?' jedheen.

[16]"Kanaaf warri booddee warra duraa, warri duraa immoo warra booddee ni ta'u."

[w]1 ykn *ujii qabachiisuuf;* [x]2 ykn *baasuuf;* [y]3 ykn *dhibii;* [z]8 ykn *gatii hojjataadhaaf kennamu;* [a]13 ykn *jaala kiyya;* [b]18 ykn *qaallolee gugurdoottii*

### Yesuus Ammas Waayee Du'uu Isaa Dubbate

*20:17-19 Kwf ⇒ Mar 10:32-34; Luq 18:31-33*

17Yesuus otoo Yerusaalemitti ol-ba'aa jiruu barattoota kudhanii lamaan kophaatti baasee akkana jedheen; 18"Kunoo nu amma Yerusaalemitti ol-ba'aa jirra; Ilmi namaas dabarfamee luboota hangafootattii[b] fi barsiistota seeraatti ni kennama; Isaanis du'a itti muru. 19Akkasumas akka isaan isatti ga'isaniif[c], akka isa garafanii fi akka isaan isa fannisaniif dabarsanii namoota ormaatti isa kennu; Innis guyyaa sadaffaatti du'aa ni kaafama."

### Gaafii Haadha Ilmaan Zabdeewoosi

*20: 20 -28 Kwf ⇒ Mar 10:35-45*

20Ergasiis haati ilmaan Zabdeewoosi, ilmaan ishii waliin gara Yesuusi dhuftee miila isaa irratti kuftee[d] waa isa kadhatte.

21Yesuusis, "ati maal barbaadda?" jedheen.

Isiinis, "Akka ilmaan koo kunneen lamaan mootummaa kee keessatti, inni tokko karaa harka mirga keetii, inni kaan immoo karaa harka bitaa keetii taa'u naa godhi" jetteen.

22Yesuusis, "isin waan kadhattan hin beettan; Xuwwaa[e] ani dhuguuf jiru dhuguu ni dandeettuu ree?" jedheen.

Isaanis, "ni dandeenya" jedhanii deebisan.

23Yesuusis deebisee, "xuwwaa kiyya irraallee ni dhuddu; garuu karaa harka mirga kiyyaa yookiin karaa harka bitaa kiyyaa taa'uu kennuun hujii kiyyaa miti. Bakki[f] kun kan warra Abbaan kiyya isaaniif jedhee isa qopheesseeti" jedheen.

24Baratoonni kudhannan yommuu waan kana dhaga'anitti obboleeyyan lamaanitti dheekkaman. 25Yesuus garuu ofitti isaan waamee akkana jedheen; "Bulchitoonni namoota ormaa gooftummaadhaan saba isaanii akka bulchan, gugurdoonni isaaniis saba isaanii irratti aangoo[g] qaban akka argisiisan isin ni beettu. 26Isin biratti akkasii miti. Qooda kanaa namni isin keessaa nama guddaa ta'uu barbaadu kamiyyuu tajaajilaa[h] keessan haa ta'uu. 27Namni nama jalqabaa ta'uu barbaadu kamiyyuu garba keessan haa ta'uu; 28Ilmi namaas tajaajiluu fi lubbuu isaa immoo namoota baayyeedhaaf furii godhee kennuuf dhufe malee tajaajilamuuf hin dhufneetii".

### Namoonni Jaamaan Lama Fayyifamuu Isaanii

*20 : 29 - 34 Kwf ⇒ Mar 10 : 46 - 52; Luq 18 : 35 - 43*

29Yeroo Yesuusii fi barattoonni

[c]19 ykn *isa gooyyessaniif;* [d]20 ykn *jiddee /lafa dhooftee;* [e]22 ykn *muduunuu/ xoofoo;* [f]23 ykn *fulaani;* [g]25 ykn *guddinna;* [h]26 ykn *hojjataa*

isaa Yerikoodhaa ba'anitti namoonni
hedduun isa hordofan. [30]Kunoo,
jaamonni qarqara karaa tataa'an
lama yeroo akka Yesuus achiin
dabraa jiru dhaga'anitti iyyanii"
yaa Gooftaa, yaa Ilma Daawiti,
nu maari" jedhan.
[31]Namoonni sunis akka isaan
callisaniif isaani ifatan[i]. Jaamonni
sun garuu ittuma caalchisanii,
"yaa Gooftaa, yaa Ilma Daawiti,
nu maari" jedhanii iyyan.
[32]Yesuusis dhaabatee isaan
waame; "akka ani maal isinii
godhu barbaaddu?" jedhees isaan
gaafate.
[33]Isaan immoo,"yaa Gooftaa,
akka ijji keenya[j] nuu banamu
barbaanna" jedhanii deebisan.
[34]Yesuusis garaa laafeefii ija
isaanii qaqqabe[k]; Agartuun isaaniis
yeruma sana deebi'eef; Isaanis
isa hordofan.

**Yesuus Ulfinnaan Yerusaalem Seenuu Isaa**

*21:1-9 Kwf ⇒ Mar 11:1-10; Luq 19:29-38*
*21:4-9 Kwf ⇒ Yoh 12:12-15*

**21** Yeroo Yesuusiifi barat-
toonni Yerusaalemitti dhi-
yaatanii magaalaa[l] Beetfaagee
ishii gaara ejersaa irra jirtu sana
ga'anitti Yesuus barattoota lama
erge. [2]Akkanas isaaniin jedhe;
"Ganda fuula keessan dura jiru
sana dhaqaa; Yommusumas har-
ree hidhamte tokko ilmoo[m] isii
wajjiin argitu; Lachanuu hiikaatii
naa fidaa. [3]Yoo namni tokkoy-
yuu waan tokko isiniin jedhe
'gooftaatu isaan barbaada' jedhaa
itti himaa; Innis yommusuma ni
erga."
[4]Kunis akka wonni karaa raa-
jichaatiin[n] dubbatame sun fiixa
bawuuf ta'e; Innis akkana jedha:

[5]"Akkana jedhaa Intala Xiyooniitti
himaa;
'Kunoo, mootiin kee gad-of
qabee, harree yaabbatee,
Ilmoo horii fa'isaa, ilmoo har-
ree yaabbatee,
gara kee dhufuutti jira.' "

[6]Barattoonnis dhaqanii, akkuma
Yesuus isaan ajaje godhan. [7]Har-
ree sanas ilmoo ishii waliin fidan;
Uffata isaaniis isaani irra buusan;
Yesuusis irra taa'e. [8]Namoonni
akka malee baay'een uffata isaanii
karaa irra afan; Warri kaan im-
moo damee mukaa kukkutanii
karaa irra bubuusan. [9]Namoonni
isa dura deemaa turanii fi warri
isa hordofaa turan iyyanii,

"Hoosaanaa ilma Daawitiitiif!"
"Namni maqaa Gooftaatiin
dhufu eebbifamaa dha!"
"Hoosaanaa ol samii gub-
baatti!" jedhan.

[10]Yommuu Yesuus Yerusaalem
seenetti, magaalattiin guutummaatti
raafamte; Namoonnis,"kun een-
nuu?" jedhanii gaafatan.

[i]31 ykn *ajajan /rifachiisan;* [j]33 ykn *iltii teenna;* [k]34 ykn *qaqqabate;* [l]1 ykn *dira;* [m]2 ykn *bukura;* [n]4 ykn *raagaatiin*

11 Tuunni sun ammoo, "kun
Yesuus, raagicha isa Naazireeti
biyya Galiilaatii dhufee dha"
jedhee deebisee.

### Yesuus Mana Qulqullummaa Keessatti

12 Yesuus mana qulqullummaa
Waaqayyoo seenee warra achitti
waa gurguranii fi warra waa
bitan hundumaa mana qulqullum-
maa keessaa baase. Gabatee[o] warra
meetii jijjiiraniitiifi barcumaa warra
gugee[p] gurguranii garagalche.
13 Innis," 'manni kiyya mana kad-
hannaa jedhama' jedhamee bar-
reeffameera; Isin garuu holqaa[q]
saamtotaa gootaniirtu" jedheen.
14 Jaamonnii fi warri hokkolan
mana qulqullummaa keessatti gara
isaa dhufan; Innis isaan fayyise.
15 Luboonni hangafoonnii[r] fi bar-
siistonni seeraa yommuu hujii
dinqisiisaa[s] inni hojjate arganii
ijoollee mana qulqullummaa kees-
satti, "Hoosaa'inaa Ilma Daawitiitiif"
jedhanii iyyan dhaga'anitti ni aaran.
16 Isaanis, "Ati waan ijoolleen
kunneen jedhan dhageettaa?"
jedhanii isa gaafatan.
Yesuus immoo, "eeyee; isin waan

'ati afaan ijoolleetii fi daa'im-
manii irraa,
galata qopheessiteerta 'jedhu
sana takkumaa hin dub-
bifnee?" jedhee deebise.

17 Innis isaan biraa deemee ma-
gaalaa sanaa ba'e; Biitaaniyaas
dhaqee achi bule.

### Mukni Harbuu Goguu Isaa
*21:18-22 Kwf ⇒ Mar 11:12-14, 12:2o-24*

18 Yesuusis ganama barii otoo
gara magaalattiitti deebi'aa jiruu
beela'e; 19 Muka harbuu[t] tokkos
karaa biratti argee itti gore; Ga-
ruu baala malee womaa irraa hin
arganne. Innis, "lammata firii[u]
hin naqatini!" jedheen . Mukni
sunis yeruma sana goge.
20 Barattoonnis yommuu waan
kana arganitti ni ajaa'ibsiifatan;
"Mukni harbuu sun akkamitti
yeruma sanatti goge?" jedhaniis
gaafatan.
21 Yesuusis akkana jedhee dee-
bise; "Ani dhuguman isinitti hima;
Yoo amantii[v] qabaattan, yoo
mamuu baattanis, waan mukicha
irratti ta'e qofa otoo hin ta'in,
gaara kanaanillee, 'ka'i! galaanatti
darbatami!' yoo jettan ni ta'a.
22 Isin yoo amantii qabaattan waan
kadhannaan gaafattan cufa ni
argattu."

### Gaafii waayee Aangoo Yesuusi
*21:23-27 Kwf ⇒ Mar 11:27-33; Luq 20:1-8*

23 Yesuusis otoo mana qulqul
lummaa seenee barsiisaa jiruu
luboonni hangafoonnii fi maan-
guddoonni sabaa gara isaa dhufanii,

[o]12 ykn *gomboo;* [p]12 ykn *saphaliisa/ handarii;* [q]13 ykn *olla;* [r]15 ykn *qaallolee gugurdoo;* [s]15 ykn *mamaa/ajaa'ibsiisaa;* [t]19 ykn *odaa;* [u]19 ykn *midhaani;* [v]21 ykn *dhugeeffachaa*

"ati aangoo[w] maaliitiin waan kana mara hojjatta? Aangoo kanas eenyuttu sii kenne?" jedhanii gaafatan.

24 Yesuusis akkana jedhee deebisee; "Anis gaafii tokko isin gaafadha; Yoo isin naa deebiftan, anis aangoo maaliitiin waan kana hundumaa akka hojjadhu isinitti nan hima. 25 Cuuphaan Yohaannisi eessaa dhufe? Samii irraa dhufe moo nama biraa dhufe?"

Isaanis waliin mariyatanii akkana jedhan; "Yoo, 'samii irraa dhufe' jenne,' yoos isin maaliif isatti hin amanne ree?' nuun jedha; 26 'Nama irraa dhufe 'jechuuf immoo namoota sodaanna; Isaan Yohaannisin akka raajaa tokkootti ilaaluutii."

27 Kanaaf, "hin beennu!" jedhanii Yesuusiif deebisan.

Yesuus immoo akkana jedhe; "anis aangoo maaliitiin waan kana cufa akka hojjadhu isinitti hin himu."

### Fakkeenya Ilmaan Lamaanii

28 "Maal seetu, nama ilmaan lama qabu tokkottu ture; innis gara ilma isaa hangafaa dhaqee, 'yaa ilma kiyya, hardha dhaqitii Oobruu[x] wayinii keessa hojjadhu' jedheen.

29 "Ilmi sunis, deebisee, 'ani hin dhaqu' jedhe; Booddee garuu gaabbee dhaqe.

30 "Namichis gara ilma isaa isa kaanii dhaqee akkasuma jedheen; Ilmi isaa sunis, 'yaa aabboo nandhaqa' jedhee deebiseef; Garuu hin dhaqne.

31 "Ilmaan lamaan keessaa isa kamittu fedhii abbaa isaa guute ree?"

Isaanis, "isa jalqabaa ti" jedhan.

Yesuusis akkana isaaniin jedhe; "Ani dhuguman isinitti hima; Warra qaraxa walitti qabaniif sagaagaltoonni[y] isin dura Mootummaa Waaqayyootti ni galu. 32 Yohaannis cuuphaan karaa qajeelummaa isinitti argisiisuu dhufeetii; Isin immoo isa hin amanne. Warri qaraxa walitti qabaniifi sagaagaltoonni garuu isa amanan; isin erguma waan kan agartanillee cubbuu irraa deebitanii isa hin amanne.

### Fakkeenna Qottuuwwan Oobruu Wayinii

*21:33-46 Kwf ⇒ Mar 12:1-12; Luq 20:9-19*

33 "Fakkeenna biraa tokko dhagayaa. Abbaa lafaa kan Oobruu isaa irratti biqiltuu wayinii dhaabbate tokkottu ture. Innis naannoo Oobruu sanaatti dallaa ijaaree achi keessatti boolla wayinii itti cunfan qote; siree irra taa'anii eeganis ijaare. Ergasiis Oobruu wayinii sana qottuuwwanitti kiraa kennatee biyya fagoo dhaqe. 34 Innis

[w] 23 ykn *jabeenna;* [x] 28 ykn *maasii/ maasaa;* [y] 31 ykn *sharmuuxonni*

yeroon itti oomisha[z] wayinii walitti
qaban geennaan akka isaan oo-
misha isaa fuudhaniifiif tajaajil-
toota[a] isaa gara qottuuwwan
sanaatti erge.
35"Qottuuwwan sunis tajaajil-
toota namichaa qabanii, isa tokko
ni reeban[b]**;** Isa kaan ni ajjeessani;
Isa sadaffaa immoo dhagaan tu-
man. 36Ammas tajaajltoota warra
duraa caalaa baay'atan dhibii
erge; Qottuuwwan sunis akkuma
warra duraa isaan godhan. 37Gara
dhumaattis, 'ilma kiyya ni kabaju
ta'a' jedhee ilma isaa isaanitti erge.
38"Qottuuwwan sun garuu yom-
muu ilma namichaa arganitti,
'dhaaltuun isaa isa kana. Koottaa
isa ajjeefnee dhaala isaa fudhan-
naa!' Waliin jedhan. 39Isas qa-
banii,Oobruu wayinichaa kees-
saa gadi baasanii ajjeessan.
40"Egaa abbaan Oobruu way-
inichaa yommuu deebi'ee dhufutti;
qottuuwwan sana maal godhinna
laata?"
41Isaanis, "inni namoota hamoo
sana haala gaddisiisaan[c] ni balleessa;
Oobruu wayinichaas qottuuwwan
yeroo yerootti oomisha isaa ken-
naniifitti dabarsee ni kenna" jedhanii
deebisan.

42Yesuusis akkana isaaniin jedhe;
"Isin dubbii kitaabota Qulqulluu
keessatti,

" 'Dhagaani ijaartonni tuffatan,
dhagaa golee[d] ta'eera;
kanas gooftaattu godhe;
Kun immoo ija keennaaf[e]
baasa' jedhu sana takku-
maa hin dubbifnee?

43"Kanaaf ani isinittin hima;
Mootummaan Waaqayyoo isin
irraa fudhatamee saba firii malu
godhatutti ni kennama. 44Namni
dhagaa kana irratti kufu[f] ni bu-
tuta; Namni dhagichi irratti lafa
dhawu garuu ni miciriqa[g]."
45Luboonni hangafoonnii fi Fari-
isonni yommuu fakkeenyawwan
Yesuus dubbate sana dhaga'anitti
akka inni waayee isaanii dubbate
hubatan. 46Isaanis isa qabuu bar-
baadaa turan; Garuu sababii
namoonni sun Yesuusin akka
raaga tokkootti ilaalaa turaniif
isa qabu sodaatan.

**Fakkeenya Cidha Fuudhaa Fi Heerumaa**

*22:2-14 Kwf ⇒ Luq 14:16-24*

22 Yesuus ammas akkana
jedhee fakkeenyaan isaanitti
dubbate; 2"Mootummaan samii
mootii ilma isaatiif cidha[h] fuudhaa
qopheesse tokko fakkaata. 3Innis
akka isaan warra cidha sanatti
affeeraman[i] waamaniif garboota
isaa erge; warri waamaman sun
garuu dhufuu didan.
4"Ammas akkana jedhee gar-
boota biraa[j] erge;' Kunoo ani

[z]34 ykn *midhaani;* [a]34 ykn *hojjattoota;* [b]35 ykn *dhaanan;* [c]41 ykn *laaleffachiisaani;* [d]42 ykn *mikikkila;* [e]42 ykn *ila teennatti;* [f]44 ykn *jigu;* [g]44 ykn *macara;* [h]2 ykn *jila*; [i]3 ykn *waamaman;* [j]4 ykn *dhibii*

irbaata koo[k] qopheesseera; San-
goonni koo, jiboonni coccoo-
moon koos qalamanii, wonni
hundinuu qopheeffameera; gara
cidha fuudhaafi heerumaa koot-
taa jedhaatii warra affeeraman
sanatti himaa.'
5"Warri affeeraman garuu waa-
micha sana tuffatanii gara haajaa
isaanii dhaqan; Inni tokko gara
Oobruu[l] isaa, kaan immoo gara
daldala isaa dhaqe. 6Warri hafan
immoo garboota mootichaa qabanii
salphisan; ni ajjeesanis. 7Mootichis
akka malee aare; loltoota isaas
ergee warra garboota isaa
ajjeessan sana balleesse.
Magaalaa[m] isaaniis ni gube.
8"Innis garboota isaatiin ak-
kana jedhe; 'Cidhi fuudhaa qo-
pheeffameera; Warri waamaman
garuu cidha kanaaf hin malle.
9Kanaaf gara karaa guddaatti
bahaatii nama argattan mara
gara cidhaatti waamaa.' 10Gar-
boonni sunis karaatti bahanii nama
argan mara, hamaas gaariis walitti
qaban; galmi cidhaa sunis kees-
summootaan guutame.
11"Mootichi yommuu keessum-
moota ilaaluuf ol-seenetti, nama
uffata cidhaa hin uffatin tokko
achitti argee, 12'Yaa michuu koo[n],
ati akkamitti otoo uffata cidhaa
hin uffatin asi seente?' jedhee
isa gaafate; Namichi garuu waan
dubbatu dhabe.
13"Mootichis tajaajiltoota[o] isaatiin,
'namicha kana harkaafi miila
isaa hidhaatii dukkana alaatti
gad-darbadhaa; Achittis namoonni
ni boowu; ilkaanis ni qaru' jedhe.
14"Warri waamaman baay'ee-
dhaatii; Warri filataman garuu
muraasa[p]."

### Qeesaariif Gibira Kaffaluu

*22:15-22 Kwf ⇒ Mar 12:13-17; Luq 20:20-26*

15Eegasiis Fariisonni waanuma
inni dubbatuun kiyyootti isa gal-
chuuf jedhanii gadi ba'anii Ye-
suusitti mariyatan. 16Isaanis barat-
toota isaanii garee Heroodisi
waliin Yesuusitti ergan; akkanas
jedhan; "Yaa barsiisaa, akka ati
nama dhugaa taate, akka dhugaad-
haan karaa Waaqayyoo barsiiftuu
fi akka ati nama wal-hin caal-
chifne beenna; Ati namoota jidduutti
nama wal hincaalchiftuutii. 17Mee
yaada kee nutti himi; Qeesaariif
gibira kaffaluun[q] seera moo seeraa
miti?"
18Yesuus garuu hammeenna isaanii
baree akkana jedheen; "Isin fak-
keessitootanana[r], maaliif qoramatti
na galchituu? 19Maallaqa[s] gibira
baaftan mee natti agarsiisaa."
Isaanis diinaarii tokko isatti fi-
dan. 20Yesuus immoo, "fakkiini
kun fakkii eenyuu ti? Katabbiin
kunis kan eenyuu ti?" jedheen.

[k]4 ykn *golola kiyya;* [l]5 ykn *maasaa /maasii;* [m]7ykn *dira;* [n]12 ykn *jaala kiyya;* [o]13 ykn *hojjattoota;* [p]14 ykn *diqqaa;* [q]17 ykn *baasuun;* [r]18 ykn *kijjibdoota tana;* [s]19 ykn *beessee*

21 Isaanis deebisanii, "kan Qee-
saariiti " jedhaniin.

Innis,"yoos kan Qeesaari Qee-
saarumaaf kennaa; Kan Waaqay-
yoo immoo Waaqayyoof ken-
naa" jedheen.

22 Isaanis yommuu waan kana
dhaga'anitti ni dinqifatan; Achu-
mattis isa dhiisanii deeman.

**Waayee Du'aa Ka'iisaa**
*22:23-33 Kwf ⇒ Mar 12:18-27; Luq 20:27-40*

23 Saduuqonni warri du'aa
ka'iisni hin jiru jedhan tokko
tokkos guyyuma sana gara isaa
dhufanii gaafii isa gaafatan;
24 akkanas jedhan; "Yaa bar-
siisaa, Muuseen 'namni tokko
niitii fuudhee otoo ijoollee hin
dhalfatin[t] yoo du'e obbolessi isaa
niitii namicha sanaa fuudhee
obboleessa isaatiif sanyii haa
dhaabuu[u]' jedhee nutti himeera.
25 Obboleeyyan torbatu nu bira
ture; Inni hangafni niitii fuudhee
otoo ijoollee hin dhalatiin niitii
isaa obboleessa isaatti dhiisee
du'e. 26 Obboleessa lammaffaa fi
sadaffaa irratti, hanga isa torbaf-
faattis waanuma sanatu ta'e.
27 Hunduma isaanii booddees
niitittiini ni duute. 28 Kanaaf isiin
guyyaa du'aa ka'iisaatti, obbo-
leeyyan torban sana keessaa niitii
isa kamii taati? hundi isaaniyyuu
isii fuudhaniiruutii."

29 Yesuusis akkana jedhee dee-
bise; "Isin waan kitaabota qulqul-
luu yookaan humna Waaqaa hin
beenneef dogongortaniirtu. 30 Yeroo
du'aa ka'iisaatti namoonni akka
maleekkota Samii keessaa ta'u
malee hin fuudhan; hin heeru-
manis. 31 Garuu isin waan waaqayyo
waayee du'aa ka'iisa warra du'anii
isiniin jedhe takkumaa hin dub-
bifnee? Innis akkana jedha; 32 'Ani
Waaqa Abrahaami; Waaqa Yisaaqi;
Waaqa Yaaqoobi.' Inni Waaqa
warra jiraatanii ti malee Waaqa
warra du'aniitii miti."

33 Namoonni yommuu waan
kana dhaga'anitti, barsiisa isaa
akka malee ajaa'ibsiifatan.

**Ajaja ajajawwan Mara Caalu**
*22:34-40 Kwf ⇒ Mar 12:28-31*

34 Fariisonni yommuu akka Ye-
suus Saduuqota afaan qabachiise
dhagayanitti walitti qabaman.
35 Isaan keessaas hayyuun seeraa
tokko isa qoruu barbaadee ak-
kana jedhee isa gaafate; 36 "Yaa
barsiisaa, seera keessaa ajajni
ajajawwan mara caalu isa kami?".

37 Yesuusis akkana jedheen;
"Waaqa kee Goofticha garaa kee
guutuun, jireenna kee guutuun,
yaada kee guutuun jaaladhu.
38 Kunis ajaja jalqabaatii fi isa
ajajawwan mara caaluu dha.
39 Ajajni lammaffaanis isuma fak-
kaata; Innis, 'ollaa kee akkuma
ofii keetiitti jaaladhu' jedha.
40 Seeraa fi raajonni[v] cuftinuu ajaja

[t]24 ykn *hingodhatin/hinuumatin;* [u]24 ykn *daaraa haa dabarsuu;* [v]40 ykn *raagonni*

kana lamaan irratti hundeeffamanii[w]
jiru."

### Kiristoos Ilma Eenyuutii?

*22:41-46 Kwf ⇒ Mar 12:35-37; Luq 20:41-44*

**41**Otoo Fariisonni walitti qa-
bamanii jiranuu Yesuus gaafii
tokko isaan gaafate; **42**Innis, "Isin
waayee Kiristoosi maal yaaddu?
Inni ilma eenyuuti?" jedhe.
Isaanis deebisanii, "Inni Ilma
Daawitiiti" jedhan.
**43**Innis akkana isaaniin jedhe;
"Yoos Daawit akkamitti Hafuura
Qulqulluun[x] qajeelfamee, 'Gooftaa'
isaan jedha ree? Inni akkana
jedhaatii:

**44**" 'Gooftaan gooftaa kiyyaan,
"hanga ani Diinota[y] kee miila
kee jala sii galchutti
karaa harka mirga kiyyaa
taa'i" jedhe.'

**45**Eegii Daawitiyyuu 'Gooftaa'
jedhee isa waame inni akkamitti
ilma isaa ta'uu danda'a ree?"
**46**Namni tokkolleen waan tokko
isaa deebisuu hindandeenne;
Gaafasii jalqabee namni tokkoy-
yuu gaafii dhibii isa gaafachuuf
ija[z] hin jabaanne.

### Akeekkachiisa Yesuus Kenne

*23:1-7 Kwf ⇒ Mar 12:38,39; Luq 20:45,46*
*23:37-39 Kwf ⇒ Luq 13:34,35*

**23** Yesuusis ergasii uumataan,
barattoota isaatiinis akkana
jedhe; **2**"Barsiistonni seeraatii fi
Fariisonni barcumaa Muusee irra
taa'aniiru. **3**Kanaafuu waan
isaani isinitti himan hundumaa
godhaa; eegaas. Garuu waan isaan
hojjatan hin hojjatinaa; Isaan
afaanumaan dubbatu malee waan
dubbatan sana hujiin hin agar-
siisaniitii. **4**Isaan ba'aa ulfaataa
hidhanii gurmuu[a] namaa irra kaa'u;
ofii isaaniitii garuu ba'aa sana
sochoosuuf quba isaaniillee itti
buusuu hin barbaadan.
**5**"Hujii isaanii hundumaa
namootatti of-agarsiisuuf hojjatu;
Qudhaama isaanii ni ballifatuutii;
foo'aa handaara uffata isaaniis ni
dheereffatu. **6**Lafa cidhaatti bak-
ka[b] ulfinnaa, mana sagadaatti
immoo barcumaa ulfinnaa jaalatu.
**7**Lafa gabayaattis akka namoonni
ulfinnaan nagaya isaan gaafa-
taniifi akka 'yaa barsiisaa
'jedhanii isaan waaman jaalatu.
**8**"Isin garuu, 'barsiisaa' jedham-
tanii hin waamaminaa; Barsiisaa
tokko qofa qabduutii. Isin cuftis
obboleeyyan waliiti. **9**Nama lafa
irraa tokkoonillee 'abbaa' hin
jedhinaa; Isin abbaa tokko qofa
qabduutii; Innis isa samii irraati.
**10**'gooftota' jedhamtaniis hin waama-
minaa; isin gooftaa tokko qofa
qabduutii; innis Kiristoosi. **11**Isin
keessaa namni hunduma kees-
san caalu inni tajaajilaa[c] keessan

[w]40 ykn *yayyabamanii;* [x]43 ykn *Ayyaana Woyyuun;* [y]44 ykn *nyaapha;* [z]44 ykn *adda;* [a]4 ykn *gatiittii;* [b]6 ykn *lafa jilaatti fulaa;* [c]11 ykn *hojjataa*

haa ta'uu. [12]Namni ol-of qabu
kamiyyuu gadi qabamaatii; Namni
gadi of qabu kamiyyuu garuu ol
qabama.
[13]"Yaa Barsiistota seeraatii fi
Fariisota fakkeessitoota nana, isinii
wayyoo! Mootummaa Samii namoota
duraa cuftuutii; ofii keessanii itti
hin galtan; Warra itti galuu bar-
baadanis ni dhowwitu[d]. [14]Yaa
barsiistota seeraatii fi Fariisota
fakkeessitoota nana isinii way-
yoo! mana niitii dhiirsii irraa du'ee
nisaamtuutii; Fakkeessuudhaafis
kadhannaa keessan ni dheeressitu;
Kanaaf murtii caaluttu isinitti
murama.
[15]"Yaa barsiistota seeraatii fi
Fariisota fakkeessitoota nana isinii
wayyoo! Nama tokko amantii[e]
keessanitti galfachuuf jettanii lafaa
fi galaana irra joortu; Yommuu
inni amanuttis akka inni isin caalaa
dachaa lamaan ilma Si'oolii ta'u
isa gootu.
[16]"Dura deemtota jaamota nana,
isinii wayyoo! isin, 'namni kami-
yyuu yoo mana qulqullummaatiin
kakate kakuun sun isa hin qabu,
namni kamiyyuu yoo warqii mana
qulqullummaatiin kakate garuu
kakuun sun isa qaba' jettu. [17]Isin
gowwoota jaamota nana, warqii
moo mana qulqullummaa kan
worqii sana qulqulleessuttu caala?
[18]Akkasumas isin, 'namni kamiy-
yuu yoo iddoo aarsaatiin[f] kakate
kakuun sun isa hin qabu; Yoo
kennaa iddoo aarsaa irra jiruu
sanaan kakate garuu kakuun sun
isa qaba' jettu. [19]Isin namoota
jaamota nana, kennaa sana moo
iddoo aarsaa isa kennaa sana
qulqulleessuttu caala? [20]Kanaaf
namni iddoo aarsaatiin kakatu,
iddoo aarsaatiin, waan iddoo
aarsaa irra jiru hundumaanis ni
kakata. [21]Namni mana qulqullum-
maatiin kakatu, mana qulqullum-
maatiin, isa mana qulqullummaa
keessa jiraatuunis ni kakata.
[22]Namni Samiidhaan kakatu, tees-
soo Waaqayyootiin, isa teessoo
sana irra taa'uunis ni kakata.
[23]"Yaa barsiistota seeraatii fi
Fariisota fakkeessitoota nana, isinii
wayyoo! Isin Keefoo, inchilaalaa
fi dinbilaala[g] harka kudhan kees-
saa tokko ni kennitu; Garuu seera
keessaa waan caalaatti barbaachi-
saa ta'e jechuunis murtii qajee-
laa, haraaraa fi amanamummaa
dhiiftaniirtu. Otoo isa duraa hin
dhiisin isa booddee raawwachuu[h]
qabdu ture.[24]Isin dura-deemtota
jaamota nana,waan dhuddan
keessaa bookee nituttuftu; gaala
immoo ni liqimsitu.
[25]"Yaa barsiistota seeraatii fi
Fariisota fakkeessitoota nana, Isinii
wayyoo! duuba xuwwaatii[i] fi

[d]13 ykn *nidhoorgitu;* [e]15 ykn *dhugeef-fachaa;* [f]18 ykn *fuula sooriyoo itti qalan/bakka falaa;* [g]23 ykn *urgoofi waan ittiin nyaata urgeessan;* [h]23 ykn *kan dudda duubaa guutuu;* [i]25 ykn *bud-uunuu/ xoofoo*

waciitii[j] ni qulqulleessitu; Keessi
isaanii garuu saamichaa fi of-
tuulummaadhaan guutameera. 26Yaa
fariisicha jaamaa nana, jalqabatti
keessa xuwwaatii fi waciitichaa
qulqulleessi; Ergasiis duubni isaa
ni qulqullaa'a.
27"Yaa bariistota seeraatii fi
Fariisota fakkeessitoota nana, isinii
wayyoo! Isin akkuma awwaala
nooraa dibame kan duubni isaa
midhaagaa fakkaatee keessi isaa
immoo lafee namoota du'aniitiin,
waan xuraawaa biraatiinis[k] guu-
tamee ti. 28Isinis akkasuma duubaan
qajeeltoota fakkaattanii namootatti
muldhattu; keessi keessan garuu
fakkeessuu fi jallinnaan guutameera.
29"Yaa barsiistota seeraatii fi
Fariisota fakkeessitoota nana, isinii
wayyoo! isin Raajotaaf[l] awwaala
qopheessituutii; Soodduu qajeel-
totaas ni midhaassitu. 30Isin, 'nu
otoo bara abbootii keennaa sana
jiraannee silaa dhiiga raagotaa
dhangalaasuu keessatti isaan waliin
hin hirmaannu ture' jettu. 31Kanaa-
fuu isin akka sanyii warra raajota
ijjeessan sanaa taatan ofuma
keessanitti dhugaa baatu. 32Egaa
safartuu cubbuu abbootii kees-
sanii guutaa!
33"Bofoota nana! ijoollee buutii
nana! Isin akkamitti murtii si'ooli
jalaa bawuu dandeettu? 34Kanaaf
ani raagotaa fi ogeeyyii, barsiis-
totas gara keessanitti nan erga;
Isinis Isaan keessaa gar-tokko ni
ijjeeftu; ni fanniftu; warra kaan
immoo manneen sagadaa keessan
keessatti ni garaftu; magaalaa[m]
tokko irraa gara magaalaa dhibiittis
isaan ariitu. 35Sababii kanaaf
dhiiga Abeel nama qajeelaa sanaatii
jalqabee hanga dhiiga Zakaari-
yaas ilma Baraakiyaa isa isin
mana qulqullummaatii fi iddoo
aarsaa jidduutti ajjeeftaniitti,dhiiga
qulqulluu lafatti dhangalaafame
hundumatti ni gaafatamtu. 36Ani
dhuguma isinitti nan hima; kun
hundinuu dhaloota kana irra ni ga'a.
37"Yaa Yerusaalem, yaa Yeru-
saalem; ati kan raajota ajjeeftu,
warra gara keetti ergamanis dha-
gaadhaan kan tumtu, akkuma
lukkuun[n] cuucolii[o] ishii qoochota[p]
ishii jalatti walitti qabattu sana
anis ijoollee kee walitti qabuuf
yeroo hagam hawwe! Isin garuu
ni diddan. 38Kunoo, manni kees-
san onee isinii hafa. 39Ani isinittin
himaatii; isin hanga, 'inni maqaa
gooftaatiin dhufu sun eebbifamaa
dha' jettanitti lammata na hin
argitan."

### Milikkita Dhuma Barichaa

*24:1-51 Kwf ⇒ Mar 13:1-37; Luq 21:5-36*

**24** Otoo Yesuus mana qulqul-
lummaatii ba'ee deemaa
jiruu barattoonni isaa gamoo[r]-
manicha qulqullummaa isatti

[j]25 ykn *qorii,* [k]27 ykn *dhibiinillee;* [l]29 ykn *raagotaaf;* [m]34 ykn *dira;* [n]37 ykn *indaanqo;* [o]37 ykn *wucoolii/ ilmoolee;* [p]37 ykn *koola;* [q]1 ykn *ijaarsa;* [r]2 ykn *fulaa*

argisiisuuf gara isaa dhufan.
2 Innis," Isaan kana cufa argituu?
Ani dhuguma isinittin hima; bak-
ka[r] kanatti dhagaan dhagaa irratti
hafu tokkolleen hin jiru; cufti
isaayyuu ni diigama" jedheen.

3 Otoo Yesuus gaara ejersaa
irra taa'ee jiruu barattoonni ko-
phaa isaanii gara isaa dhufanii,
"mee nutti himi, wonni kun
yoom ta'a? Milikkinni[s] dhufa
keetiitii fi milikkinni dhuma
barichaa maalii? "jedhaniin.

4 Yesuusis akkana jedhee dee-
biseef; "akka namni tokkolleen
isin hin gowwoomsine of eegad-
haa. 5 Namoonni hedduun, 'ani
Kiristoos' jedhanii maqaa kootiin
ni dhufuutii; Nama hedduus
karaa irraa balleessu. 6 Waayee
waraanaatii fi oduu waayee
waraanaa ni dhageessu; Isin ga-
ruu akka hin naane of eegadhaa!
Wonni akkasii tawuu qabatii;
Dhumni isaa garuu ammayyuu
hin geenne. 7 Sabni sabatti, moo-
tuummaanis mootummaatti ni
ka'a; Beellii fi sochiin lafaas
bakka garaagaratti ni ta'a. 8 Kun
martinuu jalqaba ciniinsuu
da'umsaati.

9 "Isaanis dabarsanii rakkinnatti
isin kennu; Isin ijjeesus. Maqaa
kiyyaaf jettaniis saba hundumaa
biratti ni jibbamtu. 10 Yeroo sanatti
namoonni baay'eeni ni gufatu;
dabarsanii wal-kennu; waljibbus.
11 Raagonni[t] dharaa hedduun ni
dhufu; nama hedduus ni gow-
woomsu. 12 Sababii baayinna
hammeennaatiif jaalalli namootaa
baayee ni qabbanaa'a. 13 Namni
hanga dhumaatti obsu garuu ni
fayya. 14 Wangeelli mootummaa
kunis akka saba cufaaf dhugaa
ba'umsa[u] ta'uuf addunyaa cufa
keessatti ni lallabama; Eegasiis
dhumni[v] ni dhufa.

15 "Kanaafuu, 'jibbisiisaa badiisa
fidu' isa Daani'el raajichi waayee
isaa dubbate sana otoo inni bakka
qulqulluu dhabatuu yommuu
argitanitti, namni kana dubbisu
hiikkaa isaa haa hubatuu. 16 Warri
Yihuudaa keessa jiran tulluu-
wwanitti haa baqatanii. 17 Namni
bantii[w] manaa irra jiru tokkolleen
mana isaatii waa fudhachuuf
jedhee gadi hin bu'in. 18 Namni
bakka qotiisaa jirus uffata isaa
fudhachuuf jedhee duubatti hin
deebi'in. 19 Barri sun dubartoota
ulfaatii[x] fi haawwan[y] hoosisaniif
akkam sodaachisaa dha! 20 Baqni
keessan akka ganna keessa yookiin
guyyaa sanbataatiin hin taaneef
Waaqa kadhadhaa. 21 Yeroo sana
dhiphinni guddaan isaa ni dhu-
faatii; dhiphinni akkasiis uumama
addunyaatii jalqabee hanga am-
maatti hin dhufne; ammaan achis

[s]3 ykn *milikkeetii /malkanni;* [t]11 ykn *raajonni;* [y]14 ykn *dhugeessaa/ragaa;* [v]14 ykn *muummeeni;* [w]17 ykn *gubbaa;* [x]19 ykn *nadheeni garaacha qabdu;* [y]19 ykn *haadholii*

hin dhufu. 22Otoo guyyoonni sun
gabaabachuu baatanii silaa namni
tokkoyyuu hin hafu ture; Garuu
sababii warra filatamaniitiif guy-
yoonni sun ni gabaabatu. 23Yeroo
sana yoo namni kamiyyuu 'kunoo,
Kiristoos asi jira!' yookiin 'achi
jira!' isiniin jedhe hin amaninaa[z].
24Kiristoosonni dharaatiifi raagonni
dharaa ni dhufuutii; Isaanis yoo
danda'ameef warra Waaqayyoof
filatamanillee gowwoomsuudhaaf
jedhanii milikkitaa fi dinqii[a]
gugurdaa ni hojjatu. 25Kunoo ani
duraan dursee isinitti himeera.

26"Kanaafis yoo isaan, 'kunnoo,
inni lafa onaa[b] keessa jira' isiniin
jedhan gadi hin ba'inaa; Yoo-
kaan yoo isaan, 'kunoo, mana
keessa gola[c] jira' isiniin jedhan
hin amaninaa. 27Akkuma balaqqeen[d]
baha biiftuutii balaqqisee hanga
lixa biiftuutti ibsu sana dhufaatiin
ilma namaas akkasuma ta'a.
28Bakka raqni[e] jiru hundumatti
allaattiin walitti qabamti.

29"Dhiphinna bara sanaa bood-
dees yeruma sana,

> " ' biiftuun ni dukkanoofti;
> Ji'is ifa hin kennitu;
> Urjoonni samii irraa ni harca'u;
> Humnoonni samiis ni raafamu.'

30"Yeroo sana milikkinni ilma
namaa samii irratti ni mullata;
Saboonni addunyaa martinuus ni
boowu; Isaanis otoo ilmi namaa
humnaan, ulfinna guddaadhaanis
duumessa samiitiin dhufuu ni
argu. 31Innis maleekkota isaa
sagalee[f] magalataa[g] guddaa isaatiin
erga; Isaanis filatamtoota isaa
warra handaara samii tokko irraa
hanga isa kaaniitti jiran qilleen-
sota afran irraa walitti qabu.

32"Barumsa kana muka harbuu[h]
irraa baradhaa; Yeroo dameen
isaa lattee baala baafattutti akka
bonni dhiyaate ni beettu. 33Akka-
sumas isin yommuu waan kana
cufa argitanitti akka inni dhi-
yaate, akka balbala irras ga'e
beekaa! 34Ani dhuguman isinitti
hima; Hanga wonni kun hundi
raawwatamutti[i] dhaloonni kun
hin dabru. 35Samii fi lafti ni
dabru; Dubbiini koo garuu matu-
maa[j] hin dabru.

### Guyyaafi Sa'aatiini dhufaatii isaa hin beekamu

*24:37-39 Kwf ⇒ Luq 17:26,27*
*24:45-51 Kwf ⇒ Luq 12:42-46*

36"Waayee guyyaa sanaatiifi
sa'aatii sana garuu Abbaa qofattu
beeka malee namni tokkoyyuu
hin beeku; Maleekkonni samii
irraatii fi ilmiyyuu hin beekan.
37Akkuma bara Nohi ta'e sana

[z]23 ykn *hin dhugeeffatinaa;* [a]24 ykn *baasaa/maadee/ajaa'ibaa;* [b]26 ykn *aloo;* [c]26 ykn *dhiibuu;* [d]27 ykn *angaasuun* [e]28 ykn *goblolii;* [f]31 ykn *qoonqoo/ qoonqa;* [g]31 ykn *malakkataa /faaggaa;* [h]32 ykn *odaa;* [i]34 ykn *guutamutti*

yeroo dhufaatii ilma namaattis akkasuma ta'a. 38Bara bishaan badiisaatiin dura ture sana, hanga gaafa Nohi bidiruu[k] seeneetti, namoonni nyaachaa, dhugaa, fuudhaa, heerumaas turan. 39Isaanis hanga bishaan badiisaa dhufee cufa isaanii fudhatee badetti waan tokkollee hin beenne; Yeroo ilmi namaa dhufuttis akkasuma ta'a. 40Gaafas namoonni lama Oobruu keessa hojjatu; Inni tokko ni fudhatama; Kaan immoo ni dhiifama. 41Dubartoonni lama dhagaa daakuutiin daaku; Isiini tokko ni fudhatamti; Isiin taan immoo ni dhiifamti.

42"Egaa gooftaan keessan yoom akka dhufu isin waan hin beenneef uf-eegadhaa. 43Garuu waan kana hubadhaa; Abbaan manaa tokko halkan keessaa otoo yeroo itti hattuun dhuftu beekee, dammaqee eegata malee akka hattuun mana isaa cabsitee seentu hin dhiisu ture. 44Kanaaf isinis qophaa'aa! Ilmi namaa yeroo isin quba hin qabaatinitti ni dhufaatii.

45"Egaa garbichi amanamaa fi hubataan kan gooftaan isaa akka inni nyaata isaanii yeroo malutti isaanii kennuuf jedhee garboota mana isaa jiraatan irratti muude[l] isa kami? 46Garbichi Gooftaan isaa yommuu deebi'utti otoo inni akkasuma hojjatuu isa argu sun eebbifamaa dha. 47**A**ni dhuguma isinitti hima; Gooftaan isaa qabeenya isaa hundumaa irratti isa muuda.48Garbichi sun garuu yoo hamaa ta'e, 'gooftaan kiyya dafee hindeebiwu' jedhee, 49Garboota isa waliin tajaajilan tumuu, machooftota waliin immoo nyaachuufi dhuguu jalqaba. 50Gooftaan garbicha sanaas guyyaa inni itti isa hin eegnee fi sa'aatii inni hin beennetti ni dhufa. 51Innis akka malee isa adaba; Qooda isaas qooda fakkeessitootaa[m] waliin tokko godha; Achittis namoonni ni boowu; ilkaan isaaniis ni qaru."

### Fakkeenya Dubara Kudhannanii

**25** "Yeroo sana Mootummaan samii dubara kudhan kanneen ibsaa isaanii fudhatanii dhiirsa misirroo[n] simachuudhaaf gadi ba'an fakkaata. 2Isaan keessaas shan gowwaa, shan immoo qaroo turan. 3Warri gowwaan ibsaa isaanii fudhatan malee, zayitii-boba'u hin fudhanne. 4Worri qaroon garuu ibsaa isaanii wajjiin zayitii qodaatti[o] qabatanii turan. 5Dhiirsi misirroo sun turraan hundumti isaanii mugan; ni rafanis.

6"Halkan walakkaattis sagaleen[p] guddaan, 'kunoo, dhiirsi misirroo dhufeera! ba'aatii isa simadhaa!' jedhu tokko dhagayame.

[j]35 ykn *akkanallee jettee;* [k]38 ykn *hoboloo;* [l]45 ykn *moosise /shuume;* [m]51 ykn *kijjibdootaa;* [n]1 ykn *abbaa fuudhaa;* [o]4 ykn *meeshaatti;* [p]6 ykn *qoonqooni/ qoonqi*

7"Dubarri sun martinuus ka'anii
ibsaa isaanii qoqopheeffatan. 8Warri
gowwaan sun warra qaroodhaan,
'ibsaan keenna nu duraa dhaa-
muutti jiraatii, mee zayitii kees-
san irraa waa nuu kennaa' jedhan.
9"Warri qaroonis deebisanii,
'hin kenninu; tarii[q] wonni nuu fi
isin ga'u hin jiru ta'atii; qooda
kanaa warra zayitii gurguran bira
dhaqaatii ufii keessaniif bitad-
haa' jedhaniin.
10"Garuu otuma isaan zayitii
bitachuu dhaquutti jiranuu
dhiirsi misiroo dhufe; Dubarri
qophaa'anis isa waliin galma
cidha[r] fuudhaafi heerumaatti ol-
galan; Balballis ni cufame.
11"Ergasiis dubarri hafan dhu-
fanii, 'yaa gooftaa, yaa gooftaa,
nuu bani' jedhaniin.
12"Inni garuu deebisee, 'dhuguman
isinitti hima; Ani isin hin beeku'
jedheen.
13"Kanaaf isin sababii guyyaa
sana yookaan sa'aatii sana hin
beenneef yeroo hunda dammaqaa.

### Fakkeenya Taalentii

*25:14-30 Wbq ⇒ Luq 19:12-27*

14"Ammas mootummaan samii
nama biyya fagoo dhaquuf qo-
phaa'e tokko fakkaata; namichis
garboota isaa waamee qabeenna
isaa imaanaa itti kennate.
15Innis tokkoo tokkoo isaaniitti
akkuma dandeettii isaaniitti, isa
tokkotti taalentii[s] shan, isa kaanitti
taalentii lama, isa kaanitti immoo
taalentii tokko kennee ka'ee deeme.
16Namichi taalentii shan fudhate
sun, yeroodhuma sana dhaqee
ittiin daldaalee taalentii shan
irraa buufate[t]. 17Inni taalentii
lama fudhates akkasuma taalentii
lama irraa Buufate.18Namichi
taalentii tokko fudhate garuu
dhaqee lafa qotee maallaqa[u]
gooftaa isaa dhosse.
19"Yeroo dheeraa booddee gooft-
aan garboota sanaa deebi'ee her-
raga isaan bira jiru herregate.
20Namichi taalentii shan fudhatee
ture sun taalentii biraa[v] shan
fidee, 'yaa gooftaa, ati taalentii
shan imaanaa natti kennitee
turte; Ani immoo kunoo, taalen-
tii shan irraa buufadheera' jed-
heen.
21"Gooftaan isaas deebisee,
'garbichaa gaarii fi amanamaa
nana, ba'eessa goote[w]; Ati waan
xiqqoo irratti amanamaa taateerta;
Ani immoo waan baay'ee irratti
si muuda; Koottuutii gammachuu
gooftaa keetiitti gali' jedheen.
22"Namichi taalentii lama fud-
hatee tures dhufee, 'Yaa gooftaa,
ati taalentii lama imaanaa natti
kennitee turte; Ani immoo kunoo,
taalentii lama irraa buufadheera'
jedheen.
23"Gooftaan isaas deebisee,

[q]9 ykn *gaafiin;* [r]10 ykn *jila;* [s]15 ykn *taalentiin tokko doolarii kuma tokkoo oli;* [t]16 ykn *argate;* [u]18 ykn *beessee;* [v]20 ykn *dhibii;* [w]21 ykn *waan dansaa hojjatte*

'garbicha gaarii fi amanamaa nana, ba'eessa goote; ati waan diqqoo irratti amanamaa taateerta; Ani immoo waan baay'ee irratti sin muuda, Koottuutii gammachuu Gooftaa keetiitti gali' jedheen.

[24]"Inni taalentii tokkicha fudhatee tures dhufee akkana jedhe; 'Yaa gooftaa, akka ati nama garajabeessa bakka[x] itti hin facaasiinii galfattu, bakka itti hin bittinneessiiniis walitti qabatu taate nan beeka. [25]Kanaaf ani sodaadhee dhaqee taalentii kee lafa keessatti dhosse; innis kunooti.'

[26]"Gooftaan isaas deebisee akkana jedhe; 'Ati garbicha hamaa fi dhibaa'aa nana, akka ani bakka itti hin facaasiinii galfadhu, bakka itti hin bittinneessiiniis walitti qabadhu beetteertaa mitii? [27]Yoos akka ani yommuu deebi'utti dhala isaa waliin fudhadhuuf horii koo mana baankii naa kaawuu qabda ture.

[28]" 'Kanaaf taalenticha isa harkaa fuudhaatii namicha taalentii kudhan qabuuf kennaa. [29]Nama waa qabuu kamiifiyyuu ni ida'ama; Akka malee baayyees ni qabaata. Nama waa tokkollee hin qamne garuu wonni inni qabuyyuu irraa fudhatama. [30]Garbicha faayidaa hin qamne kana dukkana alaatti, bakka boo'ichii fi ilkaan qaruun jirutti gadi darbadhaa.'

**Murtii Dhumaa**

[31]"Ilmi namaa yommuu ulfinna isaatiin dhufutti, maleekkonni hundinuus yommuu isa wajjiin dhufanitti, inni Teessoo ulfinna isaa irra ni taa'a. [32]Saboonni martinuu fuula isaa duratti walitti qabamu; Innis akkuma tissituuni tokko hoolotaafi[y] re'oota gargari footu sana namoota gargari foo'a; [33]Hoolota karaa mirga isaa, re'oota immoo karaa bitaa isaa ni dhaabachiisa.

[34]"Yommuus mootichi warra karaa mirga isaa jiraniin akkana jedha; ' Isin warri abbaan kiyya eebbise koottaa mootumicha uumama addunyaatii jalqabee isinii qopheeffame sana dhaalaa. [35]Sababiin isaas ani beelofnaan nyaata naa kennitaniirtu; dheebonnaan waan ani dhugu naa kennitaniirtu; Ani nama biyya ormaa ture; isin immoo na simattaniirtu; [36]Ani daarraan daara na baaftaniirtu; dhukkubsannaan[z] na gaafattaniirtu, hidhamnaan dhuftanii na ilaaltaniirtu.'

[37]"Qajeeltonni sunis deebisanii akkana jedhaniin; 'Yaa gooftaa, yoom beeloftee si arginee waan ati nyaattu sii kennine? Yookaan yoom dheebottee si arginee waan ati dhuddu sii kennine? [38]Yoom nama biyya ormaa ta'uu kee

[x]24 ykn *fulaa;* [y]32 ykn *ooliyyee;*
[z]36 ykn *fayyaa dhabnaani*

arginee si simanne? Yookiin yoom daartee si arginee daara si baafnee? [39]Yoom dhukkubsattee yookaan hidhamtee si arginees dhufnee si ilaalle?'

[40]"Mootiin sunis deebisee, 'ani dhuguman isinitti hima; waan Obboleeyyan kiyya warra nama hundumaa gadi ta'an kanneen keessaa isa tokkoof gootan kamiyyuu naa gootan' jedhaan.

[41]"Eegasiis wara karaa bitaa isaa jiraniin akkana jedha; 'Isin abaaramoonana, na duraa badaatii ibidda barabaraa isa daabiloosii fi maleekkota isaatiif qopheeffametti galaa. [42]Sababiin isaa ani beelofnaan isin waan ani nyaadhu naa hin kennine; dheebonnaan waan ani dhugu naa hin kennine; [43]Ani nama biyya ormaa ture; isin na hin simanne; ani daarraan isin daara na hin baafne; dhukkubsannaan yookiin hidhamnaan dhuftanii na hin ilaalle.'

[44]"Isaanis, 'yaa gooftaa, ati yoom beeloftee yookiin dheebottee yookiin nama biyya ormaa taatee yookiin daartee yookiin dhukkubsattee yookiin hidhamtee si arginee si gargaaruu dinne?' jedhanii deebisu.

[45]"Innis deebisee, 'Ani dhuguman isinitti hima; Waan obboleeyyan kiyya warra nama hundumaa gadi ta'an kanneen keessaa isa tokkoofillee hin godhin naafis hin goone' jedha.

[46]"Yommus isaan kunniin adaba barabaraatti, qajeeltonni immoo jireenya barabaraatti galu."

### Marii Yesuusitti Mariyatame

*26:2-5 Kwf ⇒ Mar 14:1,2; luq 22:1,2*

**26** Yesuus ergaa waan kana cufa dubbatee fixee booddee[a] barattoota isaatiin akkana jedhe; [2]"Ayyaanni faasiikaa guyyaa lama booddee akka ta'u isin beettu; Ilmi namaas fannifamuuf dabarfamee ni kennama."

[3]Yommus luboonni hangafoonnii[b] fi maanguddoonni uumataa mana luba olaanaa isa Qayyaaffaa jedhamuutti walitti qabaman. [4]Isaanis haxxummaadhaan[c] Yesuusin qabuu fi ijjeesuuf mariyatan. [5]Garuu, "akka namoota jidduutti gooliin[d] hin uumamneef nu yeroo ayyaanaatti waan kana gochuu hin qamnu" jedhan.

### Yesuus Biitaaniyaatti Urgooftuu Dibamuu isaa

*26:6-13 Kwf ⇒ Mar 14:3-9*
*26:6-13 Wbq ⇒ Luq 7:37,38; Yoh 12:1-8*

[6]OtooYesuus Biitaaniyaa keessa mana Simoon isa lamxaa'aa[e] sanaa jiruu,[7] dubartiin tokko dibata urgaa'aa gatiin isaa akka malee guddaa ta'e bilqaaxxii[f] albaasxiroosiitti qabattee gara isaa dhufte; Akkuma inni maaddiitti

[a]1 ykn *duubatti;* [b]3 ykn *qaallolee gugurdoo;* [c]4 ykn *malteen;* [d]5 ykn *lolli;* [e]6 ykn *hiikaani tokko tokko qomaaxaa jedha;* [f]7 ykn *killa /buudaa dhadhaa*

dhiyaateenis dibata sana mataa isaatti gadi naxxe.

[8]Barattoonnis yommuu waan kana arganitti aaranii, akkana jedhan; "kana hunda balleessuun maaliifi? [9]Dibanni kun gatii gud-daatti gurguramee horii isaa hiy-yeeyyiif kennuun ni danda'ama tureetii."

[10]Yesuusis kana hubatee ak-kana isaaniin jedhe; "Dubartii[g] tana maaliif rakkiftu? Ishiin waan gaarii naa gooteertii. [11]Hiyyeey-yiin yeroo mara isin waliin jiraatu; ani garuu yeroo mara isin waliin hin jiraadhu. [12]Isiin yom-muu dibata kana nafa koo irrati gadi naxxetti awwaalaaf na qo-pheessuudhaaf waan kana goote. [13]Ani dhuguma isinitti hima; Addunyaa cufa irratti, bakka[h] wangeelli kun itti lallabamu cu-fatti wonni ishiin goote yaadan-noo[i] ishiitiif ni dubbatama."

### Yihuudaan Yesuusin Dabarsee Kennuuf Murteessuu Isaa

*26:14-16 Kwf ⇒ Mar 14:10,11; Luq 22:3-6*

[14]Ergasiis warra kudhanii lamaan keessaa namichi Yihuu-daa Asqorootuu jedhamu tokko gara luboota hangafootaa dhaqee, [15]"Yoo ani isa dabarsee isinitti kenne maal naa kennitu?" jedhee gaafate. Isaanis beesee[j] meetii soddomaa kennaniif. [16]Yihuudaanis yeroo sanaa jalqabee Yesuusin dabarsee kennuuf haala mijaawaa eegachaa ture.

### Irbaata Gooftaa

*26:17-19 Kwf ⇒ Mar 14:12-16; Luq 22:7-13*
*26:20-24 Kwf ⇒ Mar 14:17-21*
*26:26-29 Kwf ⇒ Mar 14:22-25; Luq 22:17-20; 1Qor 11:23-25*

[17]Guyyaa jalqaba Ayyaana qixxaatti[k] barattoonni gara Ye-suusi dhufanii, "akka ati faasikaa nyaattuuf akka eessatti sii qopheessinu barbaadda?" jedhanii gaafatan.

[18]Innis deebisee, akkana jedhe; "magaalaa[l] seenaatii nama woy-iitiin, 'barsiisaan,"yeroon kiyya ga'eera; Ani barattoota kiyya wajjiin ayyaana faasikaa mana keetti nan kabaja[m]" siin jedha' jedhaani." [19]Barattoonnis akkuma Yesuus isaan ajaje sana godhan; Ayyaana faasikaas ni qopheessan.

[20]Yesuusis yommuu lafti gal-galaa'etti barattoota kudhanii-lamaan waliin maaddiitti[n] dhiyaate. [21]Innis otoo nyaachaa jiranuu, "ani dhuguma isinitti nan hima; Isin keessaa namni tokko dabarsee na kenna" jedhe.

[22]Isaanis akka malee gaddanii[o] tokko tokkoon, "yaa gooftaa, ana ta'innaa laata?" jedhanii gaafachuu jalqaban.

[23]Yesuusis deebisee akkana jedhe; "namichi na waliin gabatee[p] keessa

[g]10 ykn *niitii;* [h]13 ykn *fulaa;* [i]13 ykn *qaabachaa;* [j]15 ykn *saantima;* [k]17 ykn *maxinoo/qixxaa bukoo hinqamne;* [l]18 ykn *dira;* [m]18 ykn *in ayyaaneffadha;* [n]20 ykn *gololatti;* [o]22 ykn *laaleffatanii,* [p]22 ykn *qorii*

harka kaa'ee cuuphate dabarsee na kenna. **24**Ilmi namaalleen akkuma waayeen isaa barreeffame sanatti du'uu dhaqa; Garuu namicha dabarsee ilma namaa kennu sanaa wayyoo! Namni sun otoo dhalachuu baatee isaa wayya ture."

**25**Yihuudaan inni dabarsee isa kennuuf jiru sunis, "yaa barsiisaa, ana ta'innaa laata?" jedhe.

Yesuusis "atiyyuu jette ka!" jedhee deebise.

**26**Otoo nyaachuuti jiranuus Yesuus buddeena fuudhee eebbise; cabsees, "fudhadhaatii nyaadhaa; kun foon kooti" jedhee barattoota isaatiif kenne.

**27**Xuwwaas[q] fuudhee eegii galata galchee booddee isaaniif kenne; Akkanas jedhe; " Hundi keessan kana irraa dhugaa; **28**Kun dhiiga kiyya, dhiiga kakuu haarayaa; kan dhiifama cubbuu namoota baayyeetiif dhangalaafamuudha.**29**Ani isinitti nan hima; Ani hanga guyyaa isin waliin Mootummaa Abbaa kiyyaa keessatti bifa haarayaan isa dhugutti ammaa jalqabee firii[r] wayinii kana irraa deebi'ee hin dhugu."

**30**Isaanis erga faarfannaa faarfatanii booddee gaara ejersaatti ol-ba'an.

### Yesuus Akka Pheexiroos Isa Ganu Duraan Dursee Dubbachuu Isaa

*26:31-35 Kwf ⇒ Mar 14:27-31; Luq 22:31-34*

**31**Yommus Yesuus akkana isaaniin jedhe; "cufti keessan edana sababii kiyyaaf ni gufattu; Akkana jedhamee barreeffameeraatii:

" ' Ani tissituu nan rukuta[s];
hoolonni[t] karra sanaas ni bittinneeffamu;'

**32**Garuu ani erga kaafamee booddee isin dura Galiilaa nan dhaqa."

**33**Pheexroos immoo deebisee, "yoo hundi isaanii sababii keetiif gufatanillee ani matumaa[u] hin gufadhu" jedheen.

**34**Yesuus ammoo deebisee, "ani dhuguma sitti nan hima; Ati edana otoo kormii lukkuu[v] hin iyyin yeroo sadii na ganta[w]" jedheen.

**35**Pheexiroos garuu, "yoo si waliin du'ellee ani matumaa si hin ganu" jedheen. Barattoonni martinuus akkasuma jedhan.

### Yesuus Geetesemaaniitti Kadhachuu Isaa

*26 : 36-46 Kwf ⇒ Mar 14 : 32 - 42; Luq 22 : 40 - 46*

**36**Ergasiis Yesuus barattoota isaa waliin bakka Geetesemaanii jedhamu tokko dhaqe; Innis, "hanga ani bakka sana dhaqee Waaqa kadhadhutti isin asi taa'aa"

[q]27 ykn *buduunuu/waaccaa;* [r]29 ykn *midhaani mukaa;* [s]31 ykn *indha'a;* [t]31 ykn *ooliyyeeni;* [u]33 ykn *akkanallee jedhee;* [v]34 *hiikaan tokko tokko indaanqoo jedha;* [w]34 ykn *na mormatta*

jedheen. [37]Pheexroosii fi ilmaan Zabdeewoosi lamaanis of-faana fudhatee deeme; gadduu fi yaadda'uus jalqabe.[38] Innis, "lubbuun kiyya akka malee gadditee du'uu geetteerti; Isin asuma turaa; na wajjiinis dammaqaa" jedheen.

[39]Innis xiqqoo achi hiiqee adda isaatiin gombifamee, "yaa Abbaa koo, yoo danda'ame xuwwaan kun narraa haa dabruu; Garuu akka fedhii keetii malee akka fedhii kootii hin ta'in" jedhee kadhate.

[40]Innis gara barattoota isaatti deebi'ee Otoo rafanuu isaan arge; Pheexiroosiinis akkana jedhe,"jarana, isin sa'aatii tokkittiillee dammaxxanii na waliin turuu hin dandeenyee? [41]Akka qoramatti hin galleef dammaqaa Waaqa kadhadhaa; hafuurri fedhii qaba; Foon garuu dadhabaa dha."

[42]Yesuusis yeroo lammaffaa achi hiiqee, "yaa Abbaa kiyya, xuwwaani kun yoo otoo ani isa hin dhugin narraa dabruu hin dandeenne akkuma fedhii keetii haa ta'uu" jedhee kadhate.

[43]Yommuu deebi'ee dhufetti ammas otoo rafanuu isaan arge; Mugaatiin[y] isaan qabee tureetii. [44]Ammas isaan dhiisee achi hiiqee wanuma kanaan dura kadhate sana irra deebi'ee yeroo sadaffaa kadhate.

[45]Innis gara barattootaatti deebi'ee akkana jedheen; "Isin Ammayyuu raftanii boqochaa jirtuu? Kunoo sa'aatiin sun dhiyaateera; Ilmi namaas dabarfamee harka cubbamtootaatti ni kennama. [46]Ka'aa ni deemnaa! ilaa, namichi dabarsee na kennu sun dhufeera."

**Yesuus Qabamuu Isaa**

*26:47-56 Kwf ⇒ Mar 14:43-50; Luq 22: 47-53*

[47]Otoo Yesuus ittuma fufee dubbachaa jiruus Yihuudaan inni worra kudhanii lamaani keessaa tokko ture sun dhufe. Namoonni luboota hangafootaa fi maangud-doota uumataa biraa ergaman hedduunis goraadee fi bokkuu qabatanii isa wajjiin dhufan. [48]Inni dabarsee Yesuusin kennu sunis, "namichi ani dhuungadhu isa; Isinis isa qabaa" jedhee milikkita kenneefii ture. [49]Innis yeruma sana Yesuusitti dhiyaate, "nagumaa yaa barsiisaa!" jedhee isa dhuungate.

[50]Yesuusis deebisee, "yaa michuu kiyya, waan dhufteef sana fixadhuu ka!" jedheen.

Isaanis Yesuusitti dhiyaatanii harka isa irra kaa'anii isa qaban. [51]Warra Yesuus waliin turan keessaas inni tokko goraadee isaa luqqifatee garbicha luba olaanaa rukkute[z]**;** Gurra isaas irraa kute.

[x]41 ykn *ilaallachaa;* [y]*43 hiikkaan durii tokko tokko iji isaanii itti ulfaatee ture jedha;* [z]51 ykn *foce*

[52]Yesuusis akkana jedheen; "Goraadee kee bakka isaatti deebisi; Warri goraadee luqqifatan hundinuu goraadeedhaan balleeffamuutii. [53]Ati waan ani Abbaa kootti iyyachuu hin dandeenne, waan innis yeruma sana maleekkota Leegiyoonii[a] kudhanii lamaa olii naa hin ergine seetaa? [54]Otoo akkas ta'ee immoo wonni kitaabonni qulqulluun, 'Karaa kanaan ta'uu qaba' jedhan sun akkamitti raawwatama[b] ree?"

[55]Yommus Yesuus tuuta sanaan akkana jedhe; "Isin goraadee fi bokkuu qabattanii akka nama hattuu qabuutti na qabuu dhuftanii? Ani guyyuma guyyaan mana qulqullummaa keessa taa'ee barsiisaa ture; Isinis na hin qabne. [56]Kuni martinuu garuu akka katabbiiwwan raagotaa[c] fiixa ba'aniif ta'e." Barattoonni martinuu yommusuma isa dhiisanii baqatan.

**Yesuus Yaa'ii Yihuudootaa Duratti Dhiheeffamuu isaa**

*26:57-68 Kwf ⇒ Mar 14:53-65;Yoh 18:12,13, 19 -24*

[57]Warri Yesuusin qaban sunis gara mana luba ol aanaa isa Qayyaaffaa jedhamuu bakka barsiistota seeraatii fi maanguddoonni itti walitti qabamaniitti isa geessan. [58]Pheexiroos garuu hanga keellaa[d] mana lubicha ol aanaatti fagootti Yesuus hordofe. Innis waan ta'uuf jiru arguuf jedhee ollixee waardiyoota[e] waliin taa'e.

[59]Luboonni hangafoonni, yaa'iin Yihuudotaa cuftinuus Yesuusin ijjeesuuf jedhanii ragaa dharaa isa irratti barbaadaa turan. [60]Isaan yoo dhugaa-baatonni[f] dharaa hedduun dhiyaatanillee waan tokkollee hin arganne.

Dhuma irratti garuu dhugaabaatonni lama dhufanii, [61]"Namichi kun,' ani mana qulqullummaa Waaqayyoo diiguu, guyyaa sadiittis deebisee ijaaruu nan danda'a' jedheera" jedhan.

[62]Lubni ol aanaanis ka'ee dhaabatee," Ati deebii tokkollee hin qabduu? Wonni jarri kunneen dhugaa sitti ba'an kun maali?" jedhee Yesuusin gaafate. [63]Yesuus garuu calluma jedhe.

Lubni ol aanaan, "ani Waaqa jiraataadhaan sin kakachiisa; Ati yoo Kiristoos Ilma Waaqaa taate nutti himi" jedheen.

[64]Yesuusis deebisee, "Atuu jetteerta. Ani garuu isinitti nan hima; Kana booddee ilma namaa isa karaa harka mirga isa humna qabeessa sanaa taa'u, duumessa samiitiinis isaa dhufu ni agartu" jedhe.

[65]Kana irratti lubni ol aanaan sun uffata ufii isaa tarsaasee akkana jedhe; "Ilaa inni Waaqa

[a]53 ykn *leegiyooniini Roomaa tokkichii loltoota kuma ja'aa qabata;* [b]54 ykn *guutama;* [c]56 ykn *raajotaa;* [d]58 ykn *cichaa;* [e]58 ykn *eedduwwan;* [f]60 ykn *dhugeessitoonni /rageessitoonni*

arrabsaa! Maaliif dhugeessitoota
biraa[g] nu barbaachisa? Waaqa
arrabsuu isaa isiniyyuu amma
dhageessaniirtu. 66Yoos maal jettu
ree?"

Isaanis, "du'uuttu isaaf mala"
jedhanii deebisan."

67Isaan fuula isaatti tufan; Isa
abootanis[h]. Warri kaan immoo
isa kabalanii[i], 68"Yaa Kiristoos!
Eenyuttu si dhahe? mee raajii[j]
nutti himi" jedhaniin.

### Pheexiroos Yesuusin Ganuu Isaa

*26:69-75 Kwf ⇒ Mar 14:66-72; Luq 22:55-62 ;Yoh 18:16-18,25-27*

69Pheexiroosis keellaa keessa
ala taa'aa ture; dubri garbittiin
tokko isatti dhiyaattee,"atis Ye-
suus namicha Galiilaa sana waliin
turte!" jetteen.

70Inni garuu, "ani waan ati
dubbachuutti jirtu hin beeku"
jedhee hunduma isaanii duratti
gane[k].

71Otoo inni gara karra keel-
lichaatti deemaa jiruus dubri
garbittiin dhibiin tokko isa ar-
gite, "namichi kun Yesuus
namicha Naazireetii waliin ture"
jettee worra achi turanitti himte.

72Innis kakatee, "ani namicha
hin beeku" jedhee ammas gane.

73Yeroo diqqoo booddee
namoonni achi dhadhaabachaa
turan Pheexiroositti dhiyaatanii,
"atis dhugumaan isaan keessaa
tokko; haalli haasaa keetii si mulli-
saatii" jedhaniin.

74Pheexiroosis, "ani namicha
hin beeku" jedhee of abaaruu fi
kakachuu jalqabe.

Yommusumas kormi lukkuu
iyye. 75Pheexiroosis dubbii Ye-
suus, "ati otoo kormii lukkuu hin
iyyin yeroo sadii na ganta" jed-
hee ture sana qaabate. Gadi
ba'ees hiqqifatee boo'e.

### Yihuudaan Of Fannisuu Isaa

**27** Yommuu lafti bari'etti
luboonni hangafoonnii[l] fi
maanguddoonni sabaa hundinuu
Yesuusin ijjeesuu murteessan.
2Isaanis isa hidhanii geessaanii
Philaaxoos bulchaa biyyaatti
dabarsanii isa kennan.

3Yihuudaani inni dabarsee
Yesuusin kenne sun yommuu
akka Yesuusitti murame argetti
ni gaabbe; Beessee[m] Meetii sod-
domaa sanas luboota hanga-
footattii fi maanguddootatti dee-
bise; 4Innis,"Ani dhiiga yakka
hin qamne dabarsee kennuud-
haan cubbuu hojjadheera"jedhe.

Isaanis deebisanii, "maaltu nu
dhibe ree? sittu itti gaafatama!"
jedhaniin.

5Yihuudaanis maallaqa[n] sana
mana qulqullummaa keessatti ga-
tee gadi ba'e; dhaqees uf-fannise.

[g]65 ykn *dhibii;* [h]67 ykn *tontooman*; [i]67 ykn *dhabanaasanii;* [j]68 ykn *faga;* [k]70 ykn *mormate;* [l]1 ykn *qaallolee gugurdoo;* [m]3 ykn *beesaa/saantima;* [n]5 ykn *horii*

6 Luboonni hangafoonnis beessee meetii sana fuudhanii, "beesseeni meetii kun waan gatii dhiigaa ta'eef horii mana qulqullummaatti ida'uuni seeraa mitti" jedhan. 7 Isaanis waliin mariyatanii akka namoota biyya ormaatiif bakka[o] awwaalaa ta'uuf horii sanaan lafa namicha suphee[p] dha'u tokkoo bitan. 8 Kanaaf lafti sun hanga hardhaatti, "lafa dhiigaa" jedhamee waamama. 9 Kanaanis dubbiini Ermiyaas raajichi[q] dubbate sun ni raawwatame[r]; Innis akkana jedha; "Isaanis beessee meetii soddoma, gatii isaa kan ijoolleen Israa'eli isatti shallagan sana fuudhanii, 10 Akkuma gooftaan na ajajetti lafa namicha suphee dha'u sanaa ittiin bitan."

### Yesuus Fuula Philaaxoosi duratti Dhiyeeffamuu Isaa

*27 : 11 - 26 Kwf ⇒ Mar 15 : 2 - 15; Luq 23 : 2 , 3 , 18 - 25; Yoh 18 : 29 - 19 : 16*

11 Yommus Yesuus fuula bulchaa biyyaa dura dhaabate; bulchaani biyyaa sunis,"ati mootii Yihuudotaatii?" jedhee isa gaafate.

Yesuusis deebisee, "atuu jetteerta" jedhe.

12 Inni garuu yeroo luboonni hangafoonnii fi maanguddoonni isa himatanitti deebii tokkollee hin kennine. 13 Philaaxoosis," akka isaan waan meeqaan[t] si himatan ati hin dhageettuu?" jedheen. 14 Yesuus garuu himata tokkofillee deebii hin kennine; Kanaaf bulchaani biyyaa sun akka malee ajaa'ibsiifate[u].

15 Bulchaani biyyaa sun nama hidhame tokko akkuma fedhii sabaatti guyyaa ayyaanaatiin sabichaaf gadi dhiisuu amala godhatee ture. 16 Yeroo sana namichi Barbaan jedhamu kan yakka hojjachuudhaan beekamu tokko mana hidhaa ture. 17 Kanaaf yommuu isaan walitti qabamanitti Philaaxoos, "akka ani isa kam gadi isinii dhiisu barbaaddu? Barbaan moo Yesuus isa Kiristoos jedhamu sana?" jedhee isaan gaafate. 18 Akka isaan hinaaffaadhaan dabarsanii isa kennan ni beeka tureetii.

19 Otoo Philaaxoos barcumaa murtii irra taa'uu niitiini isaa, "namicha qajeelaa sana hin tuqin; Ani eda sababii isaatiif abjuudhaan akka malee dhiphadheeraatii" jettee itti dhaamte.

20 Luboonni hangafoonnii fi maanguddoonni akka Barbaan gadi dhiifamee, Yesuus immoo ijjeefamu akka kadhataniif namoota sossoban.

21 Bulchaani biyyaa sun," isaan lamaani kanneen keessaa akka ani isa kam gadi isinii dhiisu barbaaddu?" jedhee ammas gaafate.

[o]7 ykn *fulaa;* [p]7 ykn *faara;* [q]9 ykn *raagichi;* [r]9 ykn *guutame/fiixa ba'e;* [s]9 ykn *dhundhuman;* [t]13 ykn *hagamiin;* [u]14 ykn *dinqifate /maadeffate*

Isaanis, "Barbaa'in" jedhanii
deebisan.
[22]Philaaxoosis,"Yesuus isa
Kiristoos jedhamu immoo ani
maal godhu ree?" jedhee gaafate;
cufti isaaniis, "isa fannisi!" jedhanii
deebisan.
[23]Philaaxoosis, "maaliif? inni
yakka maalii hojjate?" jedhee
gaafate.
Isaan garuu ittuma caalchisanii
iyyanii, " isa fannisi!" jedhan.
[24]Philaaxoosis yommuu akka
wonni kun goolii[v] kaasuu malee
faayidaa tokkollee hin qabne
argetti, "ani dhiiga nama kanaa
irraa qulqulluu dha; Isinittu itti
gaafatama!" jedhee bisaan fud-
hatee fuula namootaa duratti
harka isaa dhiqate.
[25]Namoonni hundinuus, "dhiigni
isaa nuu fi ijoollee keenya irra
haa ga'uu!" jedhanii deebisan.
[26]Innis Barbaanin gadi isaaniif
dhiise; Yesuusin garuu garafee
akka inni fannifamuuf dabarsee
isa kenne.

### Loltoonni Yesuusitti Qoosuu Isaanii

*27: 27 - 31 Kwf ⇒ Mar 15 : 16 - 20*

[27]Loltoonni bulchaa biyyaas
Yesuusin gara mana bulchaa
biyyaatti geessan; Loltoota maras
naannoo Yesuusiitti walitti qa-
ban. [28] Isaanis uffata isaa irraa
baasanii uffata diimaa akka dhii-
gaa itti uffisan. [29]Gonfoo[w]
qoraattii micciranii dha'anii[x]
mataa isaa irra kaa'an; harka isaa
kan mirgaa keessaa ulee kaa'an;
fuula isaa durattis jilbiinfatanii,
"yaa mootii Yihuudotaa, nagu-
maa!" jedhanii isatti qoosan.
[30]Itti tufan; Ulee sanas fuudhanii
mataa isaa ittiin rurrukutan[y].
[31]Erga itti qoosanii booddees[z]
uffata sana isa irraa baasanii
wayyaa isaa deebisanii isatti
uffisan; Eegasiis fannisuuf
jedhanii isa fuudhanii sokkan.

### Yesuus Fannifamuu Isaa

*27 : 33 - 44 Kwf ⇒ Mar 15 : 22 - 32; Luq 23 : 33 - 43; Yoh 19 : 17 - 24*

[32]Otoo gadi ba'anuus nama
biyya Qareenaa kan simoon
jedhamu tokko arganii akka inni
fannoo sana baatu dirqisiisan[a].
[33]Isaanis bakka Golgootaa
jedhamu ga'an; Golgootaa
jechuun bakka buqqee mataa
jechuu dha. [34]Achittis daadhii
wayinii kan hadhooftuun itti
makame akka inni dhuguuf ken-
naniif; Inni garuu erga dhand-
hamee booddee dhuguu dide.
[35]Isaanis eegii isa fannisanii
booddee hixaa buufatanii uffata
isaa gargari qoodatan. Kunis
akka wonni raagichi, "Isaani
uffata koo gargari qoodatan;
kittaa[b] koottis hixaa buufatan"
jedhe sun raawwatamuuf ta'e.

[v]24 ykn *lola*, [w]29 ykn *surree ruufaa;* [x]29 ykn *haffalleessanii;* [y]30 ykn *dhadha'an;* [z]31 ykn *duubatti;* [a]32 ykn *umnaan tolchan /giddeessan;* [b]35 ykn *ubbaara*

36 Isaanis achi taa'anii isa eegaa turan. 37 Mataa isaa gararraanis[c] katabbii waan inni ittiin himatame beessisu tokko kaa'an; Katabbiini sunis, "YESUUS, MOOTICHI YIHUUDOTAA ISA KANA" jedha. 38 Saamtonni lamas, tokko karaa harka mirga isaatti, kaan immoo karaa harka bitaa isaatti isa waliin fannifaman. 39 Warri achiin dabranis isa arrabsaa turan; Mataa isaaniis raasanii[d], 40 "Ati kan mana qulqullummaa diiddee, guyyaa sadii keessatti deebittee ijaartu, mee uf-oolchi! ati yoo ilma Waaqayyoo taate fannoo irraa gadi-bu'i" jedhan.

41 Akkasumas luboonni hangafoonni, barsiistonni seeraatii fi maanguddoonni isatti qoosan. Akkanas jedhan; 42 "Inni warra kaan oolcheera; ufii isaa garuu oolchuu hin danda'u; Inni yoo mootii Israa'eli ta'e amma fannoo irraa gadi haa bu'uu; Nuus isatti ni amannaa[e]. 43 Inni Waaqa amanata; Waaqayyoo yoo isa jaalate, mee amma isa haa oolchuu; inni, 'ani ilma Waaqayyoo ti' jedheeraatii." 44 Saamtonni isa wajjiin fannifamanis akkasuma jedhanii isa arrabsan.

### Yesuus Du'uu Isaa

*27 : 45 - 56 Kwf ⇒ Mar 15 : 33 - 41 ; Luq 23 : 44 - 49*

45 Sa'aatii ja'affaadhaa jalqabee hanga sa'aatii sagalaffaatti dukkanni lafa hunduma irra bu'e. 46 Gara Sa'aatii sagalaffaatti Yesuus sagalee[f] guddaadhaan, "Eloohee, eloohee, laamaa Sabaaqitaanii?" jedhee iyye; hiikkaani isaas, "yaa Waaqa kiyya, yaa Waaqa kiyya, ati maaliif na dhiifte?" jechuu dha.

47 Namoota achi dhadhaabatan keessaa tokko tokko yommuu waan kana dhaga'anitti, "namichi kun Eliyaasin waama" jedhan.

48 Yommusuma isaani keessaa inni tokko fiigee dhaqee ispoonjii[g] fidee, daadhii wayinii dhangaggaa'aa keessa cuuphee fiixee uleetti kaa'e; Akka inni dhuguufis Yesuusiif kenne. 49 Warri kaan garuu, "dhiisaa mee, akka Eliyaas dhufee isa oolchu arginaatii!" jedhan.

50 Yesuus ammas qoonqa guddaadhaan iyyee lubbuu isaa kenne.

51 Yeruma sana golgaan[h] mana qulqullummaa olii hanga gadiitti bakka lamatti tarsaafame; Lafti ni sochoote; qarsaawwanis ni babbaqaqan. 52 Awwaalonnis banamanii qulqulloonni du'anii turan hedduun du'aa kaafaman. 53 Isaanis du'aa ka'iisa Yesuusi booddee awwaala keessa ba'anii magaalattii[i] qulqulluu seenan. Namoota hedduuttis mullatan.

[c]37 ykn *gararroon;* [d]39 ykn *hargufatanii;* [e]42 ykn *in dhugeeffannaa;* [f]46 ykn *qoonqoo/qoonqa;* [g]48 ykn *cumaa buqqee/bututtuu laaftuu;* [h]51 ykn *gollii;* [i]53 ykn *dira*

54 Ajajaan dhibbaa sunii fi warri isa waliin Yesuusin eegaa turan yommuu sochii lafaatii fi waan achitti ta'e cufa arganitti akka malee sodaatanii, "dhugumaayyuu inni Ilma Waaqayyoo ture!" jedhan.

55 Dubartoonni[j] Yesuusin tajaajiluuf[k] jedhanii Galiilaadhaa isa hordofan baay'eenis fagoo dhaabatanii ilaalaa turan. 56 Maariyaam isiini Magdalaa, Maariyaam haati Yaaqoobiitii fi haati Yooseefi, haati ilmaan Zabdewoosiis dubartoota sana keessa turan.

**Yesuus Awwaalamuu Isaa**

*27 : 57 - 61 Kwf ⇒ Mar 15 : 42 - 47 ; Luq 23 : 50 - 56; Yoh 19 : 38 - 42*

57 Yommuu lafti galgalaa'etti namichi dureessi Yooseef jedhamu tokko Armaatiyaadhaa dhufe; Inni mataan isaas barataa Yesuusi ture. 58 Innis Philaaxoos bira dhaqee reeffa Yesuusi kadhate; Philaaxoosis akka reeffi sun isaa kennamu ajaje. 59 Yooseefis reefficha fudhatee huccuu[l] qulqulluu quncee talbaa irraa hojjatame tokkoon kafane. 60 Innis awwaala haaraya ofii isaa kan garaa qarsaa keessatti muramee qopheeffame tokko keessa kaa'e; dhagaa guddaa tokkos balbala awwaala sanaatti gangalchee biraa deeme. 61 Maariyaam ishiini Magdalaatii fi Maariyaam ishiini taan fuullee[m] awwaala sanaa tataa'aa turan.

**Eedduu awwaalichaa**

62 Guyyaa itti aanutti jechuunis guyyaa qophiitiin booddee luboonni hangafoonniifi fi Fariisonni fuula Philaaxoosi duratti walitti qabaman. 63 Isaanis akkana jedhan; "gooftaa! akka namichi dogongorsaan sun otoo lubbuudhaan jiruu, 'ani guyyaa sadii booddee du'aa nan ka'a' jedhe nu niqaabanna[n]. 64 Kanaafuu akka awwaalli sun hanga guyyaa sadaffaatti eegamu ajaji; Yoo kun ta'uu baate barattoonni isaa dhaqanii reeffa isaa hatanii, 'inni worra du'an keessaa ka'eera' jedhanii namatti odeessu; Gowwoomsaan dhumaa kun immoo isa duraa caalaa ni hammaata."

65 Philaaxoosis deebisee, "waardiyaa[o] fudhadhaa dhaqaatii akkuma beettaniitti awwaalicha eegsifadhaa" jedheen. 66 Kanaaf isaan dhaqanii dhagicha irratti chaappaa godhanii[p], waardiyaas ramadanii[q] akka awwaalli sun eegamu godhan.

**Du'aa Ka'iisa Yesuusi**

*28:1-8 Kwf ⇒ Mar 16:1-8; Luq 24:1-10*

**28** Sanbataan duubatti, guyyaa jalqaba torbaan sanaa Maariyaam ishiini Magdalaatii fi

[j]55 ykn *nadheeni;* [k]55 ykn *jala hojjachuuf;* [l]59 ykn *woyaa /carqii;* [m]61 ykn *fuula deebi'anii;* [n]63 ykn *ni yaadanna;* [o]65 ykn *eedduu;* [p]66 ykn *milikkeeta tolchanii;* [q]66 ykn *eedduu itti tolchanii*

Maariyaam ishiini taan barii
obboroodhaan awwaalicha ilaa-
luu dhaqan.
2 Kunoo, sababii maleekkaan
gooftaa tokko samii irraa gadi
bu'ee dhaqee balbala awwaala
sanaa irraa dhagicha gargalchee
irra taa'eef sochiin lafaa gud-
daani isaa ta'e. 3 Bifti isaa ifaa
akka balaqqee[r],uffanni isaa immoo
adii akka cabbii ture. 4 Waardi-
yoonni[s] sunis sababii isa so-
daataniif hollatanii akkuma nama
du'ee ta'an.
5 Maleekkaan sunis nadheen
sanaan akkana jedhe; "Hin so-
daatinaa! Akka isin Yesuus isa
fannifamee ture sana barbaaddan
anuu beekaa. 6 Inni asi hin jiru;
Akkuma jedhe sana du'aa
ka'eeratii; Koottaatii bakka[t] inni
ciisaa ture ilaalaa. 7 Egaa dafaa
dhaqaatii, 'inni worra du'an kees-
saa ka'eera; Kunoo, inni isin
dura Galiilaa ni dhaqa; Achittis
isa ni argitu' jedhaatii barattoota
isaatti himaa; Kunoo ani isinitti
himeera."
8 Kanaafuu dubartoonni sun
sodaatanii, ta'us gammachuu gud-
daan guutamanii ariitiin awwaalicha
biraa deeman; Barattoota isaatti
himuufis fiigan. 9 Yeruma sana
Yesuus isaanitti dhufee, nagaya
isaan gaafate[u]. Isaanis Isatti dhi-
yaatanii miila isaatti marmanii[v]
sagadaniif. 10 Yesuusis, "hin so-
daatinaa! dhaqaatii akka isaan
gara Galiilaa deemaniif obbo-
leeyyan kiyyatti himaa; Isaanis
achitti na argu" jedheen.

**Gabaasa Waardiyootaa**

11 Otoo dubartoonni sun karaa
jiranuu waardiyoota sana keessaa
tokko tokko magaalaa[w] seenanii
waan ta'e mara luboota hanga-
footatti[x] himan. 12 Luboonni han-
gafoonnis eega maanguddoota
wajjiin walitti qabamanii mari-
yatanii booddee[y] loltootaaf maal-
laqa[z] hedduu kennan. 13 Akkanas
jedhaniin; " 'Otoo nu rafnuu
barattoonni isaa halkaniin dhu-
fanii isa hatan' jedhaatii namootatti
himaa. 14 Wonni kun yoo gurra
bulchaa biyyaa seene nu isa
amansiimnee rakkinna jalaa isin
baafnaa." 15 Loltoonnis maallaqa
sana fudhatanii akkuma ajaja-
man godhan; Oduun kunis hanga
hardhaattillee Yihuudota biratti
odeeffamaa jira.

**Ergama Guddaa**

16 Barattoonni kudhanii-tokkoon
sun gara tulluu biyya Galiilaa
keessatti argamuu, bakka Yesuus
dhaqaa isaaniin jedhee ture sanaa
dhaqan. 17 Isaanis yommuu isa
arganitti ni sagadaniif; Isaan
keessaa tokko tokko garuu ni

[r]3 ykn *angaasuu;* [s]4 ykn *eedduwwan;* [t]6 ykn *fulaa;* [u]9 ykn *fuudhe;* [v]9 ykn *mammaratanii;* [w]11 ykn *dira;* [x]11 ykn *qaallolee gugurdootti;* [y]12 ykn *duubatti;* [z]12 ykn *horii*

maman. [18]Yesuusis isaanitti dhiyaatee akkana jedheen; "Aangoon[a] cuftinuu samii irrattis, lafa irrattis naa kennameera. [19]Kanaaf dhaqaatii saba hundumaa maqaa Abbaatiin, maqaa Ilmaatiin, maqaa Hafuura Qulqulluutiinis cuuphaatii barattoota godhaa; [20]Akka waan ani isin ajaje mara eeganiifis isaan barsiisaa. Kunoo, ani hanga dhuma[b] addunyaatti guyyaa cufa isin waliin jira."

[a]18 ykn *guddinni;* [b]20 ykn *muummee*